

KITAABA KANAAF KUNUUNSA TAASIFAMUU QABU

Kitaabni barattootaa kun qabeenya mana barumsaa keetiiti. Qabeenyi mana barumsaa kee immoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru

1. Kitaabicha waraqaa, laastikaafi wkf uwwisi.
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka qooraa fi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'ee keessa kitaabichaatti hinbarreessiin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. . Fuula kitaabichaa tarsiisuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsiisuun yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baafu, akka hintarsiisuun of eeggadhu.
9. Yeroo barattoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qabatan akeekkachiisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irratti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami.
11. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

Barnoota Afaan Oromoo
Kitaaba Barataa
Kutaa 7^{ffaa}

Qopheessitoonni :

Asteer Ammanuu Afawarqi (BA)

Darajjee Xaafaa Badhaanee (MA)

Taaddalaa Asaffaa Tulluu(MA)

Gulaaltonnii

Tamasgeen Tuulii Alabee(MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolasaa(MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaa:

Roobii Waamii

Giraafiksii: Kolleejjii Pooliteeknikaa Inxooxoo

BIIROO BARNOOTAA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE

2014/2022

Maxxansa Jalqabaa 2014/2021

Mirgi abbeentaa gama suuraawwanii, fakkiiwwanii, dookimentiiwwaniifi meeshaalee kanneen biroo akkasumas, odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin kan dhiyaate yoo ta’u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Eeyyama barreeffamaan abbaa mirgaa irraa kennamuun ala, kitaaba kana irraa hir’isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta’ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, eeyyamni seeraan osoo hinkennamiin gochawwan kanarratti bobba’uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lakk.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbeentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lakk. 55, Finfinnee, Adoolessa 12, 1996 (July 19,2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda’ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti bahamanii eeruu yaallee jirra. Kanneen akka tasaa bira darbamaaniif immoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiyyuu keessatti galateeffachuuf qophaa’oodha.

Galata

Qophii Kitaaba Barnoota kana jalqaba irra kaasee bifa adda ta'een fi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoo fi gahumsaa geggesummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnoota barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuu fi naamusa gaariidhan hogganamee akka xummuraaf gahu kan taasisan Hogganaa Biiroo Barnootaa Bulchiisa Magaalaa Finfinnee *Dr. Zalaalam Mulaatuu* galata guddatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeeroo hundumaa hoggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuu fi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu I/G/Waajjira Biiroo Obbo Sisaay Indaalee*, Goristuu waliigalaa Hogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaash* fi Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dasitaa Marishaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeefanno hojichaaf kennanii nu bira dhabbachuun nu jajjabeessa fi rakkoof furmaataa kenna waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataa fi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisuu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agramme kan tumsan *Hooggantoota mana barumsaa* galata qabdu.

Qopheessitoota Kitaabaa

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

BOQONNAA TOKKO: UUMAMA DINQISIIFACHUU.....	1
BOQONNAA LAMA: KAROORA MAATHI.....	15
BOQONNAA SADII: TOLA OOLTUMMAA.....	32
BOQONNAA AFUR: SEENAA NAMOOTAA BEEKAMOO.....	46
BOQONNAA SHAN: BISHAANIIFI FAAYIDAA ISAA.....	62
BOQONNAA JA'A: DADDABARSA DHALA NAMAA.....	76
BOQONNAA TORBA: HARIIROO HAWAASAA.....	92
BOQONNAA SADDEET: ARAADA.....	106
BOQONNAA SAGAL: JAALALA BIYYAA.....	121
BOQONNAA KUDHAN: WALALOO.....	136

Seensa

Afaan meeshaa wal-qunnantiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiisa, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa. Galma gahinsa kanaaf ammoo qophiin kitaabaa gahee guddaa qaba.

Kitaabni kun ammoo, amma danda'ametti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattootaa giddu-galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha. Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barattoota waan ta'eef, atis haala qabatamaa naannoo keetiitiin waliin qabsiisuun ga'ee sirraa eegamu taphachuun mirgaafi dirqama keeti.

BOQONNAA TOKKO

UUMAMA DINQISIIFACHUU

Kaayyoo : Xumura boqonnaa kanaatti :

- Yaada namoota biroo dhaggeeffatta.
- Hiika uumamaa ibsita/mari'atta.
- Afee/dubbisa dheeraa dubbistu.
- Haala uumama uumaa garaa garaa dinqisiifatta.
- Keeyyata barreessita.
- Hiika jechoota dubbisa keessaa bahanii nihimta
- Seerota bu'uura afaan dhaloota kee adda baasta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa .

A. Dubbisa dhiyaate osoo hin dhaggeeffatiin gaaffiilee armaan gadii gareen irratti mari'adhaa!

1. Jireenya kee keessatti maal fa'a ajaa'ibsiifatta?
2. Laggeen naannoo keetti argaman maqaa isaanii himi.
3. Faayidaan lagni Abbaayyaa kennu maal fa'a?

B. Jechoota gaditti kennamaniif hiika isaanii tilmaami!

- a. dinqisiifatamuu
- b. tajaajila
- c. kunuunsuu

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa himoota armaan gadiif bakka duwwaa kenname guuti!

1. Faayidaan lagni Abbayyaa kennu _____, _____ fi _____ dha.
2. Itoophiyaan bishaan laga Abbayyaatti fayyadamuuf mirga _____ qabdi.
3. Lagni Abbayyaa _____ isaatiin kan baay'ee nama hawwatu.
4. Qabeenyi uumamaa naannoo laga Abbayyaatti argaman _____ fi _____ dha.
5. Itoophiyaan laggeen hedduu qabdu keessaa lagni _____ isa tokko.

Gilgaala 3. Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kee afaaniin deebisi!

1. Yaanni ijoo mata duree siif dubbifamee maali?
2. Uumama kunuunsuun bu'aa akkamii kenna?
3. Laga Abbayyaa laggeen biroo irraa maaltu adda isa taasisa?
4. Laggeen Abbayyaatti makaman eenyu fa'i?
5. Tajaajilli lagni Abbayyaa kennaa jiru maal fa'i?



Gilgaala 4 : Shaakala dubbisaan duraa**A. Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun afaaniin gabaasaa!**

1. Lagni tajaajila akkamii kenna?
2. Wantoota misooma biyya tokkootiif bu'uura ta'an tarreessaa.
3. Fakkii kennamerraa maal hubattan?

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami!

- a. Moggaasuu
- b. Qaxxaamuruu
- C. Garaagaraa

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!**

1. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
2. Keeyyanni waa'ee dheerina laga Abbayyaa ibsu kami?
3. Laggeen laga Abbayyaatti makaman eenyu fa'i?

Laga Abbayyaa

Uumama keessatti waan dinqisiifataman hedduutu jiru. Uumamni guddatus, xiqqaatus waan nama dinqisiisu qaba. Uumama jiran keessaa ammoo laggeen isaan tokkodha. Itoophiyaan laggeen hedduu qabdu keessaa lagni Abbayyaa isa tokko. Lagni Abbayyaa laggeen addunyaa irratti argaman keessaa dheerinaan sadarkaa jalqabaa qabatee jira. Lagni kun uumamaan qunnamtii biyya keessaafi biyyoota alaa waliin waan daangessuuf qabeenya uumamaa dinqisiifatamu ta'uu biyyoonni addunyaa hedduun nimirkanessu. Laggeen gurguddoon yaa'anii walitti makamuun Abbayyaa jedhamanii waamaman kanneen akka laga Daabbus, Dhidheessaa, Fincaa'aa, Gudar, Mogor, Jamaafi Bashinoo fa'a.

Ka'umsi laggeen kanaas Godina Shawaa Lixaa, Kibba Lixa Walloo, Kaaba Wallaggaa, Iluu Abbaaboor keessaa kanneen maddan irraati. Lagni Abbayyaa Itoophiyaa keessaa gara Sudaan yoo seenu maqaa moggaasa addunyaaleessaa 'Abbayyaa Gurraacha' jedhamu argatee jira. Laggeen gurguddoon biyya keenyaa kanneen akka Baaroofi Takazee daangaa Sudaan erga seenanii booda laga Abbayyaatti makamuudhaan gara Kaartumitti yaa'uun laggeen Abbayyaa adiifi Abbayyaa gurraachi walitti dabalamuun moggaasa maqaa" Naayil" jedhamuun waamama.

Lagni Abbayyaa qabeenya uumamaa Itoophiyaan qabdu yoo ta'u, biyyi tokko ammoo qabeenya uumamaa kanneen akka: biyyee, bishaaniifi albuudota garaagaraa qabdutti fayyadamuudhaan jireenya uummata ishee fooyyessuuf mirga addunyaaleessummaa tumame argachuun mirga qabiyyee biyya tokkooti. Kanaafuu, uumama dinqisiisaa Itoophiyaan qabdu kun tajaajila muraasa kennaa yoo ture iyyuu, fuulduratti qabeenya uumamaan jiru kana misoomaaf itti fayyadamaa kunuunsa gochuun dirqama ta'a.

B. Dubbisa dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii barreeffaman deebisi!

1. Ergaa ijoo keeyyata sadaffaa dubbisichaa maali?
2. Jechi 'kun' jedhu keeyyata shanaffaa keessatti maal bakka bu'a?
3. Ergaan waliigalaa dubbisa kanaa maali?

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisa irraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi!

1. Faayidaalee lagni Abbayyaa kennu keessaa sadii barreessi.
2. Hariiroon guddaan biyyi keenya laga Abbayyaa waliin qabdu ibsi.
3. Laga naannoo kee jiru kunuunsuu keessatti gahee akkamii qabda?

B. Uumama cimdii cimdiin armaan gaditti kenaman keessaa cimdii tokko filachuun wantoota isaan wal fayyadan irratti gareedhaan mari'achuun booda, yaada keessan afaaniin dareef ibsaa!


1. Namaafi bosona

2. Namaafi Arba

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala keeyyata barreessuu

Fakkii Arbaa asiin gaditti kenname ilaaluun keeyyata barreessuuf deemtuuf of qopheessi.



1. Gochaan:

1.1. Akka namaatti waliif booha

1.2. _____

1.3. _____

1.4. _____

2. Haala jireenyaa:

2.1. Gurmuun jiraata

2.2. _____

2.3. _____

2.4. _____

Mata-duree armaan gadiitti dhiyaate keessaa tokko filachuun

keeyyata qindaa'aa ta'e tokko barreessi!

A. Jireenya Arbaa

B. Moggaasa maqaa Finfinnee

Yaadannoo

Keeyyata Barreessuu

Keeyyata jechuun gurmoo himootaa irraa kan qindaa'u, qaama barreeffamaa isa xiqqaa yaada tokko qofa dabarsuudha. Keeyyanni tokko hima ijoo, himoota callaa/gargaartuufi hima goolabaa of keessaa qaba. Keeyyanni adeemsa hordofamee barraahu qaba. Kunis, mata-duree irratti barreeffamu, hima ijoo murtaawaa ta'e tokko qabaachuufi dabalataanis, qabxiiwwan hima ijoo deeggaran kaawwachuun murteessoodha. Dhuma irratti yaadolee hima ijoo deeggaraniifi yaada goolabaa tartiibaan kaa'uudhaan barreessuudha.

Fakkeenya:

Uumamni waan nama malaalchiifachiisu hedduu qaba. Fakkeenyaaf yoo arba fudhanne, akkuma dhala namaatti walitti maramuun nagaa walgaafatu. Yoo lama ta'anii walitti dhufan kumbii isaanii walitti maranii walsimatu ;yoo du'anis akkuma namaa waliif boohu; walis awwaalu. Akkuma namni bishaan waraabbatu, isaanis kumbii isaaniitti bishaan waraabu. Walumaa galatti, uumamni arbaa akkuma uumama dhala namaatiin walfakkaatu.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa Gilgaala 8:

A. Jechoota roga ‘A’ jalatti eeraman hiika isaanii kan roga ‘B’
jalatti kennamaniin walitti firoomsi!

<u>A</u>	<u>B</u>
1. Hedduu	A. Saba
2. Moggaasu	B. Dabalamuu
3. Daangaa	C. Lixuun
4. Tajaajila	D. Faayidaa
5. Walitti dhufeenyi	E. Qarqara waan tokkoo
6. Dinqisiifachuu	F. Maqaa baasu
7. Tumame	G. Baay’ee
8. Makamuu	H. Hariiroo
9. Uummata	I. Malaalchiifachuu
10. Seenuun	J. Seerri baafame
	K. Bicuu yookiin xiqqoo
	L. Dhahame

Gilgaala 9:

**A. Jechoota gilgaala 8 Keessatti roga ‘A’ jalatti kennaman keessaa
filachuudhaan akkaataa galumsa isaaniitiin bakka duwwaa**

kenname irratti guuti!

1. Namoonni gaafa daa’ima godhatan akka aadaa Oromootti sirna
ammachiisaatiin maqaa _____.
2. Barattoonni ganama ganama daree _____ barnoota jalqabu.
3. Namoonni _____ walii kabajanii jaalalaan waliin jiraachuun
hariiroo isaanii cimsa.
4. Mootummaan uummataaf _____ adda addaa kennuu qaba.
5. Namoonni _____ n, waa’ee dhibee korona hubannoo gahaa ta’e

6. Hidhaan laga Abbayyaa hirmaannaa _____ biyya keenyaatiin ijaarame.
7. Nama waan addaa hojjete tokko _____ n waan hinoolledha.
8. Guddina biyya tokkootiif _____ uummataa barbaachisaadha.
9. Albuudonni adda addaa walitti _____ n faayidaa guddaa kennu.
10. Seerri bulmaataa Sirna Gadaa Abbootii Gadaatiin _____ kabajamuu qaba.

Gilgaala 10:

A. Dubbisa armaan oliirratti hundaa'uudhaan gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!

1. Lagni Abbayyaa dheerinaan sadarkaa jalqabaa irra jira. Hiikni jecha jala muramee

A. dursa	C. giddu-galeessa
B. gadaanaa	D. xiqqaa
2. Laggeen gurguddoon biyya keenyaa daangaa Sudaan erga seenanii booda laga Abbayyaatti makaman kam fa'i?

A. Naayiliifi Gannaalee	C. Hawaas
B. Baaroori Takazee	D. Gudar
3. Qabeenya uumamaa qabanitti fayyadamuun jireenya uummataa _____ nidanda'ama.

A. qisaassessuun	B. fooyyessuun	C. madaaluun
------------------	----------------	--------------
4. Lagni gara Abbayyaatti yaa'uun gabbisu kami?

A. Laga Danbal	B. Laga Abjaataa
C. Laga Gudar	D. Laga Laangaanoo
5. Lagni Abbayyaa laga uumamaan baay'ee dinqisiifatamudha. Hiikni jecha jala muramee _____ ta'a.

A. maalalchiifatamu	B. ajaa'ibsiifatamu
C. raajeffatamu	D. hunda

Gilgaala 11:

**A. Jechoota asii gaditti dhiyaataniif akkaataa waliin
deemaniinbarreessi!**

Fkn. Hirriiba rafuu

1. Nyaata _____
2. Maqaa _____
3. Uffata _____
4. Buna _____
5. Kitaaba _____
6. Rifeensa _____
7. Kophee _____
8. Bishaan _____
9. Mana _____
10. Buddeena _____

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 12:

A. Sagalee jabaa armaan gadiitiin jecha lama lama ijaari!

Fkn: -mm- damma, amma

1. -dd- _____ , _____
2. -ss- _____ , _____
3. -qq- _____ , _____
4. -rr- _____ , _____
5. -tt- _____ , _____
6. -bb- _____ , _____
7. -ff- _____ , _____
8. -nn- _____ , _____
9. -yy- _____ , _____
10. -gg- _____ , _____

B. Sagalee irra butaa armaan gadiitiin jecha lama lama ijaari!

Fkn. –rm- rirma, jirma

1. –mn- _____,
2. –lm- _____,
3. –lb- _____,
4. –ms- _____,
5. –lch- _____,
6. –rg- _____,
7. –bd- _____,
8. –rb- _____,
9. –bs- _____,
10. –rq- _____,

C. Akkaataa fakkeenya siif kenname irratti hundaa’uun jechoota kudhan kudhan barreessi!

a. Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban

Fkn. Jecha sagalee gabaabaa

muka, lama

Jecha sagalee dheeraa

Seenaa, Boonaa

b. Jechoota sagalee jabaafi laafaa qaban

Fkn. Jecha sagalee laafaa

hatuu, madaa

Jecha sagalee jabaa

hattuu, madda

c. Jechoota sagalee irra butaa qaban.

Fkn. Marga ,Arba

d. Jechoota sagalee hudhaa qaban

Fkn. Baay’ee, qal’aa

Gilgaala 13:

A. Jechoota armaan gadii keessatti mallattoo hudhaa(?) bakka galuuqabu galchii barreessi!

- | | |
|-----------|-------------|
| a. tae | d. kauu |
| b. bue | e.daaima |
| c. milate | f. balinaan |

B. Jechoota gaditti hammattuu keessatti kennaman keessaa jecha sirrii ta'e filachuun bakka duwwaa irratti guuti!

1. Uummanni Oromoo jaalala looniif qabu irraa kan _____
(kaa'e,ka'ee, ka'e,kaa'ee) daa'imaaf loon kenna.
2. Hattoonni dafqa hiyyeessaa _____ kaleessa qabaman.
(saman,saaman,samman)
3. Daldaltoonni _____ xinnoo hintuffatan.(bu'a,bu'aa,buu'a)
4. Caffeen Araaraa kutaa magaalaa Eekkaa irraa _____ fagaata.
(baaye, baay'ee,baayee)
5. Obbo Tolaan gamoo jala _____ suura ka'e.(ta'e,taa'ee,ta'ee)
6. Barattoonni mana barumsaa keenyaa yeroo boqonnaa gaaddisa mukaa jala _____ (ta'u, ta'uu ,taa'u).
7. Dhukkubni koronaa uummata addunyaa hedduu _____.
(fixee,fixxee,fixe,fixee)
8. Jabaatanii yoo hojjetan dafanii rakkoo keessaa _____.
(ba'uu,ba'u,baa'aa,ba'a)
9. Jarri sobanii afaaniin wal faarsu malee jaalalli isaanii _____ miti.
(bada,badda,baddaa,badaa)
10. Dubbii tokko _____ isaa osoo hinbeekiin odeessuun gaarii miti. (madaa,madda,maddaa)
11. _____ deegaa jiruu seetaa,raafuu fixee rafuu dide.
(Jiruu,Jirruu, Jiiruu)

12. Rakkadheen _____ uffadha jedhee, kijibee bu'aa argachuu
hinfedhu (darsaa, darsa, daarsaa)
13. Yeroo mara wal _____ haasa'u; walmorkuu hindadhabani.
(fala, faallaa, faala)
14. Sirna dimookiraatawaa _____ n ittiin bulu Gadaa jedhama.
(Oromoo, oromo, Orma)
15. Jireenya namaatiif _____ barbaachisaadha.
(nyaata, nyaataa, nyaanni)

C. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala muramaniif hiika galumsaa isaanii filadhu!

1. Namni yeroo daandii qaxxaammuru bitaafi mirga ilaaluu qaba.
A. addaan ciruu B. ce'u
C. muruu D. deemuu
2. Maatiin ijoollee isaanii hordofuu qabu.
A. duukaa bu'uu B. gargaaruu
C. dhaanuu D. oduu durii itti himuu
3. Dinqisiifachuu jechuun maal jechuu dha?
A. balaaleffachuu B. malaalchifachuu
C. busheessuu D. abaaruu
4. Arbi gurmuun jiraatu.
A. gateettii B. gamtaan
C. tooftaa D. garaagaraan
5. Goondaan jireenya ofii gaggeessuuf baay'ee carraaqu.
A. tattaafatu B. adeemuuf
C. yaadu D. balleessuuf
6. Seenaa ofii dagachuun gaarii miti.
A. yaadachuun B. qaabachuun
C. irraanfachuun D. lagachuun

Yaadannoo Caaslugaa

Afaan kamiyyuu seera mataa isaa qaba. Afaan Oromoos seera mataa isaa qaba. Seerota kana keessaa inni jalqabaa ijaarsa sagaleewwaniiti.

1. Jechi tokko sagalee dheeraa yookiin gabaabaa akka qabaatu kan taasisu dubbachiiftuudha. Dubbachiistuun gosa tokkoo jecha keessatti lama ta'ee walitti aanee yoo barreeffame jechi sun sagaleen isaa akka dheeratu godha. Haaluma kanaan, dubbachiistuun gosa tokkoo tokko ta'ee yoo barraa'e ammoo jechi sun sagalee gabaabaa akka qabaatu taasisa.

Fakkeenya:

a. Jechoota sagalee dheeraa gamtokkee

Baala

Nyaata

Gaala

Qaata

Mataa

Raada

b. Jechoota sagalee dheeraa gamlamee:

Boonaa

Seenaa

Beekaa

Deegaa

Laagaa

Jooraa

c. Jechoota sagalee gabaabaa

Mana

Nama

Lama

Mala

Bite

Fixe

2. Jechoota sagalee jabaafi laafaa

Jechi tokko sagalee jabaa yookiin laafaa akka qabaatu kan taasisu dubbifamaadha. Dubbifamaan gosa tokkoo jecha keessatti lama ta'ee walitti aanee yoo barreeffame echi sun sagalee jabaa kan qabudha. Dabalataan, dubbifamaan gosa tokkoo tokko ta'ee jecha keessatti yoo barreeffame immoo jechi sun sagalee laafaa akka qabaatu taasisa.

Fakkeenya:

A. Jechoota sagalee jabaa qaban:

Amma	Madda
Damma	Ganna
Hattuu	Adda

B. Jechoota sagalee laafaa qaban

Heduu	Qabuu
Hatuu	Baruu
Muka	Ijaaruu

3. Jechoota sagalee irra butaa qaban

Afaan Oromoo keessatti jechi tokko sagalee irra butaa qaba kan jedhamu dubbifamaan gosa adda addaa lama walfaana/walitti aananii jidduu jechaatti yemmuu barreeffaman sagaleen irra butaa uumama.

Fakkeenya

Harka	Jilba	Morma
Marqaa	Gaangee	
Marga	Mirga	

Walumaagalatti, seera ijaarsa jechaa Afaan Oromoo keessatti wantoonni xiyyeeffatamuu qabantu jiru. Kanneenis, dubbifamaan jalqabaa jechaafi xumura jechaatti lama ta'ee walitti aanee galuu hindandau. Dabalataanis, dubbifamaan gosa adda addaas ta'ee gosa tokkoo lamaa ol walitti aanee hinbarreeffamu. Gama biraatiinis, dubbachiiftuun gosa adda addaa walitti kan hinaanneefi gosti tokkoo ammoo lamaa ol walitti aanee barreeffamuu hindanda'u

BOQONNAA LAMA

KAROORA MAATII

- Kaayyoo : Xumura boqonnaa kanaatti :
- Afee/dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaate sirriitti dhaggeeffatta.
- Tartiibaan ta'ii/taatee salphaa tokkoo seenessita.
- Fakkiilee dubbisuun ibsita.
- Falmii ni adeemsista.
- Barruu odeeffannoo ibsu tokkoon keeyyata ni ijaarta.
- Caasaa bu'uura afaaniitti gargaaramuudhaan himoota barreessitaijaarta.
- Henna ammeenna ni ibsita..

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

1. Karoora jechuun maal jechuudha?
2. Karoora maatii yeroo jedhamu dhageessee beektaa?
3. Karoora maatii jechuun maal ilaallata?

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuun

A. Dubbisa siif dubbifamu sirriitti dhaggeeffachuun gaaffiiwwan armaan gadiif deebii sirrii ta'e kenni!

1. Karoorri maatii _____ hedduu qaba.
2. Bu'aan inni kennus, rakkina garaagaraa _____keessatti mul'atu hambisuuf karaa baay'ee hubatama.
3. Daa'imman sagantaadhaan dhalatanis _____guddina isaaniiti.

4. _____ daa'ima sanaaf godhamu _____ fi _____ qaama
daa'ima sanaa madaalamaafi fayyaa guutuu taasisa.
5. Daa'imman kunuunsa haadhaa hinarganne fi _____ ta'u.
6. Karoora maatiitti haalaan fayyadamuun dahumsa gargar
fageessuudhaan guddina _____ ta'ee _____ fi _____ isaaniitiif abdii ta'a.
7. Daa'imman kunuunsa haadhaa hinarganne _____ fi _____ ta'u.
8. Karoora maatiitti fayyadamuun dahumsa sagantaa maleef _____ ta'a.
9. Addunyaa irratti karoorri namoonni itti fayyadaman _____ jedhama

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gaditti dhiyaatan dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun deebii kee barreeffamaan agarsiisi!

1. Karoorri eenyu fa'aaf fayyada?
2. Karoora malee daa'imman walirratti yemmuu dhalatan rakkooleen isaan qunnamuu danda'u maal fa'a?
3. Dubartiin tokko karooraan ala yoo ulfoofte, rakkoolee ishee mudatan tarreessi

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisaan Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin gareedhaan irratti mari'achuun afaaniin deebisaa!

1. Maatii (A) fi maatii (B) keessaa kamtu daa'imman baay'ee qaba?
2. Karoorri maatii eessaa akka jalqabu himaa.
3. Gosoota gurguddoo karoora maatiitti fayyadamuu tarreessaa.
4. Maatii (A) fi maatii (B) keessatti addaddummaan haala jireenyaa mul'isu maali? Kunis maalirraa madde sitti fakkaata?



A



B

B. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsa isaanii tilmaami!

- | | |
|--------------|-------------|
| a. Geejjibuu | d. hidhuu |
| b. Kunuunsuu | e. Baqaqsuu |
| c. Kutuu | |

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii sirrii yoo ta’an ‘Dhugaa,’ yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba’ jedhii deebisi!

1. Itti fayyadamni karoora maatii guddina biyya tokkoof barbaachisaa miti.
2. Karoorri maatii fayyaa, guddina ijoolleefi haadhaa irratti gahee guddaa qaba.
3. Karoorri maatii gahee haadhaa qofa.
4. Bu’aa maatiin karoora maatii fayyadamuu irraa argatu xiqqaadha.
5. Daa’imman yoo soorata walmadaalu hinarganne niqqucaru.
6. Karoora maatii bakka gurguddaa lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya.
7. Ijoollummaan ulfaa’uuniifi walitti dhiyeessanii da’uun haadha irratti dhiibbaa hinqabu.
8. Maatiin daa’imman hedduu guddisan daa’imman isaanii sirriitti kunuunsuuf yeroo, humnaafi qabeenya gahaa isaan barbaachisa.
9. Walirraa fageessanii dahuufi baayyina ijoollee xiqqeessuuf mala ulfa ittisanitti fayyadamuun nidanda’ama.
10. Karoorri maatii haadha caalaa abbaa ilaallata.

B. Gaaffiiwwan dubbisa keessaa bahan irratti hundaa'uun deebii sirrii filadhuu deebisi!

- _____maatii fayyadamuun jireenya hawaasaa fooyyessuu danda'a.
A. Barnoota C. Oduu
B. Karoora D. Seenaa
- Kanneen armaan gadii keessaa kamtu karoora maatii yeroo dheeraati?
A. Impilaantii C. lilmoo
B. qoricha D. dawaa
- Karoorri maatii bakka meeqatti qoodama?
A. 3 B. 5 C. 2 D. 4
- Tooftaa jechuun _____ jechuudha.
A. Sagantaa B. Baasii C. Gammachuu D. Mala
- Karoorri maatii waliigaltee namoota lamaaniiti. Hiikni jecha jala muramee ta'a.
A. Abbaafi intala C. A bbaafi ilma
B. Haadha manaafi abbaa manaa D. Haadhaafi intala
- Malli Karoora maatii yeroo gabaabaatiif fayyadu?
A. Shiboo gadameessaa C. Lilmoo
B. Geejjibduu sanyii dhiiraa kutuu D. Impilaantii
- Maatiin karoora fayyadamu qabeenyaan of danda'aadha. Hiikni jecha jala muramee ____.
A. Hiyyeessa C. gargaarsa kan hinbarbaanne
B. Harka-qalleeyyii D. Hirkatoo

Karoora Maatii

Karoorri maatii guddina hawaasaafi dinagdee biyya tokkootiif bu'aa guddaa qaba. Bu'aan inni kennus, rakkoolee adda addaa hawaasa keessatti mul'atu akka hir'isu nihubatama. Kunis, walirraa fageessanii dahuufi baayyina ijoollee haala gaariin kunuunsanii guddisuuf mijataadha.

Dabalataanis, maatiin daa'imman kunuunsuuf yeroo, humnaafi qabeenya gahaa isaan barbaachisa. Ijoolleen kunuunsa warraa haalaan hinargatiin immoo qaamaafi sammuudhaan dadhaboo ta'u. Karoora maatiitti tajaajilamanii gargar fageessanii dahuun guddina daa'immaniifis ta'ee fayyaafi jireenya isaaniitiif qooda olaanaa qaba. Yoo kana hitaane, rakkoon dubartoota irra gahu nihammaata. Rakkoowwan karaa kanaan dhufanis: walirratti dahuu, barumsa addaan kutuu, dhukkuba garaagaraatiif saaxilamuu fa'adha.

Karoora maatii bakka gurguddaa lamatti qooduun nidanda'ama. Isaanis: karoora maatii uumamaafi karoora maatii nam-tolchee jedhamu. Karoora maatii uumamaa kan jedhamu qoricha yookiin lilmoo nam-tolchee osoo hin fayyadamiin ulfa ittisani. Addunyaa irratti namoonni miliyoona hedduun lakkaa'aman tooftaa kana fayyadamu. Toftaan kun dhibbentaa dhibba ittisuu baatus, ulfa karoora malee ittisuuf shoora olaanaa taphata.

Tooftaan inni lammaaffaan immoo karoora maatii nam-tolcheedha. Malli kun mala ulfa karoora malee ittisuuf tajaajilu keessaa isa tokkodha. Kunis: keemikaala, qoricha, lilmoo fi baqaqsanii yaaluu of keessatti hammata. Malli ittisaa kunis karoora maatii yeroo dheeraafi yeroo gabaabaati. Mala ittisa ulfaa yeroo gabaabaa kan jedhamu: koondoomii, kiniinii guyyaa guyyaan fudhatamu, lilmoo baatii sadi sadiin kennamu yoo ta'u, kan yeroo dheeraa immoo: impilaantii/ lilmoo irree harkaa keessatti awwaalamu, shiboo gadameessa keessa taa'uufi ujummoo geejjibduu sanyii dhiiraa hidhuu yookiin kutuu kan jedhamanidha.

Malleen kanneenitti gargaaramuuf immoo gorsaafi qajeelfama ogeessa fayyaa hordofuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu, akkaataa kanaan sagantaadhaan yoo hordofame guddinaa fidinagdee maatiis ta'ee biyyaa saffisiisuun nidanda'ama.

Madda: Gaazexaa Bariisaa waxabajjii 2013

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisaan Boodaa

A. Jchoota armaan gaditti dhiyaataniif hiika galumsa isaanii kenni.

1. hir'isuu, (keeyyata 1)
2. tajaajilamuu (keeyyata 2)
3. qooduun (keeyyata 3)
4. Tooftaan kun (keeyyata 3)
5. kunuunsa (keeyyata 1)
6. qooda (keeyyata 2)
7. yeroo gabaabaa (keeyyata 4)
8. saffisiisuu (keeyyata 5)
9. kunis, (keeyyata 4)
10. Hidhuu (keeyyata 4)

B. Gaaffiiwwan armaan gadiitiif akka yaada dubbisa kanaatti deebii barreeffamaan kenni.

1. Bu'aa karoora maatiitti fayyadamuu irraa argamu ibsi.
2. Maatii ofii karoorfachuu dhabuun eenyu fa'a miidha?
3. Rakkinni ulfaafi da'umsaan walqabate kan hawwootatti hammaatu yoo maal ta'edha?
4. Maatiin daa'imman isaanii hanga barbaadan kunuunsuuf kan isaan dhorku maali?

5. Garaagarummaan maatii karooratti fayyadamaniifi karooratti hinfayyadamnee gidduu jiru maali?
6. Ilaalchawwan karoora maatii irratti mul'atan maal fa'a?

C. Qajeelfama falmii armaan gaditti dhiyaate hordofuun matadureewwan kennaman irratti hundaa'uun falmii geggeessaa!

1. Maatii muraasessuu moo baay'isuu wayya? Kan jedhu irratti garee lamaan walfalmaa.
2. Mala ittisa ulfaa'uu nam-tolchee moo kan uumamaa wayya?

Qajeelfama Falmii

1. Falmiin mataduree /yaada walfaallessu lama irratti adeemsifama .
2. Yaanni lamaanuu adda addaan deeggartoota qabu.
3. Kaayyoon falmii tokkoo gareen lamaanuu yaanni isaanii akka fudhatama argatuuf ragaalee amansiisoo ta'an dhiyeessuudhaan mormanii amansiisu.
4. Falmiin qindeessaa tokkoofi abbootii seeraa sadii qabaachuu qaba.
5. Abbootiin seeraa yaadolee amansiisoo ta'an kan gara lamaanii irraa dhiyaataniif loogii malee qabxii kennuu
6. Yemmuu walfalman gareen lamaanuu mirga falmitootaa osoo hindhiibiin yaaduma dhiyaatu qofaa fashaleessuuf carraaquu qabu.
7. Falmii keessatti obsaan waldhaggeeffachuun yaada faallaa qayyabachuun yaada yaadicha fashaleessuuf gargaaru qopheessuun seera eeguundhiyeessuu qabna.
8. Duraa duuba yaadaa eeguufi yaada loojikiitti fayyadamu qabna.
9. Yaada keenya ragaalee amansiisoo ta'aniin deeggarree dhiyeessuun barbaachisaadha.

Barannoo Sadii: Barreessuu**Gilgaala 7: Shaakala keeyyata barreessuu****A. Keeyyata armaan gadiitti jalqabamee hafe xumuri;hima ijoo keeyyatichaas baasii barreessi!**

a. Tartiiba armaan gadii yoo hordofte buna danfisuu dandeessa. . Jalqaba Buna bitta. Itti aansuun,meeshaawwan barbaachisan hundaa erga qopheeffatteen booda ibidda qabsiista -----

Himni ijoo keeyyatichaa _____

b. Barumsa gareen qo'achuun faayidaa garaagaraa qaba. Barattoonni gareen hojjetan yaada wal jijjiiruun hubannoo bal'ifachuufi wal-irraa barachuu danda'u. Kana malees, dandeettii afaanii kanneen akka:dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessu isaanii fooyyeffachuu danda'u.

Himni ijoo keeyyatichaa _____

b. Himoota ijoo kanaan gadii fayyadamuun keeyyata barreessi.

1. Barattoonni gareedhaan yoo qo'atan bu'aa hedduu argamsiisu.
2. Namni bu'aa ba'ii adda addaa keessa darba.

Gilgaala 8: Barannoo Afur: Fayyadama jechootaa

A. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A’ jala jiran hiika isaanii kanneen roga ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsii!

A

1. Karoora
2. Tooftaa
3. Qooduu
4. Nafa
5. Fayyadamuu
6. Eegaluu
7. Qaama
8. Dhorkuu
9. Dhukkuba
10. Walqixxaataa

B

- A. Gargaaramuu/tajaajilamuu
- B. Bu’aa bahii kan hinqabne
- C. Gargar baasuu
4. Maatii
- E. Sagantaa
- F. Abbaa, haadha, ijoollee
- G. Jalqabuu
- H. Dhibee
- I. Ittisuu
- J. Mala

B. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A’ jala jiran hiika faallaa isaanii kanneen roga ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsii!

A

1. Ijoollummaa
2. Walirratti
3. Hedduu
4. Dhalachuu
5. Argachuu
6. Gidduu
7. Bu’aa
8. Hawwuu
9. Haawwota
10. Ofdanda’uu

B

- A. Dhabuu
- B. Jibbuu/dhiisuu
- C. Abbootii
- D. Tokkorratti hirkachuu
- E. Miidhaa
- F. Faffageessuu
- G. Du’uu
- H. Dulluma
- I. Qarqara
- J. Muraasa

C. Jechoota kanaan gadiitiif kan isaan waliin deemuu danda'an barbaadii barreessi!

Fakkeenya, mana ijaaruu

- | | |
|-----------------|---------------------|
| 1. Qeensa _____ | 6. Qoraan _____ |
| 2. Booka _____ | 7. Barumsa _____ |
| 3. Kubbaa _____ | 8. Fiigicha _____ |
| 4. Lukkuu _____ | 9. Boqqoolloo _____ |
| 5. Xaafii _____ | 10. Aannan _____ |

D. Himoota armaan gadii jechoota siif kennaman keessaa filachuun yaada guutuu taasisi!

durooma

balballi

waliigalteen

fayyaa

miiccuu

namni qayyabachuu

dhukkubsataan badhaasa

Kunuunsi

1. Namni halkaniifi guyyaa dhama'ee yoo hojjete ni _____.
2. Barattoonni ciccimoon daree keessaa tokkoffaa yoo bahan manni barumsaa _____ kennaaf.
3. _____ namootaa guddina biyya tokkoof barbaachisaadha.
4. Barattoonni muraasni yeroo barnootaa waan hinkabajneef _____ itti cufame.
5. Dubartiin yeroo walirratti deessu rakkoo guddaatu _____ ishee irragaha.
6. _____ daa'imaaf barbaachisaadha.
7. Roobni guyyaa guutuu roobaa waan ooleef, uffata _____ hindandeenye.
8. _____ kitaaba dubbise beekumsa guddaa argata

9. Qormaanni waan ga'eef barataan sirriitti _____ qaba.
10. _____ mana yaalaa deemee qoricha fudhachuutu irraa eegama.

E. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika galumsaa isaanii barreessi!

1. Daa'imman walirratti dahuun dhiigni baay'inaan akka dhangala'u waan taasisuuf deessuu anniisaa dhabsiisa.
2. Namni karoora maatii gargaaramu daa'imman walirraa siiksee godhata.
3. Karoora malee dahuun hiyyummaaf nama saaxila.

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Caasaa Himaa

A. Fakkeenya itti aanu xiinxali. Sana booda, gilgaala kenname akka fakkeenya kennameetti hojjedhu!

Jireenya- jecha

Jireenya gaarii-gaalee

Sabboonaan jireenya gaarii jiraata-hima

- a. Karoora: _____
- b. Addunyaa: _____
- c. Haadha: _____
- d. Kunuunsa: _____
- e. Daa'ima: _____
- f. Bu'aa: _____
- g. Eegumsa: _____
- h. Sammuu: _____
- i. Shoora: _____
- j. Lilmoo: _____

B. Himoota kanaan gaditti kennaman keessaa mathima adda baasii barreessi!

1. Adurreen hantuuta nyaatte.
2. Isheen barattuudha.
3. Firaal mana ijaare.
4. Tolaan saree ajjeese.
5. Biliseen biqiltuu dhaabde.

C. Himoota kanaan gaditti kennaman keessaa aantima adda baasii barreessi!

1. Isaan kitaaba dubbisan.
2. Ishiin uffata miiccaa jirti.
3. Obboleessi koo qarshii naaf kenne.
4. Isaan biqiltuu dhaaban.
5. Badhaasaan farda yaabbate.

D. Himoota gaditti kennaman keessaa aantima al-kallattii addaan baasuun barreessi!

1. Qananiin fardaaf okaa haamte.
2. Jiituun obboleessa isheef kitaaba bite.
3. Siifan Bulchaaf qarshii liqeessite.
4. Tolaan mucaa isaaf uffata bite.
5. Barsiistuun barattootaf qormaata kennite.

E. Himoota kanaan gaditti kennaman keessaa gochima adda baasii barreessi!

1. Mucaan ciree nyaate.
2. Abbaan koo konkolaataa bite.
3. Isheen mana barumsaa deemte.
4. Barattoonni kubbaa bitatan.
5. Barattoonni marii geggeessan.

F. Haala fakkeenya siif kennameen jechoota armaan gadiitiin hima ijaari!

Fakkeenya, Tooftaa

Barattoonni yeroo qayyabatan tooftaa ittiin dubbisan beekuu qabu.

1. Gargaarsa : _____
2. Fayyaa : _____
3. Karoora : _____
4. Qabeenya: _____
5. Baay'ee: _____
6. Eegumsa: _____
7. Biyya: _____
8. Guddina: _____

G. Himoota armaan gadii tartiibaan erga keessee booda keeyyata

barreessii dareef dubbisi!

1. Walfuudhanii waggaa tokkoon booda sa'a aannanii lama bitatan .
2. Aannan raastee dhadhaa baaste.
3. Osoo baraachaa jirtuu rakkoo ilaalcha hawaasaa irraa kan ka'e heerumte.
4. Dhadhaa qabatee gara gabaa deemte.
5. Caaltuun barattuu cimtuudha.
6. Barumsa dhiisuu isheetti gadditus yeroo ammaa jireenya gaarii jiraachaa jirti.
7. Abbaan manaa ishee akkuma walfuudhaniin mana ijaare.
8. Saawwan lachuu ji'a tokko keessatti dhalani.
9. Torbee tokkoon booda caaltuun aannan elmuu jalqabde.
10. Dhadhaa gurgurtee waan isheef barbaachusuu bitatte.

Fakkeenya:

Caaltuun barattuu cimtuudha. _____

Gilgaala:10, Shaakala Henna**A. Gaaffiiwwan armaan gadii haala gaafatamteen deebisi!**

1. Hennaan maali?
2. Amma maal hojjetta?
3. Gochi amma hojjechaa jirtu henna maaliitiin ibsama?

B. Himoota armaan gadii henna ammeennaatiin barreeffaman haala henna isaan ibsaniin adda baasii barreessi!

1. Namichi daran miidhamaadha.
2. Taliilaan barsiisaadha.
3. Yaada ofii ibsachuun mirga uumamaati.
4. Bishaan lubbuudha.
5. Alsaniifi Kadijjaan torban torbaniin Soodaree deemu.
6. Biiftuun karaa bahaa baatee, dhihaan lixxi.

C. Himoota armaan gadii henna amsiiqaafi raawwima ammeennaatiin adda baasii barreessi!

1. Isheen bishaan dhugaa jirti.
2. Boontuun buna danfistee jirti.
3. Kitilaan laaqana nyaatee jira.
4. Isaan laaqana nyaataanii jiru.
5. Isaan ayyaana kabajanii jiru.
6. Inni biqiltuu dhaabaa jira.

D. Henna ammeennaatti fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi!

- A. _____
- B. _____
- C. _____
- D. _____
- E. _____

E. Henna amsiiqaatti fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi!

- A. _____
- B. _____
- C. _____
- D. _____
- E. _____

F. Henna raawwima ammeenaa fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi!

- A. _____
- B. _____
- C. _____
- D. _____
- E. _____

Yaadannoo Henna Ammeennaa

Hennaan yeroo gochi tokko rawwatame, raawwatamaa jiru akkasumas raawwatamuuf deemu agarsiisuuf kan gargaarudha.

Gooroowwan Henna

Hennaan yeroo raawwii gochaa irratti hundaa'uun bakka gurguddaa saditti qoodamu. Isaanis: ammeennaa darbennaafi duranaadha.

Kanneen keessaa henna ammeennaa jalatti kan hammataman: ammeennaa,

amsiiqaafi raawwima ammeennaati.

Fakkeeyaaf,

A. Hennaan ammeennaa:

Hennaan ammeennaa gochoota yeroowwan armaan gaditti raawwataman ibsa.

- a) Gochoota irra deddeebi'amuun amaleeffaman ibsa.
Fkn. Feeneet yeroo hunda ganama ganama shaayii dhugdi.
- b) Haala amma jiru ibsuuf.
Fkn. Ishiin gammadduudha.
- c) Wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'e ibsuuf.
Fkn . Adaamaan Finfinneerraa gara bahaatti argama.
- d) Waan gara fuulduraatti raawwatamuuf murteeffame ibsa.
Fkn. Sa'a booda walgahiitu jira.

B. Amsiiqaa

Hennaan kun gocha yeroo ammaa kana keessa itti fufiinsaan yeroo gabaabaafis ta'u yeroo dheeraaf raawwachaa jiru agarsiisuuf kan gargaarudha.

- Fkn:
- a) Inni fiigicha fiigaa jira.
 - b) Isaan dallaa diigaa jiru.
 - c) Isheen barreessaa jirti.

Himoota kanneen keessatti gochima {fiig-},{diig-} irratti latii {-aa'n} fufamee jiru gochaaleen kunneen yeroo gabaabaafis ta'u yeroo dheeraa itti fufiinsaan raawwachaa jiraachuu yoo agarsiisan, tumsiirratti latiileen fufamanii jiran {-a/-i/-u'n} ammoo ammeennaa ta'uu agarsiisuuf gargaaru.

C. Raawwima Ammeennaa

Hennaan kun gocha yeroo darbe keessa eegale ta'ee, garuu reefu yookiin dhiyoo kan raawwatamee jiru ta'uu agarsiisa.

Fkn. a. Sobbooqaan kitaaba barreessee jira.

b. Ganamoon xalayaa barreessee jira

c. Taliileen laaqana nyaattee jirti

d. Isaan ciree nyaatanii jiru.

Himoota kanneen keessatti xumuroota muummee: {barrees-}{ nyaat-}
jedhaman irrattii latii{-e/Ø}fufamtee jirtu gochaaleen kunneen
yeroo darbe keessa kan eegalan ta'uu yoo agarsiisan hundee xumura
tumsiirratti latiileen fufamanii jiran
{-a/-i/-u} ammoo ammeennaa ta'uu agarsiisuuf gargaaru.

BOQONNAA SADI

TOLA OOLTUMMAA

Kaayyoo : Xumura boqonnaa kanaatti:

- Dhaggeeffachuun calaqqee dhiyeessita.
- Yaad rimee tola ooltummaa ni ibsita
- Yaada ijoo afee/dubbisa dhiyaatee xiinxalta.
- Iddoo itti tola ooltummaan barbaachisu adda baasta.
- Afee/dubbisa dhiyaate keessaa jechoota baramoo baasta.
- Maalummaa jecha tishoo nihimta.
- Unka maqaalee qeenxee fi danuu adda baasta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa .

A. Gaaffiiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan/tuun keessan isiniif dubbisu/tu dhaggeeffachuun dura gareedhaan irratti mari'adhaa!

1. Tola ooltummaan maali?
2. Tola ooltummaan eenyuun raawwatama?
3. Naannoo keessanitti namoota hojii tola ooltummaa irratti hirmaatan eenyu fa'aa beekta?

B. Jechoota armaan gaditti kennamaniif hiika isaanii tilmaami!

- | | |
|-------------------|---------------------|
| a. Tola ooltummaa | c. harka qalleeyyii |
| b. dadhaboo | d. gumaachuu |

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa waa'ee “Tola ooltummaa” siif dubbifamu dhaggeeffachuun gaaffilee armaan gadii deebisi!

1. Wantootaa hojii tola ooltummaa irratti hirmaachuuf barbaachisan barreessi..
2. Biyya keenya keessatti hojii tola ooltummaa irratti namoota hirmaannaa olaanaa qaban barreessi.
3. Faayidaa hojii tola ooltummaarraa argamu barreessi.

B. Himoota armaan gaditti dhiyaataniif yaada sirrii ta'aniin '

Dhugaa' yaada dogoggora ta'aniin immoo 'Soba' jechuun deebisi!

1. Namoonni hojii tola ooltummaa irratti hirmaatan kaffaltii guddaa barbaadu.
2. Tola ooltummaan kan barbaachisu warra mana hinqabne qofaafidha.
3. Hojii tola ooltummaa irratti hirmaachuu kan qabu abbaa qabeenyaa qofaadha.
4. Tola ooltummaan namoota rakkatoo kamiyyuu kan gargaaruu hojii fedhiidhaan hojjetamudha.
5. Tola ooltummaan namoota magaala jiraataniif malee warra baadiyyaa jiraniif hinfayyadu.

Gilgaala 3. Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kee barreeffamaan dhiyeessi!

1. Hojiilee namoonni tola ooltummaadhaan hojjetan keessaa afur barreessi.
2. Namni adda dureedhaan hojii tola ooltummaa hojjechuutiin dubbisa kana keessatti eerame eenyudha?
3. Namoonni gargaarsa tola ooltummaa barbaadan kan akkamiiti ?

Barannoo Lama:**Gilgaala 4: Shaakala Waliin Dubbii**

Waliin dubbii obbo Tolaafi aaddee Bashaadduu

Obbo Tolaa: Nagaa bultee Aadde Bashaaddu?

Aadde Bashaadduu: Akkam bultan obbo Tolaa?

obbo Tolaa: Maali ganamaan eessa deemta?

Aadde Bashaadduu: Hindhageenyee guyyaa har'aa dhaabbanni Fannoo

Diimaa Aanaa keenyaa walga'ii waamee jira.

Obbo Tolaa:Maal kan jedhu?

Aadde Bashaadduu: Yaada walga'ii darbe irratti mari'anne sana jalqabuufi.

Obbo Tolaa: Yaanni isaa maali?Ani guyyaa sana hinturre.

Aadde Bashaadduu: Yaadichi namoota balaa lolaa bishaaniitiin ji'a darbe

manni jalaa diigameef mana akka ijaarrufidha.

Obbo Tolaa :Yaa intalakoo guddaa galatoomi.

Ani hindhageenye uffata koo uffadheen siqaqqaba.

Aadde Bashaadduu: Haata'u dafaa koottaa nu gargaartuu.

Obbo Tolaa: Natti himuu keetiif galatoomi.

Aadde Bashaadduu:Kana raawwachuun dirqama dhala namaati.

Isinis galatoomaa

A. Waliin dubbii armaan olii irratti hundaa’uudhaan lama lamaan haasaa gaggeessaa!

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 5: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan kanaa gadii gareen irratti mari’achuun afaaniin deebisaa!

1. Dhaabbata tola ooltummaa irratti hirmaatan beektaa? Isaanis eenyu fa’a?
2. Namoonni naannoo keessanitti tola ooltummaa irratti hirmaatan jiruu?
Yoo jiraatan maal irratti hirmaatu ?
3. Waa’ee Dhaabbata Fannoo Diimaa dhageessanii beektuu? Yoo kan beektan ta’e ibsaa!
4. Fakkii armaan gadii irraa waan hubatte ibsi.



B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami!

- | | |
|-------------|-----------------|
| a. fedhii | C. hundeeffamuu |
| b. rakkatan | d. gargaaruu |

Gilgaala 6: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!

1. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
2. Dhaabbata Fannoo Diimaa yeroo jalqabaatiif kan hundeesse eenyu?
3. Hojii waajjirri hawaasa isaa gargaaruuf dabalataan itti gaafatamummaa fudhatee hojjetu maal jedhama?
4. Yaanni ijoo keeyyata jalqabaa maali?
5. Hundeeffama Dhaabbata Fannoo Diimaa kan eeru keeyyata meeqaffaa keessatti argama?

Tola Ooltummaa

Tola ooltummaan hojii namoonniifi dhaabbileen adda addaa fedhii isaaniitiin hojjetanidha. Hojiin tola ooltummaas kallattii adda addaatiin kan raawwatamuu danda'udha. Namoota rakkatan wantoota bu'uura jireenya ilma namaa ta'an kanneen akka: nyaata, uffataafi mana jireenyaa ijaaruun deeggarsa taasisuudha. Lammiilee dhukkubsatanii mana yaalaatti sababa dhiiga dhabuutiin rakkataniif dhiiga arjoomuun hojii tola ooltummaati. Kana malees, hojiilee misoomaa kanneen akka mana barumsaa ijaaruu, biqiltuu dhaabuufi kanneen kana fakkaatan kaffaltii malee fedhiin hojjechuun tola ooltummaadha. Akkasumas, kanneen dhukkubsatan wal'aanuufi bakka namni rakkatee jirutti qaamaan argamuudhaan yaadaafi gorsaan deeggaruun alatti fageenya irratti maallaqaan deeggarsa taasisuu nihammata.

Hojii tola ooltummaan akka addunyaattis ta'ee akka biyyaatti hojjechuudhaan beekamtii olaanaafi iddoo guddaa qaban keessaa Dhaabbata Fannoo Diimaa fudhachuun nidanda'ama. Dhaabbanni kunis biyya

Jeeneevatti nama lammii biyya Siiwuzarlaandii kan ta'e Henarii Dunaatiin Jeeneevaa iddoo Sooliifaarnoo jedhamutti bara 1863tti hundeeffame. Hundeeffamees hojii tola ooltummaa hojjachuu itti fufe.

Dhaabbanni Fannoo Diimaa namoota kumaatamaan lakkaa'aman kanneen hubaatiin qaamaa irra ga'ee fi iddoo isaaniitii buqqa'an gargaaruun kan jalqabedha. Adeemsuma keessa damee isaa babal'isaa deemuun addunyaa hunda wal ga'uun hojjechaa kan jirudha. Haala kanaan tola ooltummaa irratti hirmaachuun muuxannoo bal'aa ta'een sochii hawaasa keessatti raawwatuun deeggarsa adda addaa taasisaa jira. Dabalataanis, gargaarsa meeshaaleefi nyaataa irra darbee dhiiga gumaachuufi biqiltuu dhaabuudhaan hirmaachaa kan jiranidha.

Raawwiin kunis akka biyya keenyaatti yoo ilaallu maatii dadhaboo ta'anii hawaasa naannoo keessa jiraatan kan mana hinqabneef mana ijaaruu, dhukkubsataa gargaaruu, daa'imman barnoota dhabaniif carraa barumsaa akka argatan taasisuu, namoota dhiiga dhabaniif dhiiga arjoomuu, kanneen bakka jireenyaa isaaniirraa buqa'aniif midhaan gargaarsaafi bakka keessa boqotan gumaacha taasisuu, maatii gargar bahan walitti fiduudha.

Dhaabbanni kun addunyaa irratti beekamtii akka argatu kan taasise duudhaalee mataa isaa qabaachuu isaatiini. Isaanis, alloogummaa ,addunyaaleessummaa, fedhii qabaachuu, gaarummaa, walqixxummaa fa'a. Walumaagalatti, dhaabbanni kun akka biyya keenyaattis ta'ee addunyaa irratti hojii tola ooltummaa hedduu hojjetee jira.

Maaddi: Dhaabbata Fannoo Diimaa

B. Dubbisa irratti hundaa'uun gaaffiiwwan asii gaditti kennaman keessaa filadhuu deebisi!

1. Duudhaalee dhaabbata Fannoo Diimaa kan ta'e kami?

A. gargar baasuu

C. qabeenya

B. alloogummaa

D. ittisuu

2. _____ hojii fedhiin hojjetamuufi kanfaltii hingaafanne dha.

A. daldaluun

C. qonni

B. tola ooltummaan

D. barumsi

3. Dhaabbanni fannoo diimaa yeroo jalqabaaf eessatti hundeeffame?

A.Itoophiyaa

C.Jenevaa

B.Sudaan

D.Keeniyaa

4. Hojiin tola ooltummaadhaan hojjetamu isa kami?

A.namaaf mana ijaaruu

C.carraa barnoota kennuu

B.Dhiiga gumaachuu

D.hunduu deebii ta'u

5. Yeroo jalqabaaf dhaabbata fannoo diimaa namni hundeesse eenyu jedhama?

A.Alii Birraa

C.Biilgeet

B.Heenarii duunaa

D.Abdiisaa Aagaa

C. Jechoota gaditti dhiyaataniif hiika isaanii filannoo siif kennaman keessaa irra caalaa walitti dhufeenya qaba kan jettu filachuun deebisi!

1. Hirkatoo

A.qabaataa

B.dureessa

C.kan of hindandeenye

D.dulloomaa

2. Deeggarsa

A.gargaaruu

B.arjoomuu

C.hirmaachuu

D.walitti siquu

3.Tajaajilamuu

A.balleessuu

B.fayyadamuu

C.qooda fudhachuu

D.gargaaramuu

4.Kumaatama

A.baay'ee

B.xiqqaa

C.muraasa

D.qeenxee

5.Tola

A.bilisa

B.kanfaltii kan gaafatu

C.bu'aa bahii

D.fudhachuu

Gilgaala 7: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisa irraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi!

1. Hojiiwwan tola ooltummaan hojjataman keessaa sadii barreessi.
2. Dhaabbanni fannoo diimaa bara kamiifi eenyuun hundeeffame?
3. Waajjirri tokko hawaasa gargaaruuf hojiin dabalatataa inni hojjatu maal jedhama?
4. Dhaabbanni Fannoo Diimaa eenyu fa'i gargaara?
5. Ergaan waliigala dubbisa kanaa maali?

B. Himoota armaan gadii jechoota kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa himichaatti guuti!

Tola ooltummaa	bara	buqqa'an
duudhaalee	yeroo	addunyaa Gargaaruun
rakkataaf		
Naannoo	hirmaachuu	

1. _____hojii namoota rakkataniif raawwatamudha.
2. Dhaabbanni fannoo diimaa _____1863 Jeeneevaa keessatti hundeeffame.
3. Dhaabbanni _____mataa isaa qaba.
4. Dhukkubsataa _____gahee dhala namaa hundaati.
5. Namoonni bakka jireenyaatii yoo _____rakkoo guddaatu isaan mudata.
6. _____jalqabaaf manni barumsaa ati itti baratte maal jedhama?
7. Yeroo ammaa kana _____marti dhibee Kooviidiin kan hubamedha.
8. Waantota _____keessanitti argamu keessaa maal jaalatta?
9. Namoonni hanga human ofii hojii danda'an irratti _____qabu.
10. Tola ooltummaan maatii _____baay'ee gargaara.

Barannoo Afur: Barreessuu**Gilgaala 8: Shaakala keeyyata barreessuu****A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi!**

1. Dubbisa siif dhiyaate irra deebi'uun dubbisuun yaada mataa keetiin qindeessii keeyyata tokko barreessi.
2. 'Miidhaa caatii qama'uu' jedhu irratti barreeffama amansiisaa keeyyata afur qabu barreessaa.

B. Yaada ijoo durdurii armaan gaditti kennaman irratti hundaa'uun barreeffama jalqabame xumuri!

- Waraabessi sa'a nyaannaan namoonni lama ajjeesuuf duukaa bu'an.
- Waraabessi osoo baqatuu namicha harree oofee gabaadhaa gala jiruun, 'maaloo nadhoksi,' jennaan harreetti fee' dhokse.
- Waraabessi erga namoota lamaan jalaa bahee booda, harree kee nyaadhu malee jennaan, namtichis, 'lubbuu kee baraaree, akkamitti harree koo nyaatta?' Dubbii kana jaarsi nuuf haa ilaalu jedhe.
- Bineensonni baay'een sodaachuudhaan waraabessaaf

murteessan; qamaleen

garuu, abshaalummaadhaaf namichaaf murteessite.

Fakkeenya, (yaada ijoo keeyyataatiin keeyyata jalqabame)

Gaaf tokko waraabessi sa'a nyaate. Warri sa'i jalaa nyaatantes, baay'ee aarani.

Kanarraa kan ka'e, isaan keessaa namoonni lama waraabessicha ajjeesuuf duukaa bu'an....

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9:

A. Jechoot armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A’ jalatti eeraman hiika isaanii kanneen roga ‘B’ jalatti kenname waliin walitti firoomsi!

A

1. Tola ooltummaa
2. Gargaaruu
3. Gumaachuu
4. Harka qalleeyyii
5. Dulloomaa
6. Dureessa
7. Hojii
8. Hirmaachuu
9. Gamtaa
10. Adda adda

B

- A. Abbaa qabeenyaa
- B. Raagaa/ Nama umurii dheeraa jiraate
- C. Tokkummaa
- D. Deeggarsa gochuu
- E. Hojii fedhiidhaan hojjetamu
- F. Gargar
- G. Qooda fudhachuu
- H. Qabeenya kan hinqabne
- I. Dalagaa
- J. Kennuu

B. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A’ jalatti eeraman faallaa isaanii kanneen roga ‘B’ jalatti kenname waliin walitti firoomsi!

A

1. Arjaa
2. Sooressa
3. Fudhachuu
4. Qeenxee
5. Jalqaba
6. Baadiyyaa
7. Walitti qabuu
8. Baasii
9. Dhabuu
10. Yaadachuu

B

- A. Magaalaa
- B. Irraanfachuu yookin dagachuu
- C. Kennuu
- D. Galii
- E. Hiyyeessa
- F. Danuu
- G. Doqna
- H. Argachuu
- I. Xumura
- J. Gargar baasuu

Barannoo Jaha: Caasluga**Gilgaala 10: Jechoota Tishoo/Diigala/****A. Gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'achuun afaanii deebisaa!**

1. Jecha tishoo jechuun maal jechuudha?
2. Jechoota tishoo walitti himaa.
3. Jechoonni tishoo akkaataa kamiin ijaaramuu danda'u?

Tishoo/diigala jechuun jechoota hiika adda addaa qaban lama walitti ida'uun jecha haaraa kan duraa irraa hiika addaa qabuufi danachuu/baay'achuu danda'u tokko uumuudha.

Jechoonni tishoo karaa garaagaraa tisheessuun nidanda'ama. Isaanis: walitti maxxansuun barreessuu, walirraa siqsuun barreessuufi sarara xiqqaa gidduu galchuun barreessuudha

a. Jechoota tishoo walitti siqsuun barreeffaman

Fakkeenya: caasaa + luga = caasluga

b. Sarara xiqqaa gidduu galchuun barreessuufi walitti butuun barrees suudha.

Fkn. (a) Saba + lammii = sab-lammi

c. walirraa siqsuun barreessuu

Fakkeenya, (a) Abbaa + Gadaa = Abbaa gadaa

Adeemsa jechoota kanneen tisheessuu keessatti jechoonni qubee/birsaga ofirraa gatuun tisheeffaman yoo jiraatan kanneen ofirraa osoo hingatiin tisheefamanis nijiraatu. Jechoonni tishoo karaa ittiin jechoonni haaraa uumaman keessaa tokko yommuu ta'an, kunis gareewwan jechootaafi aadaa/seera dubbii hawaasichaa bu'uureffachuun kan ijaaraman ta'u. kunis: (maqaafi maqaa, maqaafi addeessa, maqaafi durduubee, xumuraafi xumura, maqaafi xumura, kkf fa'i.)

a. Jechoota tishoo maqaafi maqaa irraa uumaman

Fkn: Maqaa

Maqaa

Jcha tishoo

Saba

Lammii

Sablammii

b. Jechoota tishoo maqaafi addeessaarraa uumaman.

Fkn. Maqaa

Addeessa

Jechoota tishoo

Sanbata

guddaa

Sanbata guddaa

c. Jechoota tishoo maqaafi durduubee irraa uumaman.

Jecha maqaa

Jecha durduubee

jecha tishoo

Miila

jala

Miiljala

d. Jechoota tishoo xumuraafi xumurarraa uumaman.

Jecha xumuraa

jecha xumuraa

jecha tishoo

Bu'e

bahe

bu'aa bahii

Gilgaala 11:

A. Jechoota armaan gadii tisheessuun barreessi!

1. Abbaa + Alangaa _____
2. Garaa + laafaa _____
3. Harka + qallaa _____
4. Qote + bule _____
5. Saba + lammii _____
6. Jaarsa + biyya _____
7. Qofaa + galuu _____
8. Gidduu + galuu _____
9. Mataa + duree _____

B. Jechoota tishoo armaan gaditti dhiyaatan fayyadamuun hima ijaari!**Fakkeenya, mata-daree**

1. Miiljaalee: _____
2. Gara laafessa: _____
3. Sablammii: _____
4. Mana kitaabaa : _____
5. Abbaa seeraa: _____
6. Sardiida: _____
7. Hardiida: _____
8. Abbaa duulaa: _____
9. Faayida qabeessa: _____
10. Rogsadee: _____

Maqaalee qeenxee fi danuu

Lakkoofsi baay'inni waan tokkoo hangam akka ta'e mul'isa. Wanti sun yoo tokko ta'e qeenxee yoo tokkoo ol ta'e ammoo danuu jedhama. Haata'u malee, maqaaleen hundumtuu qeenxee yookiin danuu ta'u jechuu miti.

Maqaaleen Afaan Oromoo unka isaanii jijjiirachuudhaan danoomsiituu maxxanfachuu danda'an maqaalee lakkaawwamanidha. Fakkeenyaaf, nama, biyya, muka, harree, gaara, laga, quba fudhachuun nidanda'ama. Gama biraatiin, maqaaleen latii danoominaa hinmaxxanfanne maqaalee hinlakkaawwamnedha. Fakkeenya. bishaan, lafa, daakuu, daaraa, kaasuun nidanda'ama

Jecha qeenxee

1. Nama
2. Saree
3. Laga
4. Muka
5. Kitaaba

jecha danuu

- namoota
saroota
laggeen
mukkeen
kitaabota/kitaabilee

Gilgaala 12:

A. Jechoota qeenxee armaan gaditti siif kennaman danoomsii barreessi!

1. Biqiltuu_____
2. Sa'a_____
3. Harree_____
4. Abbaa_____
5. Birkii_____
6. Ogeessa_____
7. Hoolaa_____
8. Rakkataa_____
9. Mana_____
10. Farda_____

B. Maqaalee armaan gadii erga danoomsitee booda dhamjecha isaan fudhatanii danooman adda baasii barreessi!

Fakkeenya, bineeyyii,-yyii

1. Re'ee:_____
2. Kutaa:_____
3. Meeshaa:_____
4. Tooftaa:_____
5. waraabessa:_____
6. Laga :_____
7. Muka :_____
8. Kitaaba:_____
9. Quba:_____
10. Gaangee :_____
11. Dargaggeessa :_____
12. Barsiisaa :_____

BOQONNAA AFUR

SEENAA NAMOOTAA BEEKAMOO

Kaayyoo : Xumura boqonnaa kanaatti:

- Yaada afee/dubbisaa dhaggeeffattee dinqisiifatta.
- Ajaja gareedhaan kenname irratti mari'atta.
- Jechamoota baramoo addaan baasuun ibsita.
- Sababoota gara garaatiif jechoota walfakkaatanitti gargaaramta.
- Sababaafi bu'aa adda baasta.
- Jechoota ce'umsaa adda baasta.
- Gosoota gaalee adda addaa nihimta..

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa .

A. Gaaffiiwwan armaan gadii barreeffama barsiisaan/tuun keessan isiniif dubbisu/tu dhaggeeffachuun dura gareedhaan irratti mari'adhaa!

1. Waa'ee seenaa jireenyaa maal beektu?
2. Namni hojii akkamii yoo hojjete beekamtii argata?
3. Seenaa jireenyaa nama beektanii tokkoo walitti himaa!
4. Seenaa Atileet Daraartuu Tulluu maal beektu?

B. Jechoota armaan gaditti kennamaniif hiika isaanii tilmaamaa!

- | | |
|--------------|--------------|
| a. miidhamuu | c. nyaattee |
| b. mo'achuu | d. dorgommii |

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa barsiisaan/tuun siif dubbisu/tu dhaggeeffachuudhaan gaaffilee armaan gadii deebisi!

1. Atileet Daraartuu Tulluu eessatti dhalatte?
2. Daraartuun Yeroo jalqabaatiif meedaaliyaa warqee bara kam argatte?
3. Daraartuun bara kam dhalatte?

B. Himoota armaan gaditti dhiyaatan yaada sirrii kan ta'an Dhugaa' yaada sirrii yoo hintaane 'Soba' jechuun deebisi!

1. Daraartuun yeroo jalqabaatiif Meedaaliyaa Warqee kan argatte bara 1940tti.
2. Daraartuun Wallaggatti dhalatte.
3. Fiigicha Daraartuun ittiin beekamtu keessaa tokko maaraatooniidha.
4. Daraartuun Maraatoonii Landaniifi Tookiyoo irratti lammaffaa baate.
5. Maraatoonii magaalaa Niwuuyoorkitti yemmuu dorgomte umuriin ishee 37dha.

C. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa, gaaleewwan/himoota roga 'A' jalatti kennaman roga 'B' jalaa barbaadii walitti firoomsi!

A

1. Bakka dhaloota Daraartuu
2. Hojii Daraartuun yeroo ijoollummaa hojjette
3. Yeroo jalqabaa bara meedaaliyaa argatte
4. Bara shaampiyoona qaxxaamura addunyaa irratti hirmaatte
5. Biyya Daraartuun bara 2009 maaraatoonii irratti hirmaatte

B

- A. Poorchugaaliifi Liisbaan
- B. 10,000m
- C. Niwu yoorkii
- D. 1996
- E. loon tiksuu
- F. 1992
- G. Arsii, Boqojjii

Gilgaala 3. Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kee barreeffamaan dhiyeessi!

1. Fiigicha Shaampiyoonshiippii Qaxxaamura Biyyaa kan Addunyaa IAAF irratti Daraartuun maal taatee 4ffaana xumurte.
2. Biyyoota Daraartuun irratti hinjifattee tokkoffaa baate barreessi.
3. Daraartuun Bara 1993 fi 1994tti maal taanaan fiigicha addaan kutte?

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan kanaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa!

1. Namoota beekamoo naannoo keessanitti argaman maqaa isaanii himaa. Maaliin beekamu?
2. Gootota Oromiyaan qabdu keessaa eenyu fa'aa beektu? Maqaa isaanii himaa.
3. Namni tokko goota kan jedhamu yoo maal hojjetedha?
4. Seenaa jireenyaa jechuun maal jechuudha?
5. Suurri armaan gaditti argamu kan eenyuu isinitti fakkaata?



B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegalin dura

hiika isaanii tilmaami!

- a. qaxalee
- b. dandamachuu
- C. callaa
- d. badhaadhee
- e. laatu

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!

1. Piroofeesar Gabbisaa Ejjetaa eessatti dhalate?
2. Piroof. Gabbisaan dippiloomaa isaa eessatti barate?
3. Piroof. Gabbisaan naannoo dhaloota isaatti maal hundeesse?
4. Gosti midhaanii Piroofeesar Gabbisaan qorannoo irratti gaggeesse maali?
5. Piroof. Gabbisaa yeroo jalqabaa badhaasa maalii argate?

LOOREET PIROFEESAR GABBISAA EJJETAA

Looreet Pirofeesar Gabbisaa Ejjetaa godina Shawaa lixaa aanaa Dandii naannoo magaalaa Oolankomiitti bara 1950 A.L.H. tti dhalate. Kan dhalates, abbaa isaa obbo Ejjetaafi haadha isaa aadde Mootuu irraati. Akkuma inni dhalateen abbaafi haati isaa adda bahani. Kunis kan ta'e, obbo Ejjetaan aadde Mootuufi mucaa isaanii dhiisuudhaan Wallaggatti galuu isaanii irraa kan ka'edha.

Umriin pirofeesar Gabbisaa barnootaaf geenyaan aadde Mootuun mana barumsaa Oolankomii sadarkaa tokkoffaa geessuun galmeessiste. Sana booda, Piroof. Gabbisaan kutannoon karaa fageenya isaa 20km ta'u miillaan deeme barachuu itti fufe. Kutaa saddeetittis qorumsa biyyaalessaa qabxii olaanaa galmeessise. Ciminii isaafi qabxiin inni galmeessise kunis mootummaa Ameerikaarraa gargaarsa akka argatu taasise.

Gargaarsa kanaan mana barumsaa Amboo sadarkaa lammaffaatti kutaa 9^{ffaa} seenee barachuu eegale. Barumsa isaattis qaxalee waan ta'ee, qabxii gaarii fidee Kolleejjii Qonnaafi Teeknikaa Jimmaa seene. Piroof. Gabbisaan kolleejjii kanarraa Saayinsii biqiltootaatiin dippiloomaan eebbifame. Qabxiin inni galmeessises gaarii waan tureef, battalumatti Kolleejjii Qonnaa Hamaayaatti galee bara 1973tti digirii jalqabaatiin eebbifame.

Qindeessaan Kolleejjichaa cimina Piroof. Gabbisaa waan hubateef qorataa Saayinsii mishingaa kan ta'ee Yuunivarsiitii Purduu irraa kan dhufe nama Akisteel jedhamuun walitti fide. Akisteelis gargaaraa qorataa taasifachuun miindesse. Cimina Piroof. Irraa kan ka'as, akka itti fufee baratuuf Yuunivarsiitii Purduuditti affeere. Kanaan booda, Yuunivarsiituma kanatti bara 1976 digirii 2^{ffaa}, bara 1978tti immoo digirii 3^{ffaa} fudhachuun gargaaraa piroofeesaraa ta'e. Haalli siyaasa biyya keenyaa yeroo sanaa rakkisaa waan tureef, gara Itoophiyaatti deebi'uurra biyya alaa turuuf murteesse.

Sanaan booda, Piroof. Gabbisaan dhaabbata qorannoo midhaanii Idil Addunyaa Biyyoota Gammoojjii seene. Hojii qorannootiifis gara Sudaan deeme. Achittis, yeroo jalqabaatiif sanyii mishingaa hongee dandamachuun oomisha gaarii kennu qorannoodhaan argate. Itti fufuun gara Yuunivarsiitii Purduutti deebi'uun gadifageenyaan qoratee sanyii mishingaa callaa gaarii kennu, kan hongee dandamatu, kan kaarboohaaydireetiin badhaadhe argachuu isaa qorannoon mirkaneesse.

Mishingaan inni qorannoodhaan argate kun, aramaa kan mo'atuufi kan qilleensa Afriikaatiif mijataa ta'e. Piroof. Gabbisaanis, hojii kanaan addunyaa kanarratti beekamtii argate. Sanyiin kun bara 1999 Sudaan keessatti sanyii biyyicha keessa tureen walbira qabamee yoo ilaalamu, dhibbeentaa 150 ol kan dabaluu ta'uu isaatu mirkanaa'e.

Piroof. Gabbisaanis qorannoo isaa mishingaa irratti taasisu kana babal'isuun ittiin piroofeesara ta'e. Sagantaa bara 1994 irraa biyyoonni Baha Afriikaa, keessumaayyuu Itoophiyaa, Eertiraa, Keeniyaa fi Taanzaaniyaan fayyadamtoota ta'ani. Piroojeektin qorannoo qonnaa iddoo dhaloota isaatti inni baneefi qorannoo kanneen biraatiif baajata doolaara Ameerikaa 250,000 qabameefiin Itoophiyaaf faayidaa dabalataa argamsiisee jira.

Piroofeesar Gabbisaan bu'aa buuseefi karaa saayinsaawaa ta'een qorannoo gaggeessu irratti gahumsa qabuun bara 2009tti Piroof. Olaanaa ta'ee Sagantaa Nyaata Addunyaa irraa badhaasa 'Noobeelii' Looreetummaa argate. Battaluma badhaasa kana argatetti, mootummaa Itoophiyaa irraa immoo badhaasa 'Nishaanii Goota Saayinsii' jedhu argate. Badhaasni inni akka addunyaatti argate kun, Itoophiyaatti nama jalqabaa isa taasise. Yeroo ammaa kana piroof. Gabbisaan dhaabbilee qorannoo midhaanii garaagaraaf gorsaa, walitti qabaa, boordii, pirezedaantiifi miseensa ta'uun tajaajilaa jira. Kanneen keessaa Giddu gala Qorannoo Qonna Addunyaa, Dhaabbata Rookfeelar, Dhaabbata qonnaafi nyaata addunyaa, Gamtaa Sochii Magariisaafi Kaawunsilii Qonnaa Idil addunyaa Chikaagoo akka fakkeenyaatti eerama. Ejeensii Misooma Idil Addunyaa Mootummaa Ameerikaa keessatti immoo gorsaa addaati. Bara 2011 pirezedaantii Ameerikaa Obaamaatiin filatamee miseensa Dhaabbata Qonnaafi Midhaan nyaataa Addunyaa ta'uun akka hojjetuufis muudamee jira.

Walumaagalatti, Piroof. Gabbisaan yeroo daa'imummaa isaa rakkoolee turaniif harka osoo hinkenniin, kutannoofi abdii guutuun keessa darbe. Har'a immoo nama guddaa ta'uun masaraa mootummaa Ameerikaa Waayit Haawusii keessa jiraachaa jira. Jireenya dhuunfaa isaa mijeeffachuu irras taree, kan mootummaa biroo mijeessuu irratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Beekumsaafi kutannoo qabuun jiruufi jireenya lammii isaa mijeessaa jira. Gochaafi gumaacha isaa kanaan immoo, namoota addunyaa maraaf fakkeenya gaarii ta'ee jira.

Madda: Gaazexaa Bariisaa Bara 2011 maxxanfame.

B. Himoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif yaada sirrii ta'e

‘Dhugaa’ kan sirrii hintaane immoo ‘Soba’ jedhii deebisi!

1. Piroof. Gabbisaan qorannoo jalqabaa biyya alaatti gaggeesse.
2. Piroof. Gabbisaan Itoophiyaaf bu'aa guddaa buuse.
3. Mootummaan Itoophiyaa Piroof. Gabbisaa ‘Nishaanii Goota Saayinsii’ jedhu badhaase.
4. Goonni maqaan isaa seenaa kana keessatti kaafame piroof. Badhaasaa Gabbisaati.
5. Piroof. Gabbisaan Qorannoo mishingaa irratti beekamtii argate.

C. Jechoota armaan gaditti dhiyaataniif hiika isaanii filannoowwan kennaman keessaa filachuun deebisi!

1. Isaanii (keeyyata 1)

A. qabeenya

B. piroof. Gabbisaa

C. mishingaa

D. obbo Ejjetaa

2. Seenaa (keeyyata 3)

A. gale/lixee

B. deeme

C. fakkaate

D. fiige

3. Mirkaneesse((keeyyata 5)

A. deeggare

B. raggaasise

C. kabaje

D. fashaleesse

4. gammoojjii(keeyyata 5)

A. baddaa

B. badda daree

C. lafa ho'aa

D. lafa olka'aa

5. gumaachuu(keeyyata 9)

A. barbaaduu

B. kennuu

C. tolchuu

D. dhiisuu

D. Jechoota gaditti dhiyaataniif akka galumsa isaaniitti hiika galumsaa isaanii kenni!

1. Battalumatti (keeyyata 3)

2. Badhaasa (keeyyata 8)

3. hongee (keeyyata 5)

4. Eegale (keeyyata 3)

5. mo'atu (keeyyata 6)

6. taasisu (keeyyata 7)

7. gaggeessuu (keeyyata 8)

8. kennu (keeyyata 5)

9. filatame (keeyyata 8)

10. mijeeffachuu (keeyyata 9)

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan dubbisaa irratti hundaa'uun dhiyaatan barreeffamaan gabaasi!

1. Hojiiwwan gurguddoo piroof. Gabbisaan hojjete barreessi.

2. Sababni piroof. Gabbisaan Looreetummaa argateef maali?

3. Dubbisa kana irraa maal baratte?

4. Ergaan waliigalaa dubbisa kanaa maali?

Barannoo saii: Fayyadama jechootaa

Gilgaala 7: Jechoota hiika walfakkaatan qaban

A. Jechootni armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A’ jalatti eeraman hiika isaanii kan roga ‘B’ jalatti kenname waliin walitti firoomsi!

A

1. Umrii
2. Kutannoo
3. Gargaarsa
4. Sanyii
5. Mijeessuu
6. Gadi fageenyaan
7. Eerame
8. Tare
9. Badhaasa
10. laatu

B

- A.tolchuu
- B.darbe
- C. gosa midhaanii
- D. bona
- E.deeggarsa
- F. ibsame
- G . kennu
- H. kennaa
- I. murannoo/ejjennoo
- J. waggaa
- K. bal’inaan

B. Jechoota armaan gaditti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guuti!

mootummaan

beekumsa dhaabbata

filatamaa battaluma

gorsa

hordofteef

fakkeenya sagantaa

saayinsaawaa midhaanii

mijeeffachuu guutuun

qorannoo

1. Piroof.Gabbisaan akka _____tti nama maqaa isaa dhahamu keessaa isa tokko.
2. Namoonni hojii tokko hojjechuun dura haala _____qabu.
3. Mishingaan gosa_____hongee danda’u keessaa isa tokko.

4. Ijoolleen _____ haadhaafi abbaa hordofan bakka guddaa gahu.
5. Namni balaan irra gahe _____ sanatti mana yaalaa deemuu qaba.
6. Nyaata _____ nyaachuun fayyaa namaatiif barbaachisaadha.
7. Dhaabbanni qoranoofi qo'annoo adeemsisu karaa _____ ta'een gaggeessuutu irraa eegama.
8. Kitaaba addaddaa dubbisuun _____ dabalataa argachuufi.
9. Toltuun barumsa ishee haalaan waan _____ qormsa darbite.
10. Namni cimee hojjennaan _____ nibadhaasa.

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 8: Shaakala Seenaa Jireenyaa

A. Gume seenaa Leensee armaan gaditti kenname gara keeyyataatti jijjiirii barreessi!

- Maqaa -Leensee
- Umrii -15
- Koorniyaa -dubara
- Kutaa -8
- Maqaa abbaa -Oljirraa Dagaagaa
- Maqaa haadhaa -Qananii Ittafaa
- Obboleeyyii:
 - o Obboleessa- 1(quxusuu)
 - o Obboleettii-1(quxusuu)
 - o Obboleettii-1(hangafa)
- Bakka jireeyaa -Finfinnee, Gullallee
- Hojii maatii:
 - o Abbaa -konkolaachisaa
 - o Haadha- daldaaltuu
- Yeroo boqonnaa kan hojjetu:
 - o Kitaabilee asoosamaa dubbisti.
 - o OBN, Gaammee Daawwachuu

- Akaakuu barnootaa jaallattu:
 - o Afaan Oromoo
 - o Ingiliffa
- Karoora fuulduraa:
 - o Gaazexeessituu

B. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen barreeffamaan deebisi!

1. Seenaa jireenyaa kee keeyyata lamaan barreessi dareef dhiyeessi.
2. Waa'ee seenaa jireenyaa nama beekamaa tokkoo ragaa funaanii keeyyata sadiin barreessii dhiyeessi.

Yaadannoo

Seenaan jireenyaa seenaa dhuunfaa ofiifi kan nama biroo barreeffamaafi afaaniin kan dabarfamudha. Seenaan jireenya namaa karaa lamaan dhiyaata. Isaanis: Seenaa jireenya dhuunfaafi seenaa jireenya nama birooti.

➤ Seenaa jireenya dhuunfaa :-Seenaan kun namni tokko waa'ee isaa, eenyurraa akka dhalate,eessatti akka dhalate,haala kamiin akka guddateefi yeroo ammaa kanatti maalirra akka jiru namoonni biroo dubbisanii akka hubatan gochuuf kan ofuma isaatiin barreessudha.

➤ Seenaa jireenya nama biroo:-Namni tokko waa'ee seenaa nama biroo ,eenyurraa akka dhalate,eessatti akka dhalate,haala guddina isaa,amma maalirra akka jiru namoonni biroo dubbisanii akka hubachuu danda'aniif namni biroo kan barreessudha.

Barannoo shan: Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Jechamootaa

A. Jechamoota armaan gaditti dhiyaataniif hiika kenni!

1. Fixeensa ganamaa_____
2. Bishaan taasise_____
3. Ifa baqata _____
4. Gurra mure _____
5. Ijaafi adaamii_____

6. Madaa daljeessaa _____
7. Cirracha lakkaa'e _____
8. Harka wayaa jalaan _____
9. Huccuu gate _____
10. Lafee cabse _____
11. Ibidda dhaamsa _____
12. Lafa seene _____

Jechama

Jechamni jechoota, gaalewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biroo dabarsuuf fayyaduu danda'anidha.

Fkn. Garaa nyaatte. (mararte)

Ifa baqata (sodaataadha)

- a. Funyaan bira _____ dhiyoo
- b. Guduruudha _____ daa'ima
- c. Ibiddi baheef _____ heerumte
- d. Huurruu dhaabe _____ dallane.

Gilgaala 10 : Yaadota graagaraa keessatti jechoota walfakkaatan fayyadamuu

A. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika galumsaa isaanii kenni!

Fakkeenya, a. Seenaa biyyaa beekuun barbaachisaadha. (Maalummaa)

-Qorra keessaa gara manaatti ol seenaa. (lixaa)

1. Dubbiin ganama natti himte mataa nadhahe.
2. Qaruuraan minjaala irraa lafa dhahe.
3. Nyaanni guyyaa ayyaanaa qophaa'u adda.
4. Yaa Rabbi adda nuuf kenni!
5. Tulluun haada kute.
6. Bishaan dheebuu narraa kute.

7. Barumsi madda beekumsaati.
8. Madda nyaataa maal fa'a beekta?
9. Namni osoo aaruu kolfa.
10. Hojii gadhee hojjechuun kolfa.

Gilgaala 11: Shaakala Sababaafi bu'aa

A. Gaaffilee armaan gadii irratti mari'achuun deebisaa!

1. Sababa jechuun maal jechuudha?
2. Caasaa hima tokkoo keessatti bu'aa jechuun maal agarsiisa?
3. Gocha sababamoo bu'aatu dursa?

B. Himoota kanaan gaditti dhiyaatan sababaafi bu'aa isaanii fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uun guutii barreessi!

Fakkeenya, Koloneel Abdiisaa Aagaa birmadummaa biyya isaatiif waan dhaabbateef, uummata biratti kabaja guddaa argate.

Fakkeenya olitti kenname keessatti kan si'a tokko jala murame sababa yoot a'u, kan jala hinsararamne immoo bu'aadha.

1. Kumeen barattuu cimtuu waan taateef, _____.
2. _____, lolaan bishaanii balaa cimaa uume.
3. Namni jabaatee yoo hojjete, _____.
4. Akka malee konkolaataa yoo oofan, _____.
5. _____, dorgommii irraa hafte.

C. Yaadolee roga A jala jiran, akka yaada sababaafi bu'aa qabaataniitti walitti firoomsii!

A

1. Roobni cimaan roobe,
2. Namni yoo barate,
3. Biqiltuun yoo kunuunfame,
4. Naannoo keenya qulqulleessuu yoo baanne,
5. Daa'imman kunuunsa yoo hinarganne,

B

- A. beekumsa gonfata
- B. qabeenyaa baay'ee balleesse.
- C. dhukkubaaf saaxilamna
- D. firii gaarii argamsiisa.
- E. walii hingalani
- F. niquucaru.

Yaadannoo

Sababa jechuun ka'umsa waan tokkoo yoo ta'u, bu'aa kan jedhamu immoo firii waan argame sanaati. Firiin kunis, miidhaa yookiin faayidaa ibsu ta'uu danda'a. Hima sababaafi bu'aadhaan ijaarame keessatti jechi ce'umsaa jiraachuu danda'a Fakkeenyaaf, Miseensi maatii yoo dabale,baay'inni uummataa nidabala.

Jabaatee waan hojjeteef, hiyyummaa keessaa bahe.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jala muraman jechoota ce'umsaati. Jechoonni kunis hima keessaa hafnaan himni guutuu akka hintaane godha. Gama biraatiin jechoonni ce'umsaa yaanni tokko gara yaada isa biraatti ce'uu kan dandeessisu yoo ta'u,dabalataanis taateen tokko tartiiba eegee gara isabiraattiakka ce'u godha.

Gilgaala 12: Shaakala Gaalee

A. Gaaleewwan armaan gaditti siif kennaman gosa isaanii adda baasii barreessi!

1. Gara manaa
2. Nyaata garbuu
3. Buna wallaggaa
4. Kophee adii
5. Akka fardaatti
6. Baay'ee cimtuu
7. Jabeessaan bishaan dhuge
8. Dhagaa gurraacha.
9. Konkolaataa fe'umsaa
10. Bishaan taliila

B. Himoota armaan gadii keessaa gosa gaalee adda baasii barreessi!

1. Jabeessaan amalaan gaariidha.
2. Inni mana dhagaa ijaare.
3. Qabeenya namaa hatuun yakka.
4. Gara Finfinneetti qajeelan.
5. Isaan biqiltoota hedduu dhaabani.

C. Gaaleefi himoota roga ‘A’jalatti kennaman akkaataa walitti dhufeenya isaaniitii kan roga’B’jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Namoota danuu
2. Hojiitti haa cimnu.
3. Mana jala
4. Namni beekaan nama kabaja.
5. Waa’ee namaa
6. Qulqullina naannoo keenyaa eeguu qabna.

B

- A. Hima
- B. Gaalee

Yaadannoo Gaalee

Gaaleen wal hammannaa jechootaa hojii tokko hojjetanidha. Gaaleen baay’een isaanii ergaa guutuu kan hindabarsineefi guuttuu ykn qaama himaa ta’uun kan tajaajilanidha.

→ Gaaleen ergaa guutuu dabarsuu danda’u gaalee gochimaa qofaadha. Sababnisaas, gaaleen gochimaa mathimnisaa dhokatee kan argamu ta’us, hima ta’uu waan danda’uuf.

Gosoota Gaalee

Gosa gaalee tokko murteessuuf inni bu’uuraa mataa gaaleeti. Mataa gaalee irratti hundaa’uun gaaleen bakka afuritti qoodama. Isaanis: Gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee gochimaafi gaalee durduubee/firoomseeti.

A. Gaalee maqaa: Gaaleen maqaa kan mataan isaa maqaa ta'e, yookiin maqaadhaan ogganamudha!

Fakkeenyaaf, Buna Jimmaa

Mana citaa

Sa'a aannanii

Mataan gaalee gaaleewwan kanneenii: “buna” “mana ” fi “sa'a” kanneen jedhamanidha. Gama biraatiin gaaleen maqaa maqaafi maqibsarraa ijaaramuu danda'a.

Fakkeenyaaf, Konkolaataa adii

Hoolaa gurraacha

Mana bal'aa

B. Gaalee maqibsii: Tuuta gaalee sana ijaaran keessaa kan mataan gaalichaa maqibsii ta'ee agarsiisa!

Fakkeenyaaf, magaala qal'aa

Baay'ee cimtuu

Fkn. (a) Galaaneen hojjiisheetti baay'ee cimtuudha. Mataan gaalee kanaa jecha “cimtuu” jedhudha.

C. .Gaalee durduubee

Gaaleen durduubee tuuta jechoota gaalee ijaaran sana keessaa kan mataan gaalee sanaa durduubee ta'e jechuudha.

Himoota lamaan armaan gadii keessatti kan jala muraman gaalee durduubeeti.

Fkn. a. Caaltuun gara Finfinnee deemte.

b. Oromoon Odaa jalatti seera tuma

D. Gaalee gochimaa

Gaaleen gochimaa gaalee mataan isaa gochima ta'edha.

Fakkeenyaaf,

a. Taliileen buddeen xaafii tolchite.

b. Moosisaan buna danfise.

Himoota fakkeenya armaan olitti barraa'an keessatti kanneen jala muraman gaalee gochimaati.

BOQONNAA SHAN

BISHAANIIFI FAAYIDAA ISAA

Kaayyoo :xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuu keessaa yaadannoo fudhatta.
- Faayidaa bishaanii ibsita.
- Afee/dubbisa dhiyaate hubattee hariiroo/ sababaafi bu'aa adda baasta.
- Barruu seenessaa barreessita.
- Hiika kallattii jechootaa addaan baastee ibsita.
- Himoota ceelaafi ce'aa adda baasta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo dhaggeeffachuutti hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa!

1. Laggeen biyya keenya keessatti argaman kam fa'a beektu?
2. Faayidaalee bishaan qabu afaaniin ibsaa.
3. Waa'ee laga Hawaas maal beektu?
4. Fakkii armaan gadii irraa maal hubattu?





B. Dubbisa siif dubbifamu osoo hindhaggeeffatiin jechoota armaan gadii hiika isaanii tilmaami!

- | | |
|--------------|----------------|
| a. Gumaachuu | b. walqabatee |
| c. ka'umsa | d. biyya ambaa |

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachaa himoota armaan gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa,' yoo dogoggora ta'an immoo 'Soba' jedhii deebisi!

1. Laggeen biyya keenyaa keessaa dheerinni laga Hawaas sadarkaa lammaffaadha.
2. Lagni Hawaas madda galiif hinoolu.
3. Dheerinni laga Hawaas 1200kmdha.
4. Laggeen biyya keenyaa bahanii biyya biroo deeman keessaa Hawaas isa tokko.
5. Laggeen Hawaasitti makaman keessaa tokko laga Abbayyaati.

B. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa jechoota armaan gadiitiif hiika isaanii filannoo kenname keessaa filachuun deebisi!

- | | | | |
|----------------|-------------|------------|---------------|
| 1. Hiruu : | A. kennuu | B. qooduu | C. tuuluu |
| 2. Daawwachuu: | A. ilaalu | B. dhoksuu | C. hirmaachuu |
| 3. Ededa : | A. keessa | B. gidduu | C. qarqara |
| 4. Shoora : | A. dinagdee | B. guddina | C. hojii |
| 5. Iddoo : | A. muraasa | B. biyyee | C. bakka |

Gilgaala.3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!


1. Karaalee lagni Hawaas misoomaaf tajaajilu barreessi.
2. Lagni Hawaas warshaalee kam fa’atiif faayidaa kennaa jira?
3. Laga Hawaas laggeen biroo irraa maaltu adda taasisa?

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa siif dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan kanaa gadii afaaniin deebisi!

1. Fakkiiwwan asiin gaditti kennaman irraa faayidaalee bishaanii maalfaa hubatta?
2. Bishaan fakkiiwwan irratti ibsamaniin ala faayidaalee akkamii qaba?
3. Bishaan naannoo keessanii jiraattota naannoo sanaaf tajaajila akkamii kennaa jira?
4. Yoo bishaan hinjirre lubbu qabeeyyiin maal ta’u ?



Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an ‘Dhugaa,’ yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba’ jedhii deebisi!

1. Qaama keenya bishaan gahaa dhabsiisuun akka soorata gahaa dhabsiisuutti lakkaa’ama.
2. Baay’inni bishaanii qaama keenya keessaa irra jireessi isaa soorata irraa argama.
3. Faayidaa bishaanii keessa inni tokko dhiibbaa dhiigaa cimsuudha.

Namni bishaan malee ji'a sadii taa'uu nidanda'a.

5. Qulqullina bishaanii eeguun baay'ee hinbarbaachisu.

6. Bishaan qabeenya namni uumamaan argatu keessaa isa tokko.

7. Bishaan bineeldota qofaaf tajaajila kenna.

8. Bishaan yeroo baay'ee dhuguun nyaataa dugdaa namatti fooyyessa.

Faayidaa Bishaanii

Bishaan faayidaa hedduu kenna. Wantoonni lubbu-qabeeyyii ta'anii lafa kana irra jiraatan marti bishaan malee socho'uufi nyaata isaanii qopheeffachuu hindanda'an. Namni fayyummaan jiraachuu barbaadu bishaan gahaa qaama isaatiif barbaachisu dhuguu akka qabu ogeeyyiin nidubbatu. Bishaan dhuguun, vaayitaaminootaafi soorata qaama namaa gabbisan balleessuufi qaama keessaa akka xuuxamu taasisa.

Kanaafuu, sooranni sirnaan daakamuun fayyaan qaamaa akka eegamu godha. Qulqullina kaleefi tiruufis faayidaan isaa guddaadha, Bishaan dhuguunhumna yookiin anniisaa namaa fooyyessuu irratti qooda guddaa qaba. Bishaan cimina sammuufi cimina qaamaa nidabala; gogaan qaama namaas akka miidhagu taasisa. Ulfaatinni qaamaa madaala isaa eegee akka turu taasisa. Kana malees, bishaan dhuguun hiddi dhiiga namaa akka sirriitti hojjetu godha.

Bishaan kan dhugamu dheebuu qofaaf osoo hintaane hojiin qaamni keenyaa akka sirratu gochuufi. Namooni hedduun garuu, bu'aa bishaanii waan sirriitti hinbeekneef hanga qaama isaaniitiif barbaachisu hindhugani. Namni fayya buleessi tokko guyyaatti bishaan burcuqqoo saddeetiifi kanaa ol dhuguu qaba. Hojii cimaa yookiin Ispoortii fayyadama taanaan immoo kanaa ol dhuguu akka qabu kan ogeeyyiin nigorsu. Namni bishaan gahaa hindhugne dhukkuboota akka

dhibee sombaafi nyaataa dugdaa qaba taanaan akka itti cimsu ogeeyyiin fayyaanidubbatu.

Kutaa qaama keenyaa keessaa 75% bishaani. Kanaaf, qaamni keenya bishaan gahaa akka hinarganne taasisuun, akka soorata gahaa dhabsiisutti lakkaa'ama. Hinuumaayyuu namni soorata malee guyyoota hedduuf jiraatus, bishaan malee jiraachuu akka hindandeenye mirkanaa'eera. Fakkeenyaaf, namni ufaatinnni giddugaleessa qabu tokko nyaata malee bultii soddoma jiraachuu yemmuu danda'u, bishaan malee yoo ture garuu sa'aatii 72 keessatti du'uu akka danda'udha. Gama biraatiin, bishaan tajaajila mana keessaafis baay'ee fayyada.

Namni qaama isaa dhiqachuufis ta'ee, huccuu miiccachuuf bishaanitti gargaarama. Akkasumas, meeshaalee sooranni ittiin qophaa'uufi dhiyaatu dhiquun qulqullina isaa eeguuf bishaan barbaachisaadha. Faayidaa bishaan namaa kennu keessaa inni biroon misooma qonnaaf ooluu isaati. Hojiin qonnaa immoo bishaan irratti hundaa'edha. Yeroo gannaa, xaafii, qamadii, garbuu, boqqoolloon, baaqelaafikkf, baay'inaan bishaan roobaatiin oomishamudha. Yeroo bonaa immoo, laggeen jallisuufi bishaan boollaa baasuun kanneen akka kuduraafi muduraa, akkasumas midhaan garaagaraa oomishuudhaaf fayyada.

Bishaan madda humna elektiriikii ta'uunis hedduu fayyada. Fakkeenyaaf, Biyya keenya keessatti lagni Gibee, Fincaa'aa, Qooqaa, Malkaa waakannaafi kkf, madda humna elektiriikii kennuun tajaajila kennaa jira. Humni elektiriikii immoo namni akka ifa keessa jiraatuufi soorata ittiin qopheeffatuuf gargaara. Kana malees, bishaan irraa kan maddu elektiriikiin maashinoota warshaalee gurguddaa sochoosuun akka isaan oomisha addaddaa namaaf oomishan taasisa. Kunimmoo dinagdee dhuunfaafis ta'ee kan biyyaa guddisuufis shoora olaanaa qaba.

Bishaan tajaajila geejjibaafis hedduu fayyada. Geejjibni bishaanii walitti dhufeenya biyyootaa shoora guddaa taphata. Fakkeenyaaf, meeshaalee addaddaa biyya tokko gara biyya biroo geessuuf geejjibni bishaanii daran filatamaadha. Sababni isaas, dooniin bishaan irraa meeshaalee ulfaatina qabaniifi baay'ina qaban biyya tokkoo gara biyya biraatti deddeebisuuf geejjiba. Kunimmoo, hariiroo biyyootaa gama dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaatiin cimsuu keessatti faayidaa olaanaa qaba.

Walumaagalatti, bishaan dhugaatiif, soorata qopheessuuf, misooma qonnaaf oola. Akkasumas, bishaan madda elektiriikiif, tajaajila geejjibaaf, bashannanaaf waan ooluuf bishaan naannoo keenya jiru qulqullina isaa eegnee akkaataa barbaachisummaa isaatti gargaaramuu qabna.

Maddi: Kitaaba Barattootaa kutaa 7 bara 2011 fooyya'ee maxxanfame

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu!

1. Maqaa dhahuu: A. maqaa balleessuu B. maqaa waamuu
C. Maqaa xureessuu D. tuffachuu
2. Qaama: A. nafa B. gogaa
C. fuula D. dugda
- 3 Cimsuu:
A. laaffisuu B. dheeressuu
C. fooyyessuu D. dhiisuu
4. Soorata:
A. bishaan B. nyaata
C. baala D. garbuu

5. Qabbaneessuu:

A. qorrisiisuu

B. ho'isuu

C. danfisuu

D. jigsuu

6. Gargaaramuu:

A. fayyadamuu

B. dhiisuu

C. balleessuu

D. faaluu

7. Sirriitti:

A. suuta

B. akka malee

C. haala gaariin

D. baay'ee

8. Tajaajiluu:

A. deeggaruu

B. tumsuu

C. fayyaduu

D. kennuu

9. dhiquu

A. qulqulleessuu

B. xureessuu

C. miiccuu

D. haruu

10. Gabbisan

A. hir'isan

B. furdisan

C. qabbaneessan

D. balleessan

C. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahan hiika galumsa isaanii barreessi!

1. Isaanii (keeyyata 1) _____

2. Gahaa (keeyyata 2) _____

3. Bu'aa (keeyyata 3) _____

4. Fayya-buleessi (keeyyata 3) _____

5. Bultii (keeyyata 4) _____

6. Sirriitti (keeyyata 4) _____

7. Hanqina (keeyyata 2) _____

8. Cimsuu (keeyyata 3) _____

9. Dhaabsisuu (keeyyata 4) _____
10. Qabbaneessuu (keeyyata 4) _____
11. Eegee (keeyyata 6) _____

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisaan Boodaa

A. Akka yaada dubbisichaatti gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii kenni!

1. Faayidaa bishaan irraa argamu barreessi.
2. Dhibeewwan hanqina bishaan dhuguu dhabuu irraa dhufuu danda'an maqaa isaanii barreessi.
3. Baay'inni bishaanii qaama keenya keessa jiru dhibbentaa meeqa akka ta'e ibsi ?

B. Waliin dubbii armaan gaditti jalqabamee hafe xumuri!

1. A. Bishaan eessaa arganna?
B. _____
2. A. Bishaaniin maal qulqulleessina?
B. _____.
3. A. Faayidaan bishaanii maal fa'i?
B. _____.
4. A. Bishaan nama qofaaf fayyadaa?
B. _____.
5. A. Bineensonni bishaan keessa jiraatan maal fa'i?
B. _____.
6. A. Bishaan geejjibaaf kan fayyadu haala kamiini?
B. _____.
7. A. Yaballi, bidiruufi Dooniin maalirra deemu?
B. _____.
8. A. Haroowwan biyyi keenya qabdu keessaa eenyu fa'a beekta?
B. _____.

C. Yaadolee Roga ‘A’ jala jiran kanneen roga ‘B’ jala jiran waliin walitti firoomsi!

‘A’

B

- | | |
|---|---|
| 1. Mataan kee maaliif si dhukkube? | A. Halkan waan hinrafnef. |
| 2. Kaleessa mana barumsa maaliif hafte? | B. Waan zayiita rifeensaa hin diban neef. |
| 3. Rifeensi kee maaliif goge? | C. wantoota nyaataaf barbaachiisan bituuf. |
| 4. Harki kee maaliif si dhiita’e? | D. kaleessa waan mukni na rukkut teef. |
| 5. Maaliif gabaa deemta? | E. Uffata aadaa uffachuu qabna. |
| 6. Guyyaa Ayyaanaa waan ta’eef, | F. rooba gahaa argachuuf |
| 7. Daa’imni maaliif boo’a? | G. Haati waan mana hinjirreef. |
| 8. Qulqullina ofii eeggachuun maaliif barbaachiisa? | H. Haadha koo hojii gargaaruuf. |
| 9. Bosona maaliif kunuunsina? | I. Nyaata madaalamaa nyaachuutu isa irraa eegama. |
| 10. Namni tokko humna qabaachuuf maal gochuu qaba? | J. Fayyaa qaama keenyaa eeguuf. |

D. Himoonni kanaan gadii fakkeenya siif kennamerratti hundaa’uun deebii kenni!

Fkn. Hundumaan waan dhukkubsateef barumsa addaan kute.

Sababa: waan dhukkubsateef

Bu’aa: barumsa addaan kute.

1. Qulqullina qaamaafi naannoo keenyaa yoo sirriitti hin eegne, dhukkuboota adda addaatiif saaxilamna.

Sababa: _____

Bu’aa: _____

2. Biyyi keenya bishaan gahaafi qilleensa gaarii waan qabduuf, jireenyaaf mijattuudha.

Sababa: _____

Bu’aa: _____

3. Jabaannee yoo hojjechuu baanne, rakinni nutti hammaata.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

4. Bara darbe roobni gahaan waan roobeef, oomishni baranaa tole.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

5. Quufan malee hinutaalan; utaalan malee hincaban.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala keeyyata barreessuu

A. Barruu seenessaa armaan gadii irratti hundaa'uun gaaffilee itti aanan hojjedhu!

1. Himni ijoo barruu kanaa maali?
2. Barruun kun waa'ee eenyuu seenessa?
3. Barruun kun keeyyata meeqa qaba?

Barruu seenessaa

Jarjarsuun waan hamaa ta'e namarraan geessisa. Gaafa Kamisaa guyyaa waanan ta'e hiniraanfadh. Yeroon hirribaa ka'u sa'atii tokkoofi walakkaadha. Akkaataan itti fuula koo dhiqadhe hinbeeku; yeroon daandii koo jalqabu namootan dubbiseef dhiise hinyaadadhu. Yeroon mana barumsaa bira gahu dargaggoota lama ta'anii dhaabbatanittan dhufe. Inni tokko akkuma na argeen hiriya isaatti waa dubbatee natti qajeele. Anis argee irraa goruuf jennaan na fuuldura goree luka najalaa dhahe.

Yeroon itti garagalu hiriyyaan isaa fiigee dhufuun dugda na dhahe. Lamaan isaanii jalaa bahuu dadhabeen achumattan kufe. Bakkan kufettis lama lama na dhahanii bilbila kiyya narraa fudhatanii sokkani. Naasuurraan kan ka'e daqiiqaa muraasaaf ofirran gad ta'ee. 'Uuf..Uuf..' jedhee hafuura baafadhee

yeroon ol jedhu sa'aatiin 8:30 ta'era. Otoo of hinbeekiinan mooraa mana barumsaa seene.

Akkuma ta'u ta'een sa'aatii sagal yoo jedhu naannoo mana kitaabaan gahe. Qormaanni waan torbanitti galeeruuf barattoonni balbala dhaabbatan gara hinqaban. Nafa nafa dhiibbadhee seenee balbala bira gahee giphii koo as lixee achi lixeen akka mukaa gogee hafe. Edaa furtuu mana kitaabaas narraa fudhataniiru. Kanan fiigaa oolee mana kitaabaa banuuf, manni kitaabaa garuu osoo hinbanamiin oole.

B. Barruu seenessaa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee itti aanan hojjedhu!

1. Yaadota sababaafi bu'aa barruu kana keessa jiran adda baasii barreessi.
2. Barruu seenessaa armaan olii irratti hundaa'uun ,barruu seenessaa keeyyata sadii qabu barreessi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Glgaala 8 : Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota roga 'A ' jala jiran hiikaa isaanii roga 'B' jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Qopheeffachuu
2. Marti
3. Gargaaramuu
4. Socho'uu
5. Dhukkuba
6. Hojii

B

- A. dhibee
- B. dhimma bahuu
- C. warraaquu
- D. mijeefachuu/sirreeffachuu
- E. dalagaa
- F. hunduu
- G. qeenxee

B. Jechoota roga ‘A ‘ jala jiran faallaa isaanii roga B jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Qulqulluu
2. Turuu
3. Qajeelaa
4. Danda’uu
5. Fayyaa
6. Dubbachuu

B

- A. dhibamaa
- B. dadhabuu
- C. callisuu
- D. ariitii
- E. daddabaa
- F. xurii
- G. tooftaa

C. Jechoota armaan gadiif jechoota isaan waliin deemuu danda’an barreessi!

Fakkeenya, Muka muruu

1. Bishaan _____
2. Biqiltuu _____
3. Dhiiga _____
4. Qulqullina _____
5. Nyaata _____
6. Maqaa _____
7. Naannoo _____
8. Dhibee _____
9. Lubbuu _____
10. Kutaa _____

D. Himoota armaan gadii jechoota kennaman keessaa filachuun guutuu taasisi!

Humni

faayidaa

bishaan

Buddeena

biqiltuu

ogeeyyiin

Qopheeffachuu

qaama

gahaa

naannoo

dhiibbaa

1. _____dhuguun fayyaa namaatiif barbaachisaadha.
2. Faayidaa bisaanii keessaa inni tokko _____dhaabuuf gargaara.
3. _____nyaachuu qofti jireenya namaatiif gahaa miti.
4. Bishaan dhuguun _____guddaa namaaf kenna.
5. _____ofii kunuunsuun gahee dhala namaa hundaati.
6. Wantota barreeffama barreessuf barbaachisan keessaa inni tokko gumee _____dha.
7. Baay'inni bishaanii _____keenya keessaa 75% nita'a.
8. Akka _____fayyaa jedhanitti faayidaan bishaanii hedduudha.
9. Namni dhukkubsate _____isaa dadhabaadha.
10. Bishaan gahaa dhuguu dhabuun fayyaa irratti _____guddaa fida.

E. Fakkeenya gaditti kennamerratti hundaa'uun jechootaan hima ijaari!

Fakkeenya, qaama

Bishaan fayyaa qaama keenyaatiif barbaachisaadha.

1. Qulqulluu: _____
2. Onnee: _____
3. Fayyaa: _____
4. Jiraachuu: _____
5. Dhuguu: _____

Barannoo Shan: Caasluga
Gilgaala 9: Hima Ceelaafi Ce'aa

Gochi tokko yemmuu matima irratti raawwatamu gochima irratti latii (-am-)maxxansuudhaan gara gochima ceelaatti jijjiirama.

Fakkeenya.

1. Jaagamaan lafa qote . Lafti qotame.

A. Himoota armaan gadii gara hima ceelaatti jijjiirii barreessi!

1. Caalaan muka mure.
2. Toltuun buddeen tolchite.
3. Fayyisaan saree waraane.
4. Yuunivarsiitiin barattoota waame.
5. Boonaan ittoo hojjete.

B. Haala fakkeenya kenname irratti hundaa’uun jechoota armaan gadiitiin hima ceelaa ijaari!

1. Arge :_____
2. Barreesse:_____
3. Waame:_____
4. Miicce:_____
5. Ajjeese:_____
6. Hodhite:_____
7. Jaallatte:_____
8. Nyaate:_____
- 9 Ariite:_____
10. Dhaane:_____

BOQONNAA JAHA

DADDABARSA DHALA NAMAA

Kaayyoo: xumura boqonnaa kanaatti:

- Yaada ijoo Afee/dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaate adda baasta.
- Yaad-rimee daddabarsa dhala namaa ibsita.
- Daddabarsa dhala namaa irratti hiriyoote keessan wajjin dubbatta.
- Gahumsaan dubbista.
- Dhiibbaa daddabarsa dhala namaa xiinxalta.
- Waa'ee caasaa barruu addeessaa xiinxaluun barreessita.
- Hiika dhokataa jechootaa adda baasuun ibsita.
- Gosoota himoota tajaajila isaanii irratti hundaa'uun adda tarreessita.

Barannoo Tokko : Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa!

1. Waa'ee daddabarsa dhala namaa maal beekta?
2. Namoonni naannoo keetii biyya alaa deeman jiruu? Yoo jiraatan akkamitti deeman?
3. Biyya alaa deemuun miidhaa moo faayidaa qaba jettee yaadda? Akkamitti ?

B. Jechoota asiin gadii dubbisa keessaa bahan osoo hindubbisiin hiika isaanii tilmaamuun deebisi!

- A. Fedhii B. dirqisiisuun C. ukkaamsuu

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an ‘Dhugaa,” yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba” jedhii deebisi!

1. Namoonni waliin dubbii kana irratti hirmaatan sadidha.
2. Yaanni ijoon waliin dubbii kanaa rakkoo Taliilee irratti kan xiyyeeffatedha.
3. Taliileen gorsa barsiistuu hinfudhanne ture.
4. Taliileen biyya alaa karaa seera qabeessaan deemte.
5. Gorsa barsiistuu Taliilee hinfayyanne.

B. Waliin dubbii barsiistuu Biliseefi barattuu Taliilee gidduutti taasifame dhaggeeffatte irratti hundaa’uun deebii kee barreeffmaan kenni!

1. **Barsiistuu:**Taliilee, nagaa bultee?

Taliilee: _____.

2. **Barsiistuu:**Si iyyaafachaan ture; maal taatee mana barumsaa hafte?

Taliilee:Dhimma wayii jalqabeen, xumurachuuf asiif achi fiigaan jira.

3. **Barsiistuu:** _____?

Taliilee: Biyya alaan deema jedheeni.

4. **Barsiistuu:**Barumsa kee addaan kuttee moo?

Taliilee :Maalan godha nama nagargaarun dhabe.

5. **Barsiistuu:**_____?

Taliilee :Maatiin koo harka qal’eeyyiidha.

6. **Barsiistuu:**Eenyutu sigargaaraa jiraree?

Taliilee: _____.

7. **Barsiistuu:** Umurii kanatti moo?

Taliilee: Maalan godharee? Kanaafan biyya alaa deemuu fedhe.

8. **Barsiistuu:** Isa niqaqqabda; dura barumsa kee baradhu.

Taliilee :Lakki,deemee ofiifi warra kiyyaaf dabarsuun barbaada.

9. **Barsiistuu:**Biyya alaatii waan addaa maal argatta?

Taliilee: _____.

10. **Barsiistuu:** Eenyutu akkas siin jedhe Taliilee?

Taliilee: Namoota hojjataafi hojii walquunnamsiisani.

11. **Barsiistuu:** Kanumaa ta'ee karaa kam deemta?

Taliilee: _____.

12. **Barsiistuu :** Isaan waliin haasoftee beektaa?

Taliilee : Bilbilaan malee qaamaan miti.

13. **Barsiistuu :** _____?

Taliilee: Boru koottu naan jedhan dhaqeen ilaala.

14. **Barsiistuu:** Lakkii karaa seeraan alaa ta'uu danda'aa?

Taliilee : _____?

15. **Barsiistuu:** Maaliif?

Taliilee: Karaa seera qabeessaa deemuuf qarshii hin qabu.

16. **Barsiistuu:** Namoota karaa seeraan alaa deemanii rakkoon irra ga'eefi lubbuu isaanii dhaban hindhageenyee?

Taliilee: maal naaf wayyaa?

17. **Barsiistuu:** Asumatti haala siif mijeessina malee si ukkaamsuuyyuu danda'u.

Taliilee: _____.

18. **Barsiistuu:** gorsa koo waan na dhageesseef galatoomi.

Taliilee: _____.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Waliin dubbii barsiistuu Biliseefi barattuu Taliilee gidduutti taasifamee dhaggeeffatte irratti hundaa'uun mari'adhaatii dareef gabaasaa!

1. Taliilee biyya alaa akka deemtu maaltu ishee dirqisiise?
2. Taliilee eessa jraachaa turte?
3. Barsiistuun akka Taliileen biyya alaa hindeemne maaliif dhorkite?

Barannoo Lama : Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa daddabarsa dhala namaa jedhu osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mri'achuun afaaniin dareef gabaasaa!

1. Naannoo keessanitti namoonni iddoo biraatii dhufuun mana namaa galanii hojjetan jiruu? Yoo jiraatan maal maal hojjetu? Dareef ibsaa.
2. Daddabarsa dhala namaa jechuun maal jechuudha?
3. Balaan daddabarsa dhala namaatiin dhufu maal fa'a jettee yaadda?
4. Namoonni gocha kana irratti hirmaatan faayidaan argatan maali?
5. Fakkiilee aramaan gadii irraa maal hubatta ?



Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an ‘Dhugaa,” yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba” jedhii deebisi!

1. Daddabarsi namoota baadiyyaa jiran qofa irratti raawwatama.
2. Daddabarsi dhala namaa karaa lamaan adeemsifama.
3. Namoonni sababa daddabarsa seeraan alaatiin rakkoon qaqqabu akka biyya keenyaatti muraasa.
4. Hojii daddabarsa dhala namaa irratti kanneen hirmaatan namoota irratti miidhaa nigeessisu .
5. Daddabarsi dhala namaa ijoollee shamarranii qofaa kan ilaallatudha.

B. Akkaataa dubbisichaatti gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii hundarra wayya jettu filadhu!

1. Biyyi akka addunyaatti daddabarsa dhala namaatiin beekamtu kami?
 - A. Sudaan
 - B. Itoophiyaa
 - C. kutaa biyya Kaalifoorniyaa
 - D. Keeniyaa
2. Namoonni daddabarsa dhala namaa irratti hirmaatan dararama isaan dhala namaa irratti geessisan kan ibsu kami?
 - A. maallaqa namootaa fudhachuu
 - B. uleen rukutuu
 - C. dirqiin gudeeduu
 - D. hunduu deebiidha
3. Daddabarsa biyya keessaa kan hinibsine kami?
 - A. baadiyyaa irraa magaalaatti
 - B. magaalaa irraa biyya alaatti
 - C. Magaalaa irraa baadiyyaatti
 - D. biyya keessaa gara biyya keessaatti

4. Haalota daddabarsa dhala namaa kan ta'e kami?
- fedhii malee daddabarsuu
 - jaalalaafi fedhii irratti kan hundaa'e
 - beekumsa irratti kan xiyyeeffate.
 - seera qabeessaa kan ta'e ta'uu isaa.
5. Kan carraan toleef lubbuun isaanii hafe kan duraa caalaa gadadoon jiruu isaanii dabarsu. Hiikni jecha jala sararamee maal ibsa?
- Gootummaa
 - dararama
 - bilisummaa
 - gammachuu

Daddabarsa Dhala Namaa

Daddabarsi dhala namaa bifa garbummaa ammayyaa ta'ee, yakka yeroo ammaa kana baay'inaan hojjetamaa jirudha. Gochaan kun biyyoota guddatanittis ta'ee biyyoota guddachaa jiran keessatti gaggeeffamaa jira. Kunis, waggaa waggaan

daa'immandabalatee namoota miliyoonatti lakkaa'aman irratti gaggeeffama. Daddabarsa kana karaa lamaan ilaaluun nidanda'ama. Tokkoffaan dadabarsa biyya keessaati. Innis, namoota baadiyyaa jiran gara magaalaatti fiduudhaan humna namootaatti seeraan ala dhimma bahuudha. Inni lammaffaan immoo daddabarsa biyya tokko irraa gara biyya birootti geessuuti. Haalli kun immoo kan baadiyyaafi magaalaa dabalatee addunyaa hunda kan waliin gahudha. Ka'umsi gocha kanaas, addunyaa irratti dhalli namaa maallaqa argachuuf jecha uummata irratti daba yaaduun fedhii ofii guuttachuuf kan raawwatudha. Kunis, maatii isaaniitiif qarshii baay'ee kennuun gowwoomsanii daa'imman bakka tokkoo gara biroo geessu. Kanneen daa'imman hintaane immoo carraa hojii argattu jedhanii fakkeessanii waadaa sobaatiin daddabarsu. Haata'u malee, kan isaan abdatan faallaa ta'uun, lubbuu isaanii kanneen dhaban hedduudha. Kunis karaa seeraan alaa gaafa daddabarfaman carraan galaanaan nyaatamuufi lubbuu dhabuu isaan mudata. Akka carraa kanneen lubbuun hafan

kan duraa caalaa gadadoon jiraachaan isaan mudachuu mala. Umrii ijjoolluumma gammachuufi jaalala maatii osoo hinargatiin rakkina guddaa keessa darbu. Dadabarsi dhala namaa haalota garaagaraatiin kan raawwatamudha. Kunis, nama gowwoomsuun iddoo tokkoo gara birootti daddabarsu; humnaan ukkaamsanii bakka biraatti geessuu, hojii humnaa hojjechiisuu, qunnamtii saalaa fedhii malee gaggeessuufi gabrummaa ammayyaatiin humnaan namatti fayyadamuu fa'a.

Gama biraatiin, biyya keenya keessattis, harka qalleeyyii, shamarraniifi dargaggoota irratti heddumminaan kan mul'atudha. Keessattuu, daa'imman ukkaamsanii daddabarsuun hammaachaa jira. Daddabarsitoonni, humna fayyadamuun dubartoota irratti qunnamtii saalaa raawwachuu, qabeenya isaanii saamuufi hojii humnaa olii hojjechiisu.

Biyyoonni addunyaarratti argaman hundi daddabarsa dhala namaa gaggeessu. Keessumattu, daddabarsi dhala namaa kutaa biyya Ameerikaa keessaa Teeksaas Filooriidaa Niyookkii fi Kaaliifoorniyaan isaan ijoodha. Kanneen keessaa immoo Kaaliifoorniyaan biyya sadarkaa jalqabaa irratti argamtudha.

Walumaa galatti, daddabarsi dhala namaa seeraan alaa namarrattis ta'ee biyya irratti dhiibbaa cimaa waan qabuuf namni kamiyyuu kana hubachuun gocha kana irraa of eeguun dirqama lammii hundaati.

C. Jechootaafi gaalee dubbisa keessaa bahanii gaditti dhiyaataniif hiika galumsaa isaanii kenni!

- D. .** Duroomuu: _____
 Hedduumminaan: _____
 Salphaatti: _____
 Bakka: _____
 fedhii guuttachuu: _____
 dalagamu: _____
 ukkaamsuu: _____

D. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A ‘ jala jiran hiika isaanii roga ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Garbummaa
2. Yakka
3. Maallaqa
4. Daa’ima
5. Dabalachuu
6. Carraa
7. Gowwummaa
8. Saamuu
9. Dirqii
10. Gadadoo

B

- A. wallaalummaa
- B. rakkoo
- C. fedhii malee
- D. hiree
- E. seera
- F. qabeenya namaa fudhachuu
- G. ida’achuu
- H. qarshii
- I. badii
- J. joollee
- K. hacuuccaa
- L. humna

E. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A ‘ jala jiran faallaa isaanii roga B jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Ukkaamsanii
2. Jaalala
3. Gadadoo
4. Gurgurachuu
5. Ammayyummaa
6. Gaarii
7. Baadiyyaa
8. Balaaleffachuu
9. Argachuu
10. Jabaa

B

- A. mijataa
- B. dinqisiifachuu
- C. laafaa
- D. magaala
- E. ifa baasanii
- F. badaa
- G. dhabuu
- H. jibba
- I. bitachuu
- J. kan durii
- K. umurii
- L. mudachuu

F. Himoota armaan gadii jechoota siif kennaman keessaa filachuun yaada guutuu taasisi!

Daddabarsi	baasii	qabeenya Xumuramu
sadarkaa	bal'inaan	
Hojjetan	gaafatama	dirqisiisuun
guuttachuuf		

1. Namoonni hojii gaarii _____ badhaafamuu qabu.
2. Itoophiyaan fiigichaan _____ addunyaa irratti beekamtii qabdi.
3. Jiruun yeroo si'anaa _____ nama gaafata.
4. Namoonni fedhii ofii _____ badii hedduu dalagu.
5. Yeroo ammaa daddabarsi namootaa gocha _____ raawwatamaa jirudha.
6. Fedhii malee _____ bakka tokkoo gara biroo deemuun rakkoo guddaa qaba.
7. _____ dhala namaa gocha balaaleffatamudha.
8. Namni _____ isaa yoo itti fayyadame, waan baay'ee hojjechuu danda'a.
9. Obbo Tolchaan itti _____ kutaa seektara barnoota baadiyyaati.
10. Hojiin yeroo isaa eeggatee _____ bu'aa irraa argamu guddaadha.

Gilgala 6: Shaakala Dubbisaan Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadiif akka yaada dubbisichaatti barreeffamaan deebii kenni!

1. Daddabarsi dhala namaa garbummaa ammayyaa maaliif jedhame?
2. Akka biyya keenyaatti miidhaan daddabarsa dhala namaa irratti qaqqabsiisaa jiru maal fa'a?
3. Daddabarsi dhala namaa akkaataa kamiin dhaabbachuu akka danda'uibsi.

Barannoo Sadii: Barreessuu**Gilgaala 7: Shaakala keeyyata barreessuu**

1. Yaanni ijoo barruu kanaa maali?
2. Barruun kun waa'ee eenyuu addeesse?
3. Barruun kun keeyyata meeqa qaba?

Barruu Addeessaa

Bareedinni Mooneet namoota hedduu ajaa'ibsiisa. Dheerinni hojjaa ishiifi uffannaan ishee gar malee walsimachuun bareedina dabalataa kennaniiruuf. Yeroo isheen gara kootti garagaltu ijji keenya walirraa bu'e. Ijjeen gurguddoo akka bakkalchaa barii ifan!... Naannoon isaanii akka isa kuulamee uumamaan gurraacha'eera. Garuu, baay'ee ilaaluuf carraa hinarganne. Daftee deebifte.

Akkuma ta'etti of jajjabeesseen al tokkoof fuula ishii ilaale... Funyaan qalloo konkona... hidhiwwan hahaphiin, afaan dhiphoo walitti qabaniiru... mormi ishee akkuma buqqee hudhoo toltee... Rifeensi luuccaan daddabaa gadi bu'ee yeroo qolee ishiirraa jaf jedhe, bifa ishii goraa diimate fakkaatu waliin wal gargaaranii simboo bareedaa uumu !...

Mooneet haadha amala dansaa ta'uu ishee namoonni baayyee ragaa ba'uuf. Haalli isheen nama wajjin itti haasoftu, nama rakkate gargaaruuf carraaqqii isheen gootu, hirmaannaan ishiin hojii hawaasummaa keessatti gootu akka fakkeenyaatti ka'uu danda'u.

Walumaa galatti, bareedinniifi amalli ishee akka ishiin hiriyyoota isheetiin jalaatamtu godheera.

B. Jechootaafi gaaleewwan barruu addeessaa armaan olii keessaa bahaniif hiika galumsaa isaanii barreessi!

1. konkona _____
2. hudhoo buqqee _____
3. bakkalcha barii _____
4. qolee ishee _____
5. kuulamee _____
6. rifeensa luuccaa _____
7. goraa diimate _____
8. simboo _____

B. Mataduree armaan gadii keessaa tokko filachuun barruu addeessaa keeyyata sadii qabu barreessi!

A. Laga Abbayyaa B. Magaalaa Finfinnee C. Miidhagina dureettii

C. Miidhagina Dureettii Qabxiilee armaan gadii irratti gaaffii qopheessuun hiriyoota kee erga gaafattee booda, deebii kee barreeffadhu!

Qabxiilee bu'uuraa	Gaaffii	Deebii
Maqaa	Maqaan kee eenyu?	
Umrii	Umriin kee meeqa?	
Kutaa	Kutaa meeqa baratta?	
Bakka dhalootaa		
Bara dhalootaa		
Maqaa Maatii:		
Abbaa		
Haadha		

Haala hojii maatii:		
Abbaa		
Haadha		
Hojii yeroo boqonnaa		
Karoora gara fuulduraa		

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

1. Gurra guddaa maqaa gaarii/beekamaa

- 2.Rirma _____
- 3.Silmii _____
4. Cuquliisa _____
5. Kiilolee _____
6. Saree roobaa _____
- 7.Jajjuu _____
- 8.Gaachana _____
- 9.Reeffa _____
- 10 Madaa jaldeessaa _____
11. Leenca _____
12. Iyya indaaqoo _____
- 13.Ba’aa harree _____
- 14.Qaccee _____
- 15.Waraabessa _____

B. Jechoota hiika dhokataa qaban 10 deebii isaanii waliin barreessuun dareef dhiyyeessi!

- | | |
|----------|-----------|
| 1. _____ | 8. _____ |
| 2. _____ | 9. _____ |
| 3. _____ | 10. _____ |
| 4. _____ | 11. _____ |
| 5. _____ | 12. _____ |
| 6. _____ | 13. _____ |
| 7. _____ | |

Yaadannoo

Hiika Jechoota Dhokataa

Hiikni dhokataan hiika jechi tokko hiika ifaa/kallattiin qabuun alatti karaa dhokataa ta'een qabudha. Kunis, muuxannoofi beekumsa dhuunfaa namootaa irratti hundaa'uun kan kennamu ta'ee, namaa namatti, hawaasaa hawaasatti garaagarummaa niqabaata. Haala dubbataa hordofuudhaan kan hubatamu ta'ee, hiika jechamootaafi dubbii qolaa kan hammatudha.

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9: shaakala himoota tajaajila isaaniitiin adda baasuu

A. Himoota armaan gadii tajaajila kennaniin adda baasii barreessi!

1. Lammeessaan laga bu'e.
2. Kitaaba sana dubbistee?
3. Balbala bani.
4. Buna danfisi.
5. Waan raajiiti !
6. Laaqana nyaadhu.
7. Maaliif dhufte?
8. Garasuun hoolaa hin binne.
9. Abbaan kee eessa jira?
10. Magartuun xalayaa barreessite.
11. Maal wanti akkasii !

B. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan haala gaafatamteen deebisi!

1. Himoota hima ajajaa ta'an shan barreessi!

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

2. Himoota hima raajeffannoo ta'an sadii barreessi!

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

3. Himoota hima gaaffii ta'an shan barreessi!

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

4. Himoota hima himamsa ta'an shan barreessi!

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

C. Waliin dubbii Dureessaafi Leensaa gidduutti taasifame keessaa gosa himootaa adda baasii barreessi!

A: Dureessaa:Akkam bulte Leensa?

B: Leensaa:Nagaa; ati nagaa bultee ?

A: Dureessaa: Nagaadha;eessa deemaa jirta?

B: Leensaa: Aannan bituun deemaa jira.

A: Dureessaa:Maali? Obboleessi kee hindeemuu?

B: Leensaa: mana hinjiru.

A: Dureessaa: Eessa deeme?

B: Leensaa: Adaamaa deeme.

A: Dureessaa: Maal hojjeta?

B: Leensaa: Yuunivarsiitii deeme.

A: Dureessaa:Ishoo! Baga isa gargaare!

B: Leensaa: Ameen! Galatoomi.

A: Dureessaa: Nagaatti ooli.

B: Leensaa: Atis nagaatti ooli.

Yaadannoo

Gosoota Himaa(Tajaajilaan)

Faayidaa kennan giddu-galeessa gochuun, himoonni bakka afuritti qoodamu.

Isaanis: Hima himamsaa,hima gaaffii,hima raajeffannoofi hima ajajaati.

A. Hima Himamsaa

Himoonni kun waan dhugaa ta'e tokko ibsuuf gargaaru. Kun karaa lamaan ilaalamuu danda'u. Inni jalqabaa eeyyentaa yammuu ta'u, inni lammaffaa ammoo hi'eentaadha.

Fkn. Sarbeessaan torban kana dhufa.

Lalisaan torbaan kana hindhufu.

B. Hima Ajajaa

Gosni himaa kun akka namni tokko waa hojjetuuf ajaja dabarsa.

Fkn. Bishaan waraabi.

Hima ajajaa haala

Qoricha kana liqimsi.

Warri kaan ammoo yaada dirqamaa hojiirra oolu agarsiisa .

Lammata akka hindubbanne..

C. Hima Iyyaaffannoo/Gaaffii

Gosni himaa kun gaaffii gaafachuun deebii barbaachisaa ta'e
argachuuf gargaara. Fkn . Qabbannaan eessa jira?

Dureettiin maal hojjetti?

D. Hima Raajeffannoo

1. Himni akkasii dinqisiifannaa yookiin raajeffannaa arginee,
dhageenyee yookiin nu qaqqabe ittiin ibsinudha.

Fkn . Ani badeera !

BOQONNAA TORBA

HARIIROO HAWAASAA

Kaayyoo: xumura boqonnaa kanaatti:

- Waa'ee afee/dubbisaa odeeffannoo kennu tokko sirritti dhaggeeffatta.
- Dhimmoota murtaa'an irratti hirooyota keessan waliin walii galta.
- Ibsoota jechamoota waliin deeman dubbisuun fayyadamta.
- Dubbisa mata -duree gara garaa of keessaa qabu uumtu/barreessita.
- Jechoota hiika walfakkii isaanii waliin walitti firoomsta.
- Himoota tajaajilaa adda baastanii barreessita.

Barannoo Tokko : Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa!

1. Waa'ee jireenya hawaasummaa maal beekta?
2. Namni tokko jireenya hawaasummaa keessatti wantiinni dalaguu qabu maalfa'a?
3. Faayidaan jireenyi hawaasummaa qabu maali?

B. Jechoota asiin gadii dubbisa dhaggeeffachuu keessaa bahan osoo hindhaggeeffatiin hiika isaanii tilmaamuun deebisi!

- A. Adeffachuu
- B. dhugaa
- C. wal'aanuu

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa “Hawaasummaa” jedhu dhaggeeffachuun bakka duwwaa armaan gadii guuti!

1. Hawaasummaan _____ waliin jireenya uummata tokkooti.
2. Ilmi namaa jireenya hawaasummaa keessatti dhugaa, jaalala , _____, _____ fi _____ aadeffachuu qaba.
3. Nama _____ ta’ee, _____ waliin jiraatu wal sobuu hinqabu.
4. _____ hawaasa tokkoo keessatti ,inni tokko isa biraatiif dagaleedha.
5. Tokko isa tokkotti waan hirkatuuf _____ jiraachuun hindanda’amu.
6. Namni tokko kophaa bahee jiraachuu waan hindandeenyeef _____n barbaachisaadha.
7. Namni tokko akka dhuunfaatti hawaasa keessa jiraachuuf waan _____ qaba.
8. Rakkoo hawaasa isaa akka rakkoo isaatti fudhachuun _____ fi waan gaarii hojjechuun irraa eegama.
9. Hawaasni waliin jiraatu tokko _____, _____ kan kufe kaasuun _____ qaba.
10. Namni namaaf _____ waan ta’eef, ilmi namaa garaa walitti jabaachuu hinqabu.

B. Dubbisa dubbifamu dhaggeeffachaa jechoota siif kennamaniif hiika galumsa isaanii kenni!

- | | |
|--------------------------|--------------------|
| 1. gamtaa _____ | 6. Naamusa _____ |
| 2. utubuu _____ | 7. Hariiroo _____ |
| 3. hawaasa _____ | 8. Sababa _____ |
| 4. qoricha _____ | 9. Araarsuu _____ |
| 5. garaa jabaachuu _____ | 10. Akkaataa _____ |

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuu boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee gaditti dhiyaataniif deebi kee barreeffamaan kenni.

1. Faayidaa hawaasummaan qabu barreessi deebisi?
2. Namni hawaasummaan jiraachuuf maal gochuu qaba?
3. Wantoonni rakkoo hawaasummaa ta'an maal fa'i?



Barannoo Lama : Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisaan Duraa

A. Dubbisa siif dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan gareen mri'achuun afaaniin dareef ibsaa!

1. Naannoo keessanitti namoonni yeroo akkamii gamtaan hojjetu?
2. Hariiroo hawaasummaa jechuun maal jechuudha?
3. Namni tokko hojii isaatti amanamaadha kan jedhamu yoo maal godhedha?

B. Jechoota dubbisa keessaa bahan osoo hindubbisiin hiika isaanii

tilmaamii deebisi!

- loogummaa
- gamtaa
- qunnamtii

Hariiroo Hawaasaa

Bineeldota mara keessaa dhala namaa kan adda taasisu walitti dhufeenya hawaasummaa uummatee jiraachuu isaati. Namni waan hundaan of danda'aa miti. Nama du'e walii wajjin awwaala; ayyaana waliin kabaja; sirna fuudhaafi heerumaa waliin gaggeessa; hojii humnaa waliin hojjeta. Dabalataanis, namni hawaasa naannoo isaa wajjin qunnamtii uumee jiraachuuf nidirqama. Hariiroon hawaasummaa irra caalaatti firummaafi ollummaa biratti cimaa ta'a. Hariiroon hawaasaa beekamoo ta'an: abbaa warraafi haadha warraa, maatiifi ijoollee, daa'imaafi hiriya isaanii, hanga footaafi hawaasa naannoo, barataafi barsiisaa, hojjetaafi hojjechiisaa fa'a.

Hariiroon kunis walfakkeenyaafi garaagarummaa qaba. Gama walfakkeenya isaaniitiin yoo ilaalle, hundinuu hariiroo hawaasummaa qabaachuudha. Garaagarummaan isaanii immoo hunduu seera ittiin bulmaataa, baay'ina miseensaafi kaayyoo hariiroo kan mataa ofii qabaachuu isaaniiti. Namni dandeettii hariiroo waliigaltee qabaachuun ittiin jiraatan hedduu qabu. Gama naannoo jiraataniin yoo ilaalamu namoonni ollaan ollaa waliin, hawaasa naannoo keessattis afooshaanis ta'ee, hojii gamtaan hojjetaman waliin hojjechuudha. Wantoonni kana cimsuufis dandeettiiwwan namoonni waliin jiraachuuf ijoo ta'an kanneen akka waliigaltee qabaachuu, iftoomina qabaachuu, waldhabdee hiikuufi kkf qabaachuun murteessaadha.

Hariiroo hawaasummaa wantoonni cimsan hedduudha. Kanneenis akka

seeraan buluu, namummaa, walqixxummaa, nageenya, waldanda'uu, waljaalachuu, dirqama ofii bahuu, yeroo hojii kabajuu, wal kabajuu, uummata tajaajiluu, walirraa barachuu, balleessaa ofiitti ceepha'uu, yaada nama biroo hubachuu, yaada qajeelaa qabaachuu fa'a of kessaa qaba.

Duudhaawwan hawaasummaa walitti dhufeenya hawaasaa cimsan hedduudha. Kanneenis; haqummaa, hojiiseeraafi dhugaa irratti hundaa'e qofa hojjechuudha. Nama tokko gammachiisuuf, nama biroo immoo miidhuuf jecha seeraan ala hojjechuun loogummaa uumuudha. Loogummaan hariiroo hawaasummaa nilaaffisa. Namni dhugaan hojjetuufi dhugaa dubbatu maatiifi hawaasa isaa keessatti amanamaafi kabajamaadha. Itti gaafatamummaa garaagaraatiifis barbaadamaadha. Namummaan walii yaaduu, walii gadduu, garaa walii laafuufi walkabajuu dhala namaa mul'isa. Gochi namummaa madda gammachuu, nageenyaafi badhaadhina dhuunfaafi hawaasaati. Namoonni amala kana qaban hawaasa keessatti baay'ee jaallatamu.

Gama biraatiin, walqixxummaan immoo nama umrii, saala, gosa, qabeenyaafi bifaan osoo adda hinbaasiin nama waan ta'eef qofa walqixa tajaajiluudha. Dabalataanis, bakka nageenya hinjirretti hariiroo hawaasummaa gaariin hinjiru. Kanaaf, wantoota nageenya hawaasa naannoofi biyyaa jeeqan hunda xiyyeeffannoon hordofuufi sirreessuun barbaachisaadha. Namni waliin jiraatu akkuma bifa isaa amala garaagaraa qaba. Yaada namaa obsaan dhaggeeffachuu, garaagarummaa aadaa kabajuu, yaada koo qofaatu sirriidha jechuu dhiisuu, yaada ofii sirriitti ibsachuun walii wajjin jiraachuun barbaachisaadha. Dhalli namaa hojii hojjechuun barbaachissadha. Hojiin yeroo keessatti raawwatama. Yeroo kabajanii hojjechuun hawaasummaa nicimsa; biyyas niguddisa. Walumaagalatti, dhalli namaa hariiroo uummatee gamtaan yoo jiraate, walis, biyyas guddisuu nidanda'a.

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an ‘Dhugaa,’ yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba’ jedhii deebisi!

1. Hariiroon hawaasummaa tokkoon tokkoon isaanii kaayyoo mataa isaanii qabu.
2. Manni barumsaa fakkeenya hariiroo hawaasummaati.
3. Duudhaalee hawaasummaa keessaa inni tokko miidhaa nama irraan geessisudha.
4. Walqixxummaa jechuun eenyummaa namaatiin osoo hintaane qabeenya ilaallata.
5. Loogummaan hariiroo hawaasummaa nilaaffisa.
6. Hojii seeraafi dhugaa irratti hundaa’e qofa hojjechuun loogummaadha.
7. Yaada koo qofaatu sirriidha jechuun amala nama hariiroo cimsuuf deemuuti.
8. Amala walqixxummaa keessaa tokko nama hundaaf ilaalcha tokko qabaachuudha.
9. Afooshaan hariiroo hawaasummaa cimsuu keessatti gahee guddaa qaba.
10. Nama Dureessa tokkoof hariiroon hawaasaa hinbarbaachisu.

B. Jechoota asiin gadii dubbisa keessaa bahan hiika isaanii

filannoowwan kenname keessaa filachuun deebisi!

- | | | |
|--------------------|---------------------------|-----------------------|
| 1. Waliigadduu: | A. waljibbuu | B. garaa walii laafuu |
| | C. gargar bahuu | D. Iftoomina dhabuu |
| 2. Barbaachisummaa | A. fudhatamummaa | B. oftuulummaa |
| | C. Loogummaa | D. hiyyummaa |
| 3. Ceepha’amuu | A. dhugaa dubbachuu | B. olaantummaa |
| | C. balleessaa ofii amanuu | D. sirrummaa |
| 4. Hubachuu | A. dogongora uumuu | B. balleessuu |
| | C. waljaalachuu | D. adda baafachuu |

- | | | |
|----------------|-----------------------|--------------------|
| 5. Sirreessuun | A. adabuun | B. karaa qabsiisuu |
| | C. bareechuu | D. tolchuun |
| 6. Loogummaa | A. ija tokkoon ilaalu | B. adda qooduu |
| | C. mararfachuu | D. deeggaruu |
| 7. Jeeqan | A. tasgabbaa'an | B. gaafatan |
| | C. nageenya booressan | D. waliigalan |
| 8. Barbaadamuu | A. filatamuu | B. jibbamuu |
| | C. argamuu | D. ergamuu |
| 9. Gaarii | A. bayeessa | B. yaraa |
| | C. muraasa | D. guutuu |
| 10. Raawwatama | A. hojii | B. jalqabama |
| | C. goolabama | D. karoorfama |

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisaan Boodaa

A. Jechoota roga 'A' jala jiran faallaa isaanii kanneen roga 'B' jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. galma
2. Badhaadhina
3. Walqixa
4. Waljaalachuu
5. Baqachuu
6. Sirreessuu
7. Walkabajuu
8. Garaagarummaa
9. Dirqamaan
10. Waldanda'uu

B

- A. deebi'uu
- B. balleessuu
- C. waltuffachuu
- D. walhinginne
- E. waldhabdee
- F. tokkummaa
- G. kaayyo maleessa
- H. waljibbuu
- I. Hiyyummaa
- J. gadadoo
- K. fedhiin

B. Himoota armaan gadii jechoota siif kennaman keessaa filachuun yaada isaanii guutuu taasisi!

Amanamummaa

walqixxummaa Yeroo

yaada

gamtaan

Nageenyi

jaalalaan

waliin

hawaasummaa

bulmaata

iftoomina

1. Namni tokko rakkoo isa mudateef furmaata argachuuf _____isaa sirriitti ibsachuu qaba.
2. _____kabajanii hojjechuun jireenya hawaasummaa cimsuufi guddina biyyaatiif barbaachisaadha.
3. _____wantoota jireenya dhala namaaf barbaachisan keessaa isa tokko.
4. Namoonni hojii hojjetan irratti _____guddaatu irraa eegama.
5. Hawaasni yookiin uummanni qabeenyaafi bifaan osoo adda hinbaane ija tokkoon yoo ilaalame _____jedhama.
6. Kumeefi Obseen _____mana barumsaa deeman.
7. Hariiroon _____guddina biyyaatiif gahee olaanaa qaba.
8. Maatiin _____jiraatan jireenya mijataa jiraatu.
9. Hawaasni waliin jiraatu seera ittiin _____mataa ofii qaba.
10. Hojii _____hojjechuun yeroo qusachuuf barbaachisaadha.

C. Jechoota yookiin gaaleewwan gaditti dhiyaataniif hiika galumsa isaanii kenni!

1. Isaati (keeyyata 1) _____
2. Naannoo isaa (keeyyata 1) _____
3. Kunis (keeyyata 2) _____
4. Isaanii (keeyyata2) _____
5. Kanneenis (keeyyata 4) _____

D. Gaaffilee dubbisa keessaa bahanii armaan gaditti dhiyaataniif deebii

kee barreessuun kenni!

1. Hariiroon hawaasaa bebbeekamoo ta'an maal fa'a?
2. Dandeettiiwwan ijoon namoonni waliin jiraachuuf qabaachuu qaban barreessi
3. Duudhaalee hariiroo hawaasaa cimsan barreessi.
4. Hariiroo hawaasaa keessatti namoonni waliin jiraachuuf wantoonn eegamu maal faadha?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala keeyyata barreessuu

A. Mata duree armaan gadii keessaa tokko filachuun barruu keeyyata sadii qabu barreessi!

- a. Hariiroo hawaasaa yeroo gaddaa
- b. Hariiroo hawaasaa yeroo cidhaa
- c. Tola ooltummaa

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiikaa isaanii kanneen roga 'B' jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Haqummaa
2. Gaafachuu
3. Walii yaaduu
4. Amanamummaa
5. Hariiroo
6. Ollummaa
7. Hangafa
8. Ogummaa
9. Shaakaluu
10. Qulqulleessuu

B

- A. walgargaaruu/hirmaachuu
- B. kan jalqabaa
- C. yaaluu
- D. dallaa
- E. gadifageenyaan
- F. dubbatamuu
- G. adda baafachuu
- H. seerota
- I. duukaa bu'uu
- J. dhugummaa

11. Mooraa

K. fudhatama argachuu

12. Duudhaa

L. walitti dhufeenya 13. Xiyyeeffannoo

M. dandeettii

14. Hordofuu

N. Iyyaafachuu

15. Haasa'amuu

O. Namoota naannoo tokko waliin jiraatan

P. Guddina

Q. Uumaman

B. Hiika jechamoota armaan gaditti dhiyaatanii barreessii deebisi!

1. Ibidda facaase _____

2. Ija banatte _____

3. Raacha fakkaatte _____

4. Cirracha lakkaa'e _____

5. Itti roobe _____

6. Faaxula guddisa _____

7. Fuula itti agarsiise _____

8. Dabbasaa haaraa _____

9. Gurra mure _____

10. Funyaan bira _____

11. Luka mure _____

12. Ekeraa fakkaata _____

13. Leelloo qabu _____

14. harka qal'eessa _____

15. Sabbata hiikkatte _____

16. Irra keessa _____

C. Jechamoota waliin deeman 10 deebii isaanii walgaafachuun maatii kee dareef dhiyeessi!

- | | |
|----------|-----------|
| 1. _____ | 6. _____ |
| 2. _____ | 7. _____ |
| 3. _____ | 8. _____ |
| 4. _____ | 9. _____ |
| 5. _____ | 10. _____ |

D. Mammaaksota armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu!

- Ibidda rafe_____n to'achuu kajeela.

A. abshaalli	B. gowwaan
C. huubni	D. qaruuxeen
- Dubbiin afaanii baheefi aannan_____bahe hindeebi'u.

A. okolee	B. weessoo
C. waraabbii	D. muchaa
- Kan situmetu_____.

A. naqare	B. nawaqare
C. nabarsiise	D. nagorse
- Mala sareen beeku_____nis beekti.

A. qamalee	B. hattuu
C. adurree	D. sardiinni
- Gowwaa kofalchiisanii_____lakkaa'u.

A. quba	B. ilkaan
C. hidhii	D. luka
- Sagal elmamus,sagaltamni elmamus,kan kiyya_____jette, adurreen.

A. lafatti	B. qiraacumatti
C. eeleetti	D. okoleetti

7. Hidda malee xannachi _____.
 A. hindhiigu B. hinyaa'u
 C. hinseenu D. hinmuru
8. Hidda gamanaa tuqnaan hiddi gamaa _____.
 A. fiige B. socho'e
 C. nahe D. cite
9. Karaa qubni seene, _____ seena.
 A. miilli B. harki
 C. dhundhumni D. hattuun
10. "Kan garaa malee, kan _____ yoom nadhibe", jedhe waraabessi.
 A. maqaa B. firaa
 C. ilmoo D. gurraa

E. Mammaaksota armaan gadii keessaa kan hir'atan guuti!

1. Aduu dhiite_____.
2. Tufanii_____.
3. Waa cabsan,_____.
4. Nyaadhuu, nyaadhuu_____keetti garagalii liqimsi.
5. Lafa garaan yaade_____n ganamfata.
6. Mi'a walfakkaatu_____.
7. Baddu baddi malee_____.
8. Kan maqaa malee, kan garaa yoom na dhibe jedha _____..
9. Yoo dheeraan tarkaanfii malu, _____.
10. Maal haa baasuuf_____.

F. Ergaa Mammaaksota armaan gaditti dhiyaatanii barreessi!

1. Aduu dhiite biqila hinafan._____
2. Waa cabsan waa cabsan _____
3. Maqaan baateefi karaan baate hindeebitu._____

4. Boru hinbeekneen qoda bukoon ishee sagali. _____
5. Akka abaluun sirbaan morma namaa jallisa. _____
6. Warra waljaalatu dhiyaanni hin hanqatu. _____
7. Kan mukni hindadhabne sinbirri waldadhabdi. _____
8. Midhaan warra raatuu bonaa ganna nyaatu. _____
9. Gorsa didduun du'a hididdu. _____
10. Ijji baddu bakki ijaa hinbaddu. _____

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9: shaakala himoota tajaajila isaanitiin adda baasuun ijaaruu

A. Himoota armaan gadii tajaajila kennaniin adda baasi. Sana booda gara hima jedhamteetti jijjiirii barreessi!

1. Boonsaan kitaaba dubbisa _____
 A.Hima gaaffiitti _____
 B.Hima ajajaatti _____
2. Roobsan barumsaan cimtuudha. _____
 A.Hima gaaffitti _____
 B. Hima ajajaatti _____
3. Wayyoo qoricha kee hinliqimsine _____
 A.Hima gaaffiitti _____
 B. Hima ajajaatti _____
 C. Hima himamsaa _____

B. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan haala gaafatamteen deebisi!

- 1.Waa'ee barumsaa irratti hiriyaan kee akka waa hojjetu ajajuun hima ajajaa ta'an shan barreessi.

- a _____
- b _____
- c _____
- d _____
- e _____

2. Himoota hima raajeffannoo ta'an shan barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

3. Waa'ee maatii ofii hiriyaan kee akka sitti himu/himtu gochuun hima gaaffii ta'an shan barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

4. Hojii barattoonni daree keessatti dalagan hima shan barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

BOQONNAA SADDEET

ARAADA

Kaayyoo: xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun barreeffama walfakkaatu qopheessita.
- Dhaggeeffataa yaada haasawa kee qajeelfatta.
- Yaada ijoo afee/dubbisa dubbisuun afaaniin gabaasatta
- Barreeffama keessatti sirna tuqaaleetti gargaaramta.
- Hiika galumsaa jechoota walfakkaatanii ibsta.
- Himoota dachaa ijaarta.

Barannoo Tokko : Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa!

1. Namni maaliif tamboo xuuxa?
2. Namoota tamboo xuuxan argitanii beektuu?
3. Araadni tamboo xuuxuu qofa isinitti fakkaataa? Maaliif?

B. Jechoota asiin gadii dubbisa keessaa bahan osoo hindubbisiin hiika isaanii tilmaamuun deebisi!

- | | |
|-------------|-------------|
| A. waadamuu | E. dhagna |
| B. qufaa | F. uggum |
| C. Kaasee | G. geemmoo |
| D. ajeessuu | H. kajeeluu |

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Himoota armaan gaditti dhiyaataniif yaada sirrii kan ta'an Dhugaa' yaada sirri yoo hin taane 'Soba' jechuun deebisi!

1. Akka walaloo kanaatti namni yoo tamboo xuuxe hirriba gahaa ta'e rafa.
2. Walalicha keessatti bu'aan tamboo xuuxuu kunoo isa kana yoo jedhu, faayidaa isaa ibse.
3. Tamboo xuuxuun beela nama baasa.
4. Ilkaan namaa tortoruufi huccuun gubachuun miidhaa tamboo xuuxuun fidu.
5. Tamboo xuuxuun faayidaa malee miidhaa hinqabu.

B. Barreeffama barsiisaan/tuun kee waa'ee "Maafan Tamboo Xuuxaa?" jedhu siif dubbisu/tu dhaggeeffachuun bakka duwwaa armaan gadii guuti!

Maafan Tamboo Xuuxaa?

1. Horiikoo maan baasaa horiikoo maafan fixaa?
Anayyuu nadhibaa _____?
2. Amman tamboo xuuxee fooliikoo ajeessu
Baranaa eegalee maafan tamboo _____?
3. Maaf horiin koo dhumaa?
Maaliifan _____?
4. Horiikoo maan baasaa, horiikoo maan fixaa?
_____ maafan tamboo xuuxaa?
5. Uggum! yaa qufaa isaa!
Hirribaa _____.
6. Sombakoo balleessee
_____ xureesse.
Boqqoolloo waadamaa ilkaan koo fakkeessee

7. _____ na hinyaachisuu

Qufaan na hinteessisuu

Fiigee hinqaqqabuu

Ari'ee hinqabuu

Uggum! Lama dhabuu

8. Ija na ciimmessee

_____adeemee

9. Waan hundumaa keessaa

Kanatu _____.


10. Gubachuu uffataa, ciinca'uu kafanaa

Bu'aan tamboo xuuxuu _____

Gilgaala 3. Shaakala Dhaggeeffachuu Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii kee barreeffamaan deebisi!

1. Wantoonni akka miidhaa tamboo xuuxuutti ka'an maal fa'a?
2. Akka walalichaatti tamboo xuuxuun faayidaa maal fa'a qaba?
3. Namni yoo tamboo xuuxe miidhaa akkamiitu irra gaha?
4. Ergaan waliigalaa walalichaa maali?
5. Miidhaa dhugaatiin dhufu irratti walaloo barreessii dhiyeessi.



Barannoo Lama : Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgala 4: Shaakala Dubbisaan Duraa

A. Dubbisa isiniif dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan dhiyaatan irratti gareen mri'achuun afaaniin dareef ibsaa!

1. Araada jechuun maal jechuudha?
2. Araadni dhiibbaawwan akkam akkamii fayyaa dhala namaarraan ga'a?
3. Naannoo keessan wantoonni araada nama qabsiisan jiruu? Yoo jiraatan maal maal fa'a?

B. Jechoota asiin gadii dubbisa keessaa bahan osoo hin dubbisiin hiika isaanii tilmaamuun deebisi!

- a. Araada
- b. saaxila
- c. alkoolii
- d. garmalee

ARAADA

Araadni dhibee yeroo dheeraaf namarra turee, kan wantoota araada nama qabsiisan fayyadamuu dhaabuu ykn irraa of qusachuu nama dhorkuu, miidhaafi dhibee inni fidu osuma beekanii fayyadamanidha. Akkaataa Waldaan Ogeeyyii Ameerikaa (American Psychiatric Association) jedhanitti, mallattoolee namni tokko araadaan qabamuusaa ittiin beekamu keessaa: kan duraan fayyadamurraa yeroo yeroodhaan caalchisee fayyadamaa deemuu, mallattoowwan garaagaraa araada fayyadamu sanarratti hundaa'uudhaan argisiisuu, araada barbaadu sana argachuuf garmalee dhama'uu: fakkeenyaaf yeroo hojii biraa itti hojjechuu malu araada sana argachuuf dhama'uun dabarsuufi araada fayyadamu sanarraa adda ba'uuf yaalii taasisuu garuu, yaaliin godhamu sun fiixa ba'umsa dhabuu fa'a. Biyyoota garaagaraa keessatti wantoonni namoonni araadaaf fayyadaman garaagarummaa hedduu qaba.

Akka biyya keenyaatti kanneen araadaaf namoonni hedduun fayyadaman: dhugaatii alkoolii bifa garaagaraan qophaa'an, jimaa, tamboofi qorichoota adda addaa yoo ta'u, akka addunyaatti immoo gosoota qorichaa baay'inaan hedduu ta'an keessaa qorichoota akka hashiishii, maarijuwaanaa, herooyinii, opiyeemiifi kkf maqaa dha'uun nidanda'ama.

Akka waliigalaatti, addunyaa keenya irra gara namoota miliyoona 31 ta'antu araadaan qabamee jira. Akka addunyaa keenyaatti alkoolii qofaa yoo fudhanne namoota umuriin isaanii wagga 15 ol ta'an keessaa harki 38 % alkoolii nidhugu. Sababa alkoolii qofaan akka dhaabbanni fayyaa addunyaa jedhutti namoota miliyoona 3.3 ta'antu lubbuusaanii dhaba. Namoonni araadawwan garaagaraa fayyadaman haala araada sanaafi haala nama dhuunfaa sanarratti adda adda ta'uu mala. Kunis, dhiibbaa hiriyyaa, fakkeenyummaa namoota beekamoo (akka taphattoota kubbaa miilaafi taatota filmii), dhiphina sammuu ofirraa fageessuuf yaaluufi kkf jedhamee yaadama.

Qorichoonni garaagaraa akkuma qabiyyeesaaniitti dhiibbaa fayyaa mataasaanii danda'e ni fidu. Fakkeenyaaf tamboo xuuxuun kaansarii sombaafi kaansaroota hedduuf akka nama saaaxilu, alkoolii fayyadamuun immoo adda durummaan dhukkuba tiruutiif nama saaxila. Gama biraatiin immoo dhiibbaawwan araadni namatti fidau keessaa: sirna qaama keenyarraa dhukkuba lolu miidhuudhaan dhukkuboota biroo hedduudhaan qabamuuf nama saaxilu; dhukkuba onnee, fedhii nyaataa gadi buusuu; qaamota qorichoota qaama keessaa dhabamsiisuuf gargaaran keessumaa tiruu miidhuudhaan lubbuu dabarsuu danda'a. Dhukkuba gaggabdoo, sammuu keessatti dhiiguufi hubamuu sammuu kan akka waa yaadachuu dadhabuu, dubartoonni ulfaa irratti miidhaalee akka ulfa baasuufi osoo hin ga'iin dhalachuu fiduu danda'a.

(Madda :Gaazexaa Bariisaa Amajjii 2002)

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an

‘Dhugaa,” yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba” jedhii deebisi!

1. Namoonni haala walfakkaataadhaan araadawwan garaagaraa fayyadamu.
2. Araadni sirna qaama keenyarraa dhukkuba lolu miidhuu danda’a.
3. Akka biyya keenyaatti kan namoonni araadaaf itti fayyadaman dhugaatii alkoolii qofaadha.
4. Araadni dhibee yeroo gabaabaaf namarra turee, nama dhiisu miti.
5. Araanni dhukkuba gaggabdoo namarraa hir’isa.
6. Namoonni araadaan qabaman miidhaa isaa osuma beekanuu fayyadamu.
7. Qorichoonni hashiishii, maarijuwanaa, herooyiniifi opiyeemiin araada nama qabsiisu.
8. Amala namni araadaan qabame agarsiisu keessaa tokko hojiif hamilee qabaachuudha.

B. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif roga ‘A ‘ jala jiran hiikan saanii kanneen roga ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. araada
2. fidu
3. dhama’uu
4. fiixaan bahumsa
5. addabahuuf
6. maqaa dhahuun
7. lolu
8. dhabamsiisuu
9. hubamuu
10. garaagarummaa

B

- A.to’achuu
- B. amaleeffannaa
- C.qaqqabsiisuu
- D. carraaquu
- E. milkaa’u/galma gahumsa
- F. gargar bahuuf
- G. hojjetaman
- H.kaasuun /eeruun
- I. hangasaaniitti
- J. wal dhabuu
- K. miidhamuu
- L. balleessuu
- M. addaddummaa

C . Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsa isaanii barreessi!

1. Dhibee (keeyyata 1) _____
2. Haala (keeyyata 3) _____
3. Yaadama (keeyyata 3) _____
4. Bifa (keeyyata 2) _____
5. Yaaluu (keeyyata 3) _____
6. Malu (keeyyata 1) _____

D. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga ‘A ‘ jala jiran hiika faallaa isaanii roga’ B’ jala jiraniin walitti firoomsii!

A

- 1.Saaxilu
- 2.Fayyaa
- 3.Dhabuu
- 4.Yaadachuu
- 5.Gadibuusuu
- 6.Baay’isanii

B

- A. dabaluu
- B. irraanfachuu/dagachuu
- C.argachuu
- D. dhukkubsataa
- E. dhoksu
- F. xiqqeessanii
- G. argachuu

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisaan Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadiitiif akka yaada dubbisa armaan olitti barreeffamaan deebii kenni!

- 1.Namoonni wantoota araada qabsiisan fayyadaman hundi “araadaan” qabamaniiru jechuu dandeenyaa? Maaliif?
- 2.Miidhaa araadni fayyaa namaarratti qaqqabsiisu maal fa’i?
3. Ka’umsi namoota araada fayyadamanii maali?
- 4.Fakkiiwwan olitti dhiyaatan irraa waan hubatte keeyyata tokko barreessuun dhiyeessi.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Sirna tuqaalee

A. Mallattoolee sirna tuqaalee roga A jala jiran faayidaa isaanii roga B jala jiran waliin walitti firoomsi!

A

1. Raajeffannoo
2. Tuqaa
3. Mallattoo gaaffii
4. Mallattoo waraabbii
5. Fuftuu
6. Qoodduu jabaa
7. Qoodduu

B

- A. Xumura hima himamsaa gala.
- B. Xumura hima gaaffii gala.
- C. Yaadni hafuu mul'isa.
- D. Yaadota guutuu lama walqabsiisa.
- E. Maqaalee ykn yaadota /wantoota walfaana tarreeffaman jidduu gala.
- F. Xumura hima raajeffannoo gala.
- G. Barreeffama namaa akkuma jirutti fudha chuuf tajaajila

B. Himoota armaan gaditti dhiyaatan mallattoo sirna tuqaalee bakka barbaachisutti galchii irra deebi'ii barreessi!

1. Biiron Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee eessatti argama

2. Maaltu akkas isaan godha

3. Loon ree hoolaafi fardeen bineeldota biyya keenya keessatti baay'inaan argamanidha

4. Jechi saamunaa jedhu jecha afaan Giriikii sabun jedhurraa dhufe

5. Kitaabni asoosamaa ani sirriitti dubbise Godaannisa jedhe Qajeelaan

6. Fiilmii eelaa ilaaltee ajaa'ibsiifatte

7. Taliilaafi Taliileen qarshii digdamii sadii lafaa argatan

8. Ani bade jettee mataa qabatte Roobsan

9. Barsiisaan keenya seenaa uummata Oromoo nu barsiise jedhe

Firoomsaan

10. Leenci lagaa aada

11. Uggum yaa Rabbi nu baasi

C. Durdurii gaditti dhiyaate dubbisuun sirna tuqaalee bakka barbaachisutti galchuun irra deebi'ii barreessi!

Leencaafi Jaldeessa

Dur, haadha warraa leencaa abbaan warraa irraa du'eefi kootama jaldeessaa tokkotu naannoo tokko waliin jiraachaa ture jedhama Utuma waliin jiraachaa jiranii kootama jaldeessaa waa'ee du'a abbaa warraa isheetiif deddeebi'ee yeroo dheeraaf jajjabeessaa ture Gaaf tokko, atis qophaa taatee, abbaan warraa keetis deebi'ee hingalu aniifi ati walfuunee yoo waliin jiraanne maal ta'a jedhee gaaffii dhiyeesse Leencis, salgiin jaldeessaa dabbasaa abbaa warraa ishee waliin waan walfakkaatuuf gaaffii inni dhiyeesseef tole ittiin jette.

Gaaftokko leenci foon dharraatee jaldeessaan dallaa saawwanii cabsii sa'a / sangaa ajjeesii fidii foon na nyaachisi, jettee abboomte Kanaan booda gaaffii haadha warraa isaa hojiitti hiikuuf galgaleeffatee gara dallaa loonii deemee utuu karra dallaa sanaa banaa jiruu, cufaan mooraa jalaa jiguun yommuu walirratti lafa dhahu, abbaa moonaa saniitu natti dhufe jedhee naasuu guddaadhaan fiigee baqategaluudhaan akka abbaa mooraa itti dhufe haadha warraa isaatti hime

Dhuma irratti dargaggeessi leenci dhalte immoo ka'ee gara moonaa sanaa dhaquudhaan dallaa cabsee jibicha tokko ajjeesee harkisee fiduudhaan haadha isaa biraan yoo baasu, jaldeessimmoo, akkamiin seentee fidde jedhee gaafate. Yoowwana leencichi sanyiin kan facaasan marga, jedhee deebiseef Kana jechuun sanyiin gootaa goota, sanyiin dabeessaammoo dabeessa jechuusaati Haati warraa jaldeessaas Jalduu bifaan koorii dhugumaanuu sanyiin kan facaasanmarga gita kee barbaaddadhuu waliin jiraadhu kan nafaanaa kanumaaan haaraawwatu jettee ofirraa gaggeessite jedhama

Sirna Tuqaalee

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika yookiin ergaa barreeffama sanaa ifa taasisanidha. Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu baannee, yaadni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramu ykn yaadonni kun akka waliin deemaniifi kkf beekuun rakkisaa ta'a. Barannoo kana keessatti tajaajila sirna tuqaaleetu ilaalama.

1. Tuqaa(.)

a. xumura hima himamsaa booda gala.

Fkn. A. Isaan qo'achaa jiru.

b. Gabaajee barreessuuf gargaara.

Fkn. A. Biiron Barnootaa Oromiyaa Finfinnee keessatti argama(B.B.O.)

c. Jechoota kottoonfachiisuuf. Fkn.A. Hubachiisa(Hub.)

d. Lakoofta deesimaalii barreessuuf.

Fkn 3.6

e. Mata duree xiqqaa isa guddaa irraa adda baasuuf. Fkn.

1. Lubbu-qabeeyyii

1.1.Bineeldota

1.2.Biqiloota

1.3. Bineensota

2. Tuq-lamee(:)

a. Wantoota tarreefaman dura gala.

Fkn. Fedhiin ishii waa sadii:mana, konkolaataa, abbaa manaati. b.

Sa'aatiifi daqiiqaa adda baasa.

Fkn. Sa'aatii 4:30tti koottu..

c. Reeshoo lakkoofsaa agarsiisuuf.

Fkn.a. Kitaabni barattootaa 1:1 ta'e.

3. Qoodduu (,)

a. Jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan walfaana hiriiran addaan baasa.

Fkn. Gullallee, Eekkaa, Booleefi Kolfeen kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinneeti

b. Guyyaafi bara addaan qooda.

Fkn. Sabboontuun Amajjii 1, bara 1980 dhalatte.

c. Ibsa seensa mallattoo waraabbii duraa yookiin dhuma waraabbii keessa gala.

Fkn. "Gowwaan waan ofii jedhe malee kan namaa hinfudhatu" jette Biqileen.

d. Ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa addaan baasa.

Fkn. Yoo sirriitti qo'atte, qabxii gaarii galmeessita.

4. Qoodduu jabaa(,)

a. Hima guutuu lama gidduu galee bakka tuqaa bu'a. Fkn. Barsiisaan nibarsiisa; barataan ni barata.

b. Maqaa godinaafi aanaa magaalaa isaarraa biyyaa adda baasa

Fkn. Magaalotan hedduu jaalladhu keessaa: Wallagga Bahaa;

Naqamte, Shawaa Lixaa; Amboo fa'a.

5. Gaaffii (?)

a. Mallattoon gaaffii dhuma hima gaaffii gala.

Fkn. Kaleessa maalif hafte?

b. Yaada dhugummaa isaa itti hin amanne tokko agarsiisa.

Fkn. Jeneraal Taaddasaa Birruun bara 1913? dhalate.

6. Mallattoo raajeffannoo (!)

Mallattoon kun dhuma hima raajeffannoofi jechoota yeroo dubbatan gadda, naasuuu, tuffii, dinqisiifannaa, ajaja, diniina agarsiisuuf gala.

Fkn. Maali intalli akkana bareeddu! Dinqisiifannaa

7. Mallattoo Waraabbii Qeenxee (‘ ’)

Mallattoon waraabbii qeenxee faayidaalee armaan gadii qaba.

- Barreeffama keessatti jechi afaan ittiin barreeffamaa jiruun ala ta’e, mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.
 - Waraabbiin waraabbii keessaa, mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.
- Fkn. “Fiilmiin ani baayyee dinqisiifadhu ‘Eelaa’ dha.” Jette Marartuun

8. Mallattoo Waraabbii Dachaa (“ ”)

Mallaattoon waraabbii dachaa faayidaalee armaan gadii qaba.

- Waan namni tokko kallattumaan dubbate, akkuma jirutti waraabuuf.
- Fkn, “Har’a qorumsa Afaan Oromoon qaba.” jedhe Olbaanaan.
- Mata dureewwan kitaabaa, asoosama gabaabaa, walaloo, diraamaa, barruufi kkf agarsiisa. Fkn: a. Diraamaa “Hiree” jedhu ilaaltee?
 - Jechi waa’een isaa dubbatamaa jiru, mallattoo waraabbii dachaa keessa gala.

Fkn: Barsiisaan Lammummaafi Amala Gaarii waa’ee “Malaammaltummaa” nubarsiise.

- Yaada itti hinamanne, mallattoo kana keessa galchina.

Fkn. Namoonni tokko tokko, “Sobanii nama amansiisuu” akka beekumsaatti fudhatu.

9. Sarara Xiqqaa (-)

Sararri xiqqaan barreeffama keessatti faayidaalee armaan gadii qaba.

- Jechoota lama ykn lamaa ol akka qaama tokkootti dhaabbachuun maqaa ta’an walitti hidhuuf.

Fkn. • mata-duree

- Yeroo barreessinu, dhuma sararaarratti jecha tokko adda hiruuf. Jechi tokko kan adda bahuu/hiramu qabu birsagarratti.

Fkf. jechi ‘tokko’ jedhu birsaga lama qaba (tok-ko).

c. Lakkoofsa qubeen barreeffame kan jecha tokkoo ol qabu adda baasuuf.
Fkn. Shantamii-lama, torbaatamii-torba

10. Sarara dheeraa ()

Sararri dheeraan callisa (boqonnaa)qoodduurra dheeratu, garuu tuqaarra gabaabbatu bakka bu'a. Yaada walitti fufiinsa qabu keessaa yaada biraa yoo galchinu, yaadicha addaa san adda baasuuf fayyada.

Fkn.Obboleessi Tolaa, Fufaan _amma biyya alaa jiru_goota beekamaa ture.

11. Tuttuqaa (fuftuu) (...)

Tuttuqaan, jalqaba himaarratti, hima gidduutti ykn dhuma himaarratti yaadni hafuu agarsiisa.

Fkn. "Kunoo har'a Rabbi"

Yaadni hafe dhuma himaarratti yoo ta'e, tuqaan afur ta'a. Inni dhumaa tuqaadhuma himaa agarsiisu.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Glgala 8: Shaakala Hiika Jechoota

A. Hiika jechamootaarmaan gadiitti dhiyaatan barreessii deebisi!

1. Aadaa keenya **dagachuun** nurra hinjiraatu.
2. Jireenyaan muka irraa lafa **dhaha**.
3. Kennasaan midhaan **tume**.
4. Caffeen seera **tume**.
5. Daadhiin farda hidhaarraa **hiike**.
6. Gammadaan Afaan Ingilizii **hiike**.
7. Caaltuun abbaa isheetti **baate**.
8. Qananiin barumsaan tokkoffaa **baate**.
9. **Bal'ina** mana hiriya kootii baay'een ajaa'ibsiifadha
10. Rakkinaafi **bal'ina** keessa jiraatu abbumatu beeka.

B. Jechoota armaan gaditti dhiyaatan keeyyata itti aanee jiru keessatti bakka lakkoofsaa galchuun sirreessii barreessi!

gaafa	faayidaa
rakkina	ollaa
gahu	saaxliamu
qabeenya	namaan
irratti	issaa

Dhugaatiin alkoolii (1) hinqabu. Sababiin (2) miidhaan nama dhuunfaa irraan (3) hedduudha. Kun immoo isuma qofaa miidha osoo hintaan maatii hiriyaa, ollaafi biyya (4) illee miidhaan geessisu salphaa miti. Fakkeenyaaf, namni (5) dhuge fedhii miira isaa to'achuu waan hindandeenyeef dhukkubaaf (6) danda'a. Machaa'ee galee maatiifi (7) jeequu danda'a. Dabalataanis, (8) wal-lolee, lola sanaanis nama miidha yookiin ofisaa miidhama. Akkasumas (9) ofii qusachuu dhabuudhaan maatii beelaafi (10) irra waan buusuuf dhugaatiin faayidaa hinqabu.

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Hima Dachaa

A. Gaaffilee armaan gadii haala gaafatamteen barreeffamaan deebisi!

- Himni dachaa maali?
- Qananiisaan konkolaataa bitate; Qajeelaan garuu mana hinqabu.
Kan jedhu ergaa meeqa dabarsa?
- Hima dacha keessatti mathimni cimdii ta'uu danda'aa?

B. Himoota gaditti dhiyaatan keessaa gochima isaanii adda baasii barreessi!

- Kaayyoon keenya galma ga'uuf jira; kanaafuu, cimnee hojjechuu qabna.
 - 1.1. _____
 - 1.2. _____
- Mooneerraafi Ejersoon gabaa deeman; Kennaan garuu mana jirti.
 - 2.1. _____
 - 2.2. _____

3. Jabeessaan Booranatti dhalate; Leelliseen immoo Wallaggatti dhalatte.

3.1. _____

3.2. _____

C. Himoota dachaa shan barreessi.

1. _____

2. _____

3. _____

4. _____

5. _____

Yaadannoo Hima Dachaa

- ☛ Himni dachaa gochimoota /ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol of keessaa qabaatee yaada lama yookan isaa ol dabarsuu danda'udha.

Fak. . Tolaan mana yaalaa deemee deebi'e.

BOQONNAA SAGAL

JAALALA BIYYAA

Kaayyoo : Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachaa haala qabatamaa keetiin walitti fidda.
- Hiriyootee kee kanneen biroo wajjin qabiyyee siif kenname tokkorratti walii galta.
- Yaada murtaa'aa ta'e argachuun muldhista.
- Ergaa fakkiwwanii dabarsu barreessita.
- Jechoota baramoo hintaaneef hiika galumsaa kennita.
- Himoota xaxamoo barreessita.

Barannoo Tokko : Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Dubbisa dhiyaate osoo dhaggeeffatiin dura gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa!

1. Jaalala biyyaa jechuun maal jechuudha?
2. Jaalalli biyyaa maaliin ibsama?
3. Seenaa biyya keenyaa keessaa maal beektu?
4. Sirna kolonii jechuun maal jechuudha?

B. Jechoota asiin gadii dubbisa keessaa bahan osoo hindubbisiin hiika isaanii tilmaamuun deebisi!

- Kolonii
- Dachii
- Injifannoo
- Carraaqqii
- Murteessaa
- bilisummaa
- garbummaa

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa guuti!

- Itoophiyaan _____ argama sabootaa, sablammootaafi uummattoota hedduuti.
- Dhaloonni miira jaalala biyyaatiin gonfame immoo _____ biyyaa eegsisu.
- Bara 1896 ALA humni Xaaliyaanii _____ weerartee koloneeffachuun gabroomfachuuf lola bante.
- Xaaliyaaniin _____ biyya keenyaatiin haala keessa deebii hinqabneen injifatamteetti
- Injifannoon Adwaa injifanno humni _____ warra adii guutumaan guututti itti cabee fi barbadaa'edha.
- Injifannoon Adwaa taatee haala _____ jijjiiredha.
- Itoophiyummaa kan hunda keenya dhaalchise injifannoo _____ keenya Adwaa irratti galmeessanidha.

B. Dubbisa irratti hundaa’ii himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an

‘Dhugaa,” yoo dogoggora ta’an immoo ‘Soba” jedhii deebisi!

1. Seenaan biyyi keenya ittiin beekamtu keessaa tokko Adwaadha.
2. Injifannoon Adawaa taatee haala adunyaa kan jijjiiredha.
3. Adwaan lammii biyya keenyaa hundaaf miira biyyoomaafi waloomaa uumuu keessatti gahee guddaa qaba.
4. Lola Adwaa irratti Itoophiyaan xaaliyaaniidhaan injifatamte.
5. Dhaloonni miira jaalala biyyaatiin gonfame birmadummaa biyyaa eegsisu.

C. Jechoota roga ‘A’ jalatti kennaman hiikaa isaanii roga ‘B’ jalaa barbaadii walitti firoomsii!

A

1. Fedhii
2. Daangesse
3. Jijjiire
4. Mudate
5. Sababa
6. Birmadummaa
7. Hedduu
8. Banachuu
9. Guutummaan
10. Ardii

B

- A. ka’umsa
- B. lafa
- C. saaqqachuu
- D. dimshaashaan
- E. hawwii
- F. ittise
- G. geeddare
- H. walabummaa
- I. danuu/baay’ee
- J. irra ga’e
- K. lammii
- L. jijjiira

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun gaaffilee itti aanan deebisi!

1. Dhaloonni si’anaa injifannoo Adwaa irraa maal hubata?
2. Injifannoon Adwaa injifannoo lammii Itoophiyaati kan jedhamuuf maaliifi?
3. Wantoota jaalalli biyyaa ittiin ibsamuu danda’u barreessi.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu**Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa****A. Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan kanaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa!**

1. Namoota beekamoo naannoo keessanitti argaman maqaa isaanii himaa. Maaliin beekamu?
2. Gootota biyya keenyaa eenyu fa'aa beektu?
3. Namni tokko goota kan jedhamu yoo maal hojjetedha?
4. Seenaa jireenyaa jechuun maal jechuudha?
5. Suurri itti aanee jiru kan eenyuu isinitti fakkaata

**B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami!**

- c. miliquu
- d. gurmeessuu
- e. ruhii
- f. carraaquu
- g. injifachuu

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!

1. Koloneel Abdiisaa Aagaa eessatti dhalate?
2. Abdiisaa Aagaa leenjii waraanaa eessatti fudhate? Bara kami?
3. Mana hidhaa biyya Xaaliyaanii keessatti Michuun Abdiisaa eenyu ture?
4. Koloneel Abdiisaa Aagaa bara kam boqote?
5. Namni Abdiisaa badhaase himannaa jalaa akka ba'u tumse lammii biyya eessaati?
6. Yeroo Abdiisaan leenjii waraanaa xumure Itoophiyaatti maaltu uumame?
7. Namoota Abdiisaa wajjin leenji'anii Moqaadishootti hidhaman keessaa kan ajjeefaman meeqa turan?
8. Waraanni Abdiisaan yeroo jalqabaaf irratti hirmaate maal jedhama?

B. Himoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif yaada sirrii ta'an

'Dhugaa' kan sirrii hintaane immoo 'Soba' jechuun deebisi!

1. Koloneel Abdiisaa Aagaa bara 1918 mana barumsa waraanaa Hoolotaa Gannat seene.
2. Abbaan Abdiisaa namoota Xaaliyaaniin adabbii du'aatiin ajjeeste keessaa isa tokkodha.
3. Abdiisaan yeroo jalqabaa Xaaliyaaniidhaan kan qabame Wallaggatti.
4. Namoonni Abdiisaa waliin biyya Xaaliyaaniitti hidhaman lammii biyyoota garaagaraati.
5. Goonni maqaan isaa seenaa kana keessatti kaafame Agarii Tulluuti.

Koloneel Abdiisaa Aagaa

Abdiisaa Aagaa Oromiyaa dhihaa Najjootti Waxabajjii 2, bara 1911 A.L.H. dhalate. Bara 1918 mana barumsaa Aabbaa Gabra Maariyaam seenee, afaan Amaaraa dubbachuu, dubbisuufi barreessuu barate. Bara 1920 Mana Barnootaa Misiyoonii Najjootti afaan Ingilizii akka barate seenaan nihiima. Umuriin isaa waggaa 14 yemmuu guute bara 1925tti mana barnootaa waraanaa Hoolotaa Gannatii seene. Leenjii waraanaa xumuree ajajaa 10n ta'ee akkuma eebbifameen bara 1928tti Xaaliyaaniin Itoophiyaa weerarte. Dargaggoota leenjii waraanaa Hoolotaa Gannattitti fudhataan wajjin diina Wallaggaan qabate barbadeessuuf gara Wallaggaatti duule. Wallagga keessatti iddoo adda addaa waraana diinaa irratti miidhaa guddaa geessisan. Dhuma irratti garuu, hiriyyoota isaa kan du'a irraa hafan soddoma wajjin Xaaliyaanotaan qabamee Jimmatti hidhame. Ji'a tokko booda Finfinneetti jijjiiramanii hidhaman.

Ji'a lamaaf kan hiikaman ta'us, Abdiisaan Gurraandhala 29, 1929 A.L.H.tti Sababa Giraaziyaaniitti dhukaafamee madaa'eef namoota hedduu wajjin qabamee karaa Misiwwaatiin magaalaa Moqaadishoo geeffamanii hidhamani. Loltoota Hoolotaa Gannatii irraa Abdiisaa wajjin eebbifamanii Moqaadishootti hidhaman keessaa nama 18 erga ajjeesanii booda, namoota hafan 30 biyya Xaaliyaanii geessanii mana hidhaa Odola Sisilii keessatti argamutti hidhame. Xaaliyaanii keessattis Abdiisaan namoota Itoophiyaa, Ingilizii, alattis Kaappiteen Juuliyoo, goota Yugoziilaaviyaan waliin wal bare.

Mana hidhaatti Abdiisaafi Kaappiteen Juuliyoon michuu ta'an. Waliinis mana hidhaa keessaa badanii miliqan. Isaan waliin hidhamtoota kudhanii ol ta'an fudhatanii bahuun bosonatti galan. Guyyaa muraasa booda mana hidhaa sana gaggeessummaa Abdiisaatiin halkan deebi'anii Abdiisaan eegdota mana hidhaa sana hudhee ajjeese. Itti aansuun Juuliyoo wajjin uffata eegdota mana hidhaa fudhatanii uffatan.

Meeshaa waraanaa eegdota sanaas qabatanii eegduu mana hidhaa sana fakkaachuun karrarra dhaabbachuu jalqaban. Abdiisaafi Juuliyoon buufata sana keessa seenuun qondaaltota buufata sana keessa jiran waliin walwaraanuun meeshaaleefi rasaasa saamanii, konkolaataa meeshaa waraanaa fe'an booji'anii gara bosonaatti deebi'an. Gammoojjiifi bosona biyya Xaaliyaaniitti galanii lammii Xaaliyaanii bakka argame hundatti waraanaa turaniifi magaalaa adda addaa keessatti namoota mana hidhaa jiran hidhaa irraa akka gad lakkisiisanii bilisa baasan. Haaluma kanaan, hidhamtoota baasuun mana kuusaa mootummaa cabsuufi barbadeessuu itti fufuun lakkoofsi garee isaaniis guddachaa deemuun waraana ta'e. Gareen kunis Abdiisaa gaggeessaa godhachuun filatee sadarkaa meejarii isaaf kenne.

Xaaliyaanonni Abdiisaa baayyee sodaatu turan. Sodaa kanatti fayyadamuudhaan saamtonni xaaliyaanii fuula isaanii waan gurraacha dibachuun Abdiisaa fakkaachuun baankiifi manneen namootaa saamuu jalqaban. Abdiisaanis jarreen hojii hamaa akkasii kanaan maqaa isaa xureessan kana qabee ajjeesaa ture.

Mootummaan faashistii xaaliyaanis waraana isaanirratti bane Abdiisaa qabuuf yaalii guddaa taasisus garuu hindandeenye. Kun ta'uu dinnaan aangoo guddaa siif kennina jechuun garee isaanitti akka dabalamuuf yaalanis inni garuu hinfudhanne. Boodarra waraanni addunyaa lammaffaa humna Allaayidii Biriiteen, USA, Firansiifi Raashiyaan meejer Abdiisaa, Kaappiteen Juuliyoo garee isaaniitiif beekkamtii kennuun meeshaa waraanaafi gargaarsa kan biraa dhiyeessufii eegalan. Meejer Abdiisaan waraana Paartiisaanotaa kan addunyaa, kan Ameerikaanotaa, Faransaayotaa, Ingilizootaa Itoophiyaanotaa of keessaa qabu akka geggeessuuf filatame.

Dhuma waraana addunyaa lammaffaa irrattis warri Biriitish, Kanaadaafi Ameerikaa aangoo guddaa akka isaaf kennan itti himuun akka loltuu isaaniitti dabalamu gaafatan. Inni garuu, gara biyyaatti deebi'uu akka barbaadu itti himuun dide. Deebiin isaa warra Allaayidii waan aarseef yeroo Xaaliyaanotaan lolaa turtetti 'biyya barbadeessite' jechuun himata irratti banani. Warri Firaansi, Biriitish, Ameerikaafi hanga tokko Raashiyaan haala kanaan isa balaaleffatanii himannaa irratti banan. Haata'u malee, akka carraa ta'ee Jeneraalli Biriitish kan duraan badhaasa Abdiisaaf kennee beeku tokko akka Abdiisaan gadhiifamuuf tattaafachuun hidhaa isaa gara adabbii qarshiitti jijjiirsisee qarshii kanas Abdiisaafi mootummaan Biriitish kaffaluun Abdiisaan gadhiifame. Abdiisaa Aagaa, waraana biyya gamtoomanii wajjin ta'uun mootummaan faashistii Hiitilariifi Mosoloonii akka barbadaa'ee kufu taasisuu keessatti seenaa Abdiisaa keessatti hinirranfatamne maqaa isaatiifi maqaa biyya isaatiin galmeessisee jira. Dhuma irratti, gootichi Oromoofi leenci Itoophiyaa fakkiin Afriikaafi Adduunyaa Leetenaal Abdiisaa Aagaa Waxabajjii 3, bara 1970 addunyaa kana irraa boqote. Maddi: Kitaaba Seenaafi Qabsoo Oromootaa Muhaammad Sayidiin bara 2009 maxxanfame.

C. Jechootni armaan gadii dubbisa keessaa bahanii roga 'A' jalatti eeraman hiika faallaa isaanii roga 'B' jalatti kennaman waliin walitti firoomsi!

A

1. Eebbifamuu
2. Hidhamuu
3. Muraasa
4. Miliquu
5. Guddaa

B

- A. qabamuu
- B. balleessuu
- C. xiqqaa
- D. danuu
- E. keessa

- | | |
|-----------------|------------------|
| 6. Gurmeessuu | F. hiikamuu |
| 7. Diina | G. bona |
| 8. Barbadeessuu | H. bittinneessuu |
| 9. Gannaa | I. abaaramuu |
| 10. Ala | J. fira |
| | K. seenuu |
| | L. hirmaachuu |

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Dubbisa irratti hundaa’uun himoota armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhu!

1. Jechi keeyyata tokkoffaa keessatti sababa jedhu maal bakka bu’a?
2. Sababni Xaaliyaaniin Itoophiyaa weerarteef maali?
3. Dubbisa kana irraa maal baratte?
4. Ergaan waliigalaa dubbisa kanaa maali?

Barannoo Sadii: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7: Jechoota hiika walfakkaatan qaban.

A. Jechoota armaan gaditti dhiyaataniif hiika isaanii filannoo kennaman keessaa filachuun deebisi!

1. Qarshii

A. qabeenya	B. Maallaqa
C. Galii	D. Soorressa
2. Injifachuu

A. mo’achuu	B. miliquu
C. sodaachuu	D. fiiguu
3. Kabajuu

A. salphisuu	B. abaaruu
C. ulfeessuu	D. sodaachuu

4. Carraaquu

A. jarjaruu

B. sardamuu

C. muddamuu

D. tattaafachuu

5. Barbadeessuu

A. balleessuu

B. miidhagsuu

C. tolchuu

D. hawwisiisuu

B. Jechoota roga ‘A’ jalatti tarreeffamaniif hiika isaanii roga ‘B’ jalatti kenname waliin walitti firoomsi!

A

1. Naanna’ee

2. Gammoojjii

3. Gahee

4. Tasa

5. Muddamuu

6. Dhuma

7. Jijjiiruu

8. Ajjeesuu

9. Cabsuu

10. Hidhamtoota

B

A. sardamuu

B. xumura

C. lubbuu baasuu

D. addaan kutuu

E. qooda

F. marsee

G. geeddaruu

H. to’atamtoota

I. walfakkeessuu

J. iddoo ho’a qabu

K. bu’aa

L. osoo hinyaadiin

C. Jechoota armaan gaditti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guuti!

Seeraa

bosona

gurmeessuu

buufata

qooda

saamuun Seenaa

guddaa namoota

jaalala meeshaa

filatee

1. Leenci bineensota _____ keessatti galan keessaa isa tokko.
2. Namoota walitti _____n hojii hojjechuun bu'aa guddaa qaba.
3. Kitaabni _____ barnootaa keessaa isa tokko.
4. Ijoolleen marii maatii irratti _____ fudhachuu qabu.
5. _____ barreessanii kaa'uun dhaloota boruutiif barumsa ta'a.
6. Qabeenya namaa _____ seeraan nama gaafachiisa.
7. Gammachuun _____ fayyaa keessaa hojeta.
8. Namni yakka dalage to'annoo _____ jala oolee gaafatamuu qaba.
9. Namoonni _____ biyyaa qaban hanga lubbuu isaaniitti gumaachu.
10. Obsaan rifeensa isaa _____ mana barumsaa deeme.

D. Jechoota himoota armaan gadii keessaatti gurraacha'anii

barreeffamaniif hiika kan ta'u filadhu!

1. Namoota biyyasaaniif **wareegaman** keessaa tokko koloneel Abdiisaa Agaati.

A. Ergamaa ta'an	C. Hoogganaa ta'an
B. fakkeenya ta'an	D. aarsaa ta'an
2. Jaalalli biyyaa wantoota adda addaa of keessatti **hammata**.

A. qabata	C. guddata
B. horata	D. babal'ata
3. Dhalli namaa jireenya isaa fooyyeffachuuf hedduu **dhama'a**.

A. dharra'a	C. dhibaa'a
B. roora'a	D. ifaaja
4. Goonni daangaa biyya isaa **eeggata**.

A. tifikata	C. dhuunfata
B. weerara	D. gana
5. Biyya keenyaan **faarsuu** qabna.

A. abaaruu	C. mararfachuu
B. komachuu	D. baqachuu

E. Yaada mammaaksota armaan gadii xumuruun agrsiisi!

1. Ol kaa'an malee _____
2. Abbaan daadhii dhugeef _____
3. Waraabessi guyyaa yuuse _____
4. Osoo beeknu huubaa waliin _____
5. Kan warrana jedheefi kan barana jedhe _____
6. Galgalli harree kan _____
7. Kan sangaan iyyuu malee _____
8. Kan warri waarii jedhu _____
9. Baddu baddi malee saree _____
10. yoo abbaan iyye _____
11. Yoo na nyaatte na nyaadhu malee _____
12. Affeela oolan _____

F. Bineensotaafi allaattiiwwan gaditti tarreeffaman sagalee isaan dhageessisan barreessi!

Fakkeenya, Sareen nidutti

1. Booyyeen _____
2. Leenci _____
3. Waraabessi _____
4. Qeerransi _____
5. Jaldeessi _____
6. Weenniin _____
7. Qamaleen _____
8. Simbirroon _____
9. Lukkuu kormaan _____
10. Lukkuu dhaltuun _____

G. Gaaffiiwwan kanaan gadii haala gaafatamteen deebisi!

1. Looniif gaana yoo jenne: A.gaalaaf _____
B. Sareef _____
2. Re'ee dhala hineegalleen goromtii yoo jenne:
A. lukkuu hanqaaquu hineegaliiniin _____
B. Nama hindahiiniin _____
3. Ilmoo sa'aaf jabbii yoo jenne: A. ilmoo namaatiif _____
4. Harkaaf gumee yoo jenne: A. qubaaf _____
B. Mormaaf, _____
C. Gurraaf _____

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 8: Shaakala barreessuu



A. Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii kee barreeffamaan kenni!

1. Fakkii armaan olii irraa waan hubatte keeyyata tokko barreessii dareef dhiyeessi.
2. Waa'ee injifannoo Adawaa keeyyata sadiin barreessii dhiyeessi.

B. Gootota maqaan isaanii gaditti caqafame irratti hundaa'uun keeyyata tokko barreessi!

1. Goota Gabayyoo Gurmuu
2. Magarsaa Badhaasaa/ Abuuna Pheexiroos

Barannoo Shan: Caasluga**Gilgaala 9: shaakala Hima Xaxamaa**

Hima xaxamaa jechuun hima ciroo ofdanda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa olirraa ijaaramuu danda'udha.

Fakkeenyaaf, Yemmuu deemtus, yemmuu galtus, waan dhukkubsatteef, nutti goruu hindandeenye.

Yemmuu mana barumsaa deemu, nawaami.

A. Ciroowwan hirkataa himoota armaan gadii keessa jiran addaan baasii barreessi!

1. Yoo seeraan nama dhaggeeffachuu baatte, namaan walii hingaltu.

2. Ganamaafi galgala yoo hojjette, rakkina injifatta.

3. Maalummaa kee waan hinbeekneef, amantaa sirraa hinqabu

4. Yoo sooromtes, yoo hiyyoomtes gorsa maatii kee hindagatiin.

5. Amma feete barattes, amma feete daldaltes, daba irraa of hinqusanne taanaan gatii hinqabdu.

B. Ciroowwan of danda'aa himoota armaan olii keessa jiran addaan baasii barreessi!

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

C. Himoota xaxamaa ta'an saddeet barreessi!

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____

BOQONNAA KUDHAN

AF-WALALOO

Kaayyoo : Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun ergaa isaa nihiikta.
- Af walaloo walfakkaatu himta.
- Walaloo haala sirriidhaan dubbista.
- Af walaloo walfakkaatu barreessita.
- Jechoota malleen dubbii ibsita.
- Walqabsiistota barreeffama keessatti gargaaramta.

Barannoo Tokko : Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Dubbisa siif dubbifamu osoo hindhaggeeffatiin gaaffiiwwan armaan gadii afaaniin deebisi!

1. Af-walaloon walaloon dhiyaatu kam fa'a?
2. Af-walaloo eenyutu kalaqa?
3. Af-walaloon afaaniin moo barreeffamaan dhiyaata? Maaliif?

B. Jechoota asiin gadii dubbisa keessaa bahan osoo hindubbisiin hiika isaanii tilmaamuun deebisi!

- | | |
|------------|-----------|
| a. Kottee | c. galuun |
| b. gaarree | d. burree |

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa isiniif dubbifamu dhaggeeffachaa himoota armaan gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo dogoggora ta'an immoo 'Soba' jechuun deebisaa!

1. Faayidaan loon irraa argamu xiqqaadha.
2. Akka walaloo kanaatti namni horii hore gaarummaa qaba.
3. Akka faaruu walaloo kanaatti siiniin eegee loonii irraa hojjetama.
4. Itilleen gogaa loonii irraa hojjetama.
5. Akka walaloo kanaatti, saawwan malee sangaan faayidaa hinqabu.

B. Jechoota armaan gadii hiika isaanii tilmaami!

1. Daaraa _____
2. Gatuu _____
3. Quummoo _____
4. Qottuu _____

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi!

1. Walaloo keessatti yeedaloon akkamitti uumama?
2. Walaloo akkamiitu afwalaloo jalatti ramadama?
3. Walaloo faaruu loonii ibsu buufata sadii qabu barreessi.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gadii osoo hindubbisiin, gaaffiiwwan kennaman afaaniindeebisi!

1. Fakkii kenname irraa maal hubatta?
2. Dubbisicha keessatti waa'ee weedduu jaalalaa maaltu ibsama jettee yaadda?
3. Malli dubbii maali?
4. Faayidaan malleen dubbii maali?

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami!

- a. gaachana
- b. danqaraa
- c. Sakaallaa
- d. Yaadachuu



Weedduu Jaalalaa

Weedduun jaalalaa akaakuuwwan af-walaloo dhiyaatan keessaa tokkodha. Namoonni wal jaallatan fedhii, hawwii, miira isaanii bifa weedduutiin waliif ibsu. Weedduun kun jechoota filatamoofi gaggabaaboon qindaa'ee bifa walaloon kan dhiyaatudha. Weedduun haala kanaan uumame kunis suutuma suuta qabeenya hawaasaa ta'uun dhaloota irraa dhalootatti afaaniin daddarbaa kan deemudha. Weedduun jaalalaa yeroo baay'ee dargaggeeyyiin weeddifama. Kan weeddifamus bakka horii eegan, bishaan waraaban ta'uu danda'a. Dargaggeeyyiin weedduu karaa kanaan fuulaa fuulatti dhoksaa tokko malee jibba, jaalala, komee, dinqisiifannaafi wanta jaalala isaanii irratti gufuu ta'a jedhanii yaadan ittiin ibsatu. Kanas, weedduu jaalalaa armaan gaditti dhiyaate akka fakkeenyaatti fudhachuun ilaaluunni danda'ama.

1. Kurree kurree ballaa raachaa
Anshooshillaan kun adiidha
Turee tureet na maraacha
Ijoollummaan kun badiidha.
2. Gaachanni gaachana hincaalu
Caalekaa gaachanni booyyee
Jaalalli jaalala hincaalu
Caalekaa jaalalli ijoollee
Ijoollummaan kun badiidha
3. Yaa Giddiittuu Bayyanaa
Dura loon yaasi malee
An sin dhiisu baranaa
Du'a koo taati malee
4. Roobi roobi yaa gannaa
Taltallee waraabbanaa
Boo'i boo'i yaa garaa
Takkallee wal yaadannaa
5. Yoon qotee yoon tattaraare
Maaltu na dhowwa baddaakoo
Yoon boo'e yoon mankaraare
Maaltu na dhowwa garaakoo
6. Bakkanniisa reebanii
Danqaraan ulaa cabee
Marsanii na eeganii
An karaan dhufun dhabee

7. Daalachi booqaa dhalee

Migiraan sakaalanii

Jaalalli qoosaa ta'ee

Sibiraa nawaamanii.

8. Ijji harbuu lama cabee

Gufuu lafa baaqelaa

Sitti erguuf naman dhabee

Dhufuuf namatu waa jedhaa.

9. Abasuunni kee latee

Buna keet marii hinqabnee

Maaf afuurri kee bade

Qaama kee barii hinqabnee.

10. Raadi adiin baddee

Tan warra qaalluu

Lafti anaan martee

Yaa magaala kaarruu.

11. Sololiyaan dhaltee

Warra kee jalattii

Gorora naaf ergii

Malakkee lamattii.

12. Yaa allaattii akka risaa

Durattoo dhiigan hindhugnee

Amma maafan hindhugnee?

Yaa maraachituu intalaa

Durattoo fiigaa dhuftaa

Amma maaf fiigaa hindhufnee?

13. Yaa Okkotee naa danfii

Hamuman daakeen marqaa

Yaa tulluu gadi naa jedhii

Namuman yaaden argaa

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Himoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif yaada sirrii ta'aniin 'Dhugaa' kan sirrii hintaane immoo 'Soba' jedhii deebisi!

1. Dhumni sarara walaloo sagalee walfakkaatuun yoo xumurame yeedaloo uuma.
2. Afwalaloon jechoota, gaaleewwaniifi himoota gaggabaaboo yaada bal'aa dabarsan irraa ijaaramu.
3. Afwalaloon afaaniin kan dhiyaatuufi bal'inaan hawaasa keessatti kan tajaajila kennudha.
4. Walaloo kana keessatti buufanni kurnaffaan waa'ee fageenya karaa ibsa.
5. Walalichi buufata kudhalamaafi bo'oo afurtama qaba.
6. Weedduun jaalalaa yeroo baay'ee dargaggeeyyiin weeddifama.

B. Gaaleewwan walaloo dubbisa keessaa ba'an kanneen armaan gadiitiif hiika galumsaa barreessi!

1. Tan warra qaalluu_____
2. Yaa magaala kaarruu_____
3. Jaalalli qoosaa ta'ee_____
4. Sibiraa nawaamanii_____

C. Af-walaloo armaan gadii irratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan hojjedhu!

“ Yoon qotee yoon tattaraare
Maaltu na dhowwa baddaakoo
Yoon booe yoon mankaraare
Maaltu na dhowwa garaakoo”

1. Walalichi bo'oo meeqa qaba?
2. Walalicha keessatti unata kan mul'isu kami?
3. Walaloon kun safara qaba? Yoo qabaate birsaga meeqa meeqaan walmadaala?

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Weedduu jaalalaa dhiyaate irratti hundaa’uun gaaffiiwwan armaan gadii barreeffamaan deebisi!

1. Yaanni walaloo keeyyata 1ffaa keessatti ibsame maali?
2. Walaloon keeyyata 6ffaa maal ibsa?
3. Yaanni walaloo keeyyata 12ffaa irratti dhiyaate maal ibsa?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala barreessuu

A. Matadureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun walaloo barreessi!

- a. Faaruu gootaa
- b. Geerarsa
- c. Weedduu jaalalaa

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Jechoota hiika walfakkaatan qaban

A. Jechoota kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti!

kaaruu	weedduu
baaqqee	sakaaluu gosa
gorora	
gufuun	danqaraan gatiin
magaala	
maraachaa	

1. Magarsaan_____ jaalalaa baay’ee beeka.Kanaaf,namni qorannoo geggeessuu barbaade isa gaafachuu danda’a.
2. Gaangeen kun fagaattee akka hindeemneef_____qabna.
3. Aadde Sorseen nama_____liqimsitedha.
4. Abasuunni _____urgooftuti.

5. Warri obbo Bulaa_____karra cufatu.
6. Bara kana _____bunaa baay'ee olka'e.
7. Ilkaan Boontuu_____dha.
8. Qajeelaa_____miila rukute.
9. Oljirraan jibicha_____bite.
10. Maaltu akkas nama_____?

B. Jechoota roga 'A' jalatti kennamaniif hiika galumsaa isaanii roga 'B'jalaa barbaadii walitti firoomsi!

A

1. ulaa
2. sinsinnii
3. migira
4. danqaraa
5. iddoo
6. ganama
7. qoosaa
8. sakaalanii
9. gatii
10. tattaraaree

B

- A. babbaqaqsee
- B. bakka
- C. barii
- D. Tapha
- E. nuffii
- F. cufaa
- G. wiixaa
- H. hidhanii/xaxanii
- I. wareegama
- J. balbala
- K. ganna
- L. allaattii

C. Malleen dubbii roga 'A' jalaatiif hiika isaanii roga 'B' jalaa filachuun walitti firoomsi. Tokko ol walitti firoomsuun nidanda 'ama!

A

1. Nameessa
2. Iddeessa
3. Akkasaa
4. Arbeessa
5. Eemiti
6. Habalaka

B

- A. faallaadhaan waan tokko ibsuu
- B. garmalee guddisuu ykn kineessuu
- C. amala namaa gonfachiisuu
- D. waan tokkoon wal-bira qabuu
- E. bakka waan tokkoo buusuu
- F. hi'eentaafi eeyyentaan ibsuu

D. Himoota armaan gaditti dhiyaataniif mala dubbii ittiin barreeffaman barreessi!

1. Nama gabaabaan ‘birbirsoo’ jedhanii waamuu.
2. Hawaas guutee sinbirri irra qaxxaamurruu dadhabde.
3. Gurraachinni isaa cilee fakkaata.
4. Akka baran osoo hintaane, akka baraa bulu.
5. Duuti ija baaftte na laalte.
6. Dukkanni na liqimsuuf afaan bane.
7. “Shanis elmamu shantamnis elmamu koo qiraacitti”, jette Adurreen.
8. Qallattee lilmoo taate.
9. Haati bokkaa qacaca; malaan nama quubsiti.
10. Namichichi rirma. Karaa inni nama seenu hinbeekamu

Yaadannoo Afwalaloo

Afwalaloon walaloo afaaniin dhiyaatudha. Kunis, amaloota adda addaa qaba. Afwalaloon damee afoolaa ta’ee kan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti gadda, gammachuu, jaalala, jibba, hawwii, fedhiifi kkf biroo jechoota filatamoofi muraasa ta’anitti fayyadamuun ittiin ibsatudha.

Amaloota Afwalaloo

- Af-walaloon dhaamsawwan afaaniin daddarban kanneen biroo irraa kan adda isa taasisu amaloota adda addaa of keessaa qaba.
 - a. Qusannaa Jechootaa
 - Walaloon jechoota muraasatti fayyadamuudhaan ergaa bal’aa dabarsuu kan danda’u ta’uu agarsiisa.
 - b. Filannoo Jechootaa
 - Jechootni walaloo jechoota hiika kallattiifi alkallattii qabaniin kan faayame/ miidhagaa ta’uu kan agarsiisudha. Jechootni kunneen warreen yaada/miira dhaggeeffataa ofitti harkisuuf humna guddaa qabaniifi dhaamsi isaanis

hubatamuudhaaf dandeettii guddaa barbaadanidha.

c. Walqixxummaa: Baay’inni birsagoota bo’oo/sarara walaloo keessa jiranii walqixa ta’uu kan agarsiisudha. Miidhagina yeedaloof iddoo guddaa qaba.

d. Rukutta Mana : Sagalootni xumura bo’oo walaloo irra jiran kan walfakkaachuu qaban ta’uu kan agarsiisudha.

e. Yeedaloo: Miira dhaggeeffattoota ofitti harkisuudhaaf amala muuziqaa qabaachuu walalichaa kan agarsiisu yoo ta’u, kana qabaachuuf ammoo rukuttaan manaafi walqixxummaan birsagoota bo’oo walaloo keessa jiranii murteessaadha.

f. Suur-sammuu Uumuu: Dhugaan walaloodhaan ibsamu sun bakka bu’aa sirrii qabaachuun kan sammuu dhaggeeffattoota keessatti suuraa kaasuu danda’u ta’uu kan agarsiisudha. Kana gochuuf ammoo filannoo jechootaatti sirnaan fayyadamuun murteessaadha.

Fkn. Gammadaa gindoo galaani

Arba ajjeese bosonuun kee

Kan fooliin shittoo sabaarii

Na ajjeese gojomuun kee

g. Unkaa qabaachuu walaloo: walaloon unkaa mataasaa holooloo irraa adda isa taasisu qabaachuu kan agarsiisuudha. Kun ammoo bo’oofi buufata mataasaa qabaachuun adda ta’a.

h. Toora/bo’oofi buufata mataasaa qabaachuu

➤ Walaloon bifa birsagoonni isaa walmadaalaa ta’een bo’oo bo’oodhaan dhiyaata. Bo’oo bo’oon dhiyachuun isaa’mmoo yeedaloo fi safaramummaasaa eeguuf gargaara. Bo’oon walaloo akkuma hima kamiyyuu qubee guddaan eegala. Kun ta’e garuu, bo’oon walaaloo tokko hima guutuu ta’uu dhiisuu nidanda’a. Fedha barreessaa sanaarratti hundaa’uun sararootni bo’oowwan irratti dhiyaatan yeroo baay’ee seerluga kan hineegne ta’uu nidanda’a.

- Kun kan agarsiisu waloan seerluga cabsuu, jecha ergifachuufi haaraa uumuuf sababa quubsaa bu'uureffachuuf mirga guutuu kan qabu ta'uusaati.
- Walaloan tokko bo'oorraa gara bo'ootti kan tarkaanfataa deemu sagaleewwan dhuma bo'oorra jiran bu'uureffachuuni.

a. Dubbiilee Qolaan Dhiyaachuu

- Dubbiin qolaa gosa afoolaa damee himoota gaggabaaboo/witticism keessaa isa tokko ta'ee karaa ittiin hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti dhaamsawwan hiika dhaanquu qaban ittiin dabarfatu keessaa isa tokkodha. Dubbiwwan qolaa kunneen afoolaa keessatti qofa osoo hintaane ogbarruuwwan sadan asoosama, barwalaloofi diraamaa keessattis mul'achuu nidanda'u.

Malleen Dubbii

1. **Iddeessa:** Jechoota iddoofi isaa jedhamanirraa walitti tisheeffamuun tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessatti waldorgomsiisuuf kan gargaarudha.

Fkn. Oromoon Leenca

Mudhiin ishee mudhii soonsaati

Ilkaan ishee baddeessaadha.

Malli dubbii kun jechoota kanneen akka: amma, fakkaata, caala, gahaafi akka jedhanitti hinfayyadamu malee dorgomsiisaa wantoota lamaati.

2. **Akkasaa:**

Jechoota akka, amma, fakkaata, caala, gaha jedhanitti fayyadamuun wantoota lama kan waldorgomsiisuuf gargaarudha.

Fkn. Akka garaa harki surree hinmuru.

3. **Nameessa:** mala dubbii amala namaa lubbu-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kanneen biroo gonfachiisuun dhiyeessanidha.

Fkn. “Kan garaa malee kan maqaa yoom nu dhibe,” jedhe jedhan waraabessi. “Isa haatikee si gorsite, haati koos na gorsiteetti,” jette jedhan ilmoo hantuutaa ilmoo adurreetiin

4.**Arbeessa:** Mala dubbii waan tokko arbeessuun /kineessuun ittiin dhiyeessanidha.

Arbeessuun tooftaa wanti tokko uumamaan qaburraa olguddisuun dhiyeessuu yoo ta’u, kineessuun ammoo, hanga wanti sun uumamaan qabuura gadi xiqqeessuun mala dubbii ittiin yaada keenya dhiyeessinudha.

Fkn. Mucayyoo qal’oo hanxaxii tokko fuudhe. (kineessuu)

Nama dheeraa waaqa ga’u tokkotu dhufe. (arbeessuu)

5.**Habalaka:** Dhaamsa tokko faallaa isaatti gargaaramuudhaan kan dhiyaatudha. Malli dubbii kun namatti qoosuuf kan dhiyaatudha.

Fkn. Gurbaa faranjii kana (nama gurraachaan)

6.**Eemitii:** Wantoota waliif faallaa ta’an walfaana dhiyeessuun yaada keenya kan ittiin ibsannudha. Fkn. Inni qotaa deega.

7.**Fakkoommii(mallattummaa):** Mala dubbii kan bifiyyee waan tokko irraa dhaabbachuun qabiyyee kan biroo ittin ibsannudha. Kan dhaamsi/wanti tokko mallattoodhaan bakka bu’aa biroo qabu ta’uu agarsi-isa.

Fkn.- Odaa = mallattoo eenyummaa Oromooti.

8.**Hinjirree Dubbisuu:** Malli dubbii kun wantoota deebii nuuf deebisuu hindandeenyeef akka waan deebii nuuf kennuu danda’aniitti waliin haasa’uudha.

Fkn. Yaa dachee nana ati dubbadhu.

Yaa dachee nana maaliif Hacaaluu nyaatte ?

Barannoo shan :Caasluga**Gilgaala 9: Shaakala walqabsiistotaa****A. Gaaffilee gaditti dhiyaatan irratti mar'achuun dareef ibsaa!**

1. Walqabsiistuun maali?
2. Faayidaan walqabsiistuu maali?
3. Gosoonni walqabsiistuu maal fa'i?

B. Walqabsiistota kanneen keessaa filachuun bakka barbaachisutti galchuun bakka duwwaa himoota armaan gadii guutuu taasisi!

Yookiin	akkasumas	fi
malee	akkuma	kanaaf
moo	osoo	kanaafuu
kanaa achii	yoo	haata'umalee

1. Buna_____lallaafaa dhuguu barbaaddaa? Ani garuu shaayiin dhuga.
2. Leensaan baay'ee qayyabatti;_____qabxii gaarii argatte.
3. Soorettiin torbaanitti al-tokko , Wiixata_____Kibxata maatii ishii bira deemti.
4. Badhaasaan sangoota daldaala;_____lafa qota.
5. Siifaan fiigicha_____utaalcha hindandeessu.Osoo utaalcha dandeessee baay'ee nama gammachiisa.
6. Mardaasaan _____abbaa isaa dheeraadha.
7. Mirga namaa hindhiibiin;_____yoomiyyuu hin sodaatiin.
8. Hawwiin barumsa isheetiin qabxii olaanaa galmeessisuuf kutattee kaateetti._____boqonnaa malee qo'atti.
9. _____Qaqqabaan dhufe koottu.
- 10.Boonaa_____Boontuu waamte?

C. Walqabsiistota armaan gaditti fayyadamuun himoota cimdiidhaan

kennaman walqabsiisii barreessi!

Waan...f ta'uyyuu erga
Yoo akkuma osoo

1. Tolashiin ijoollee sadii qofa qabdi

Tolashiin ijoollee ishee jireenya gaarii jiraachisti.

2. Ibsituun baratte.

Ibsituun barsiistuu taate.

3. Kuulaniin ogeessa fayyaa waliin mara'atte.

Kuulaniin daa'ima lama qofa da'uuf murteessite.

4. Kumeen karoora maatii irratti barumsa argatte.

Kumeen walirraa faffageessitee da'uu barbaadde.

5. Barsiisaan daree seene.

Barattoonni barachuu jalqaban.

Yaadannoo Walqabsiisota

Barreeffama tokko keessatti walqabsiisonni , jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, ciroofi ciroo, himaafi hima walqabsiisuuf tajaajilu. Walqabsiisotni qofgaleessaa (ofdanda'aa) fi Walqabsiistuu hirkattuu jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Walqabsiistuu qofgaleessa: warra walqabsiisota muraasa ta'an keessaa muraasni:

ammoo

akkuma

Moo

ta'ullee/illee

yookaan

kanaaf fi

garuu malee

kanamalees

Walqabsiisonni qofagaleessa ta'an hima keessatti jechoota ,gaaleewwan,himoota sadarkaan isaanii tokko ta'e walqabsiisuuf tajaajilu.

1.1 Akaakuu walqabsiisota qofgaleessaa: Walqabsiisota qofgaleessa ta'an tajaajila isaanirratti hunda'uun bakka afuritti qoonna.

1. walqabsiistota gichisiistuu
2. .walqabsiistota filachiistuu
3. .walqabsiistota faallessituufi
4. .walqabsiistota sababaati.

A.Walqabsiisota Gichisiistuu (yaada dabalataa):- Qaamota himaa ykn himootaa humnaan walgitan kan walqabsiisaniidha.

Fkn. Abbaan Boonaa goota. Ilmi isaanii Tulluunis goota.

Haluma Kanaan walqabsiisonni akka: dabalees,akkasumas,fi,kanamaleesfi kkf walqabsiisota gichisiistuu ykn yaada dabalataati.

B. Walqabsiisota Faallessituu: Walqabsiisonni akkanaa kun yaada dhiyaateen mormii qabatee dhiyaata.

Fkn. Dubbichi na amansiisa;haata'u malee dafee mallatteessuu hindanda'u Akkuma fakkeenya armaan oliitti ilaalle walqabsiistuu faallessituu kan jedhaman: garuu,haa ta'u malee,ta'usfi kkf faa'i.

C. Walqabsiistuu filachiistuu: Walqabsiistuun kun yaada lama ta'ee barreeffama keessatti dhiyaate tokko kan filachiisudha.Walqabsiistuu filachiistuu jedhamuun kan beekaman: yookiin,kanaa achi,moo, kanas ta'ee sana,har'as ta'e borus, hamaas ta'ee gaarii,firas ta'ee alagaa kkf.

Fkn. 1. Ishee yookin isa waami .

2.Kanas ta'ee sana mariin gaariidha.

4. Walqabsiistuu sababaa:- Walqabsiistuun wantoota akka sababaafi bu'aatti dhiyaatan walitti hidhuun tajaajila. Isaanis:

Malee kanaaf kanarraan kan ka'e erga
akkas ta'ee kanaaf jecha, kanaaf malee fi kkf

Fkn. A. Waan cimaa ta'eef namni hundi isa jaallata.

B. Yoo akkas ta'ee maaliif dhufteree?

2. Walqabsiistuu Hirkattuu : Walqabsiisonni hirkattuu ta'an

Akkuma erga egaa otoo yoo
osoo waan --- tti akka - tti fi kkf.

Walqabsiisonni hirkattuu ta'an caaseffama hima xaxamaa keessatti ciroo hirkataafi ciroo of danda'a walqabsiisuuf gargaaru.

Fkn. Maallaqa qofaa osoo hintaane deeggarsi yaadaas barbaachisaadha.

Jibsoo

Antima (object):	kan gochaan irratti raawwatamedha.
Caasluga:	Seera qindoomina afaan tokko keessa jirudha.
Dandeettii(capacity):	shaakala walirraa hincinneen osoo hintaane irra caalaa kennaa uumamaatiin kan argamudha.
emiti (paradox):	Yaadota walmorman fakkaatan garuu yommuu sirriitti xiinxalamu kan walhinmormine.
Gaalee (phrase):	wal-hammannaa jechootaa kan hojii tokkoof dhaabbatanidha.
Gochima :	Hima tokko keessatti jecha gocha yookiin taateen ittiin ibsamudha.
Gochima walqabsiituu (linking verb):	Gochima akka walqabsiistuutti fayyadu
Hennaa:	Yeroo itti gochi tokko aantimarratti hin ceesisne.
Hennaa ammeennaa:	Waan yeroo ammaa raawwatu (haala)kan agarsiisuudha.
Hennaa Amsiiqaa:	Gocha yeroo ammaa itti fufiinsaan raawwachaa jiru dha
Hima:	caasaa yoo xiqqaate matimaafi gochima qabudha.
Hima dachaa:	Hima gochima lama walfaana qabu.
Hima Himamsa:	Akaakuu hima kan odeeffannoo dabarsuurratti xiyyeeffatuuf gaaffiifi raajeffannoo hin taanedha.
Hima ijoo:	Hima yaada handhuura keeyyata qabate dha.
Ogummaa(skill):	Shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farda gulufsiisuu) kan gonfatamudha.
Sirrummaan dubbisuu:	Dogiggora malee dubbisuu.
Walqabsiistuu:	Jecha ,ciroo ,hima, keeyyataafi yaada giddutti walta'insa kan uumudha